

Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

Maxxansa Qorannoowwan Bara 2012 Jiildii 4ffaa

Daariktoretii Qorannoofi Qo'annoo

Maxxansa Kana Keessatti Qorannoowwan Hammataman:

- Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodiinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa: Qabatama Mootummaa Naannoo Oromiyaa
- Bulchiinsa Haqa Yakkaa Keessatti Eegumsa Dhibamtoota Sammuu fi Namoota Dhagahuu/Dubbachuu Hin Dandeenyee: Sakatta'a Naannoo Oromiyaa

Maxxansa Qorannoowwan Bara 2012

Waxabajjii 2013

Gulaalaa Maxxansichaa

Tafarii Baqqalaa

Gulaaltota Qorannoowwan Maxxanfamanii

Tasfaayee Booressaa
Addaamuu Dhufeeraa
Tafarii Baqqalaa
Dr. Dajanee Girmaa
Gannaa Ahimmad

Gulaaltuu Barreeffamaafi Dizaayinii
Naahilii Xaafaa
@2013

Gabaajeewwaniifi Kottoonfachiiftota

RDFI	Rippaabilika Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa
Kwt.	Keewwata
GAONF	Godina Addaa Oromiyaa Naannawaa Finfinnee
Kom.	Komaander
AA	Abbaa Alangaa
MM	Mana Murtii
A/A/H/Qo/Y/M/H	Abbaa Adeemsa Hojii Qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa
MHAA	Mana Hojii Abbaa Alangaa
MMO	Mana Murtii Ol'aanaa
Sdfy	Seera Deemsa Falmii Yakkaa
KTAS	Kenninsa Tajaajila Abbaa Seerummaa
MNO	Mootummaa Naannoo Oromiyaa
A/T/E/N/J/Qilleensaa	Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoofi Jijjiirama Qilleensaa
MF	Mootummaa Federaalaa
IMX	Interpiraayizii Maayikiroo Xixiqqaa
ILQSO	Inistiitiyuutii Leenjiifi Qorannoo Seeraa Oromiyaa

BAAFATA FUULA

Ergaa Daarikteera Ol'aanaa Inistiitiyuutichaa ……..…… i-vii

Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa: Qabatama Mootummaa Naannoo Oromiyaa ……..……..……...…1-66
Habtaamuu Bultii
Daagim Oljirraa

BulchiinsaHaqa Yakkaa Keessatti Eegumsa Dhibamtoota Sammuufi Namoota Dhagahuu Hin dandeenye:Sakatta'a Naannoo Oromiyaa.……67-126
Geetaachoo Fayyisaa
Abdusalaam Abbee

Qorannoowwan ILQSO'dhaan bara 2001-2012 Gaggeeffaman.....127-130

Ergaa Daarikteera Ol’aanaa Inistiitiyuutichaa

Inistiitityuutiin Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qo’annoo Seeraa Oromiyaa Dambii lakkoofsa 77/99’tiin yoo hundaa’u, hojiiwwan gurguddoo lama akka hojjetuufi dha.Inni tokko, leenjii itti fufinsaan kennuun ogeessota sirna heeraa fi seeraa kabajuu fi kabachiisuu danda’an baay’inaa fi qulqullinaan horachuu dha. Inni biraa fi maxxansa kanaan walqabatu, rakkoowwan sirnaafi hojimaata haqaa naannicha keessatti mul’atan irratti qo’annoo fi qorannoo gaggeessuun yaada haaraa burqisiisuun fooyya’iinsi sirna haqaa ittii fufiinsaan akka jiraatu taasisu dha.

Haaluma kanaan, Inistiitityuutiin keenya yeroo hundeeffame bara 1999 irraa eegalee rakkoolee ogeessoota qaamolee haqaa biratti gama dandeettii ogummaatiin, naamusaa fi ilaalchaan mul’atan sagantaa leenjii hojiin duraatiin, leenjii hojii irraa yeroo dheeraatiin fi leenjii hojii irraa kan yeroo gabaabaatiin leenjii kennaa ture cinaatti, dhimmoota leenjiin furmaata argachuu hin dandeenyeefi qorannoo barbaadan irratti bara baraan sakkata’a taasisuudhaan mata-dureewwan adda addaa irratti qorannoo taasisuun bu’aa argannoo qorannichaa akka yaada furmaataatti kaa’aman qaamolee qorannicha hojii irra oolchuu danda’anii fi qaamolee hirtaaf gama adda addaatiin beeksifamaa turee jira.

Inistiitiyuutichi erga hundeeffame eegalee hanga ammaatti mata-dureewwan adda addaa **62** irratti qorannoo gaggeessuun yaadota furmaata qorannichaan adda bahan bu’uura qajeelfama qorannoo jiruun erga mirkanaa’aniin booda qaamolee ilaallatuuf akka dhaqqaban taasifamaas turee jira. Qorannoowwan kunniinis kan gaggeeffaman kenninsa tajaajila haqaa jiru bu’a qabeessa taasisuu keessatti qabatamaan gufuu guddaa ta’uun adda bahan irratti yammuu ta’u, bu’aan hojii gama jiru safaramuu ykn ibsamuu kan danda’u argannoowwan qorannoodhaan adda bahan kaa’aman hojii irra ooluun haqa mirkaneessuu

keessatti hawaasa yoo fayyadanidha. Qorannoon gaggeeffamu hojii irra hin oolu yoo ta'e,qorannoo gaggeessuun qofaa isaatti bu'aa akka hin taane beekamaa dha.

Bu'aan qorannoo hojiirra kan oolu qaamolee haqaa biratti waan ta'eef, tumsii fi fedhiin hoggansi qaamoleen haqaa sadarkaa sadarkaan jiru hojimaata mana hojii gaggeessanii bu'aa qorannoo taasifame akka galteetti fayyadamuun dhaabbata gaggeessaa jiran fooyyeessuuf qaban baay'ee murteessaa dha. Keessattuu, karoora waggaa qabamu keessatti qorannoowwan taasifaman mala ittiin hojiirra oolchuu danda'an ilaalchisee qabiyyee karoorichaa gochuun yoo irratti hin hojjatamne bu'aa qorannoo taasifameen mana hojii jijjiiruun sirna ta'ee itti fufuuf rakkisaa ta'a.

Qorannoowwan hanga ammaatti Inistiitiyuutiin gaggeeffaman rakkoolee qaamolee haqaa furuu keessatti gaheen qaban olaanaa akka ta'e xiinxala yeroo adda addaa gageeffamaa tureen gama qaamolee haqaatiin mirkanaa'aa kan jiran yoo ta'ellee, bu'aawwan qorannoodhaan adda bahanii jiran hunda duguuganii hojii irra oolchuu fi hojii irra oolmaa argannoo qorannoo jajjabbeessuu ilaalchisee hanqinoonni bal'aan akka jiran hubachuun danda'amee jira. Kanas sagantaawwan adda addaan hiikuuf yaalamaa kan ture ta'us, hoggansi tarkaanfiiwwan bu'aa qorannoo hojii irra oolchuu keessatti fudhatamuu qaban fudhachuu fi jijjiirama barbaachisaa taasisuu keessatti kutannoo fi kaka'umsi jiru laafaa akka ta'e; xiyyeeffannoo fi hordoffiin jiru hanqina kan qabuu fi qorannoowwan gaggeeffamanis qaama ilaallatuuf sadarkaa barbaadamutti dhaqqabamaa akka hin taane sakkata'iinsa dhiibbaa bu'aan qorannoo Inistitiyuutiin bara 2005 hanga 2009tti gaggeeffaman fide ilaalchisee taasifame irraa hubachuun kan danda'amu dha.

Qaamolee haqaa qorannoowwan waggaa waggaadhaan Inistiitiyuutii kanaan gaggeeffamaniif xiyyeeffannoo kennuun hojii irra oolmaa qorannoo kanneen akka jajjabaatu taasisuu keessattis ta'ee dhimma kallattiin isaan ilaallatu immoo abbummaadhaan fudhachuun hojii irra oolchuu gaheen qaban olaanaa dha. Gama Inistitiyuutiin hanqinoota qulqullina qorannoo mirkaneessuun fi hojii irra oolmaa qorannoo jajjabeessuun walqabatee jiru furuuf irratti hojjatamaa kan jiru yammuu ta'u, qorannoowwan Inistiitiyuutichaan gaggeeffaman keessatti abbootiin hirtaa calqaba qorannoo irraa eegalee hanga hojii irra oolmaa qorannichaatti akka keessatti hirmaataniif sochiin eegalamee jira. Akkasumas, workishooppii qopheessuun bu'aawwan qorannoo kanneenii qaamolee dhimmi ilaallatuuf ifa taasifamaa jira.Dabalataan, fuula marsariitii Inistiitiyuutichaa (www.ilqso.gov.et) irrattis yeroo yeroon, gadhiifamaa turanii jiru.

Haa ta'u malee, tarkaanfiiwwan kanniin fudhachuu qofaan bu'aan qorannoo dhaqqabamaa ta'eera jechuun hin danda'amu. Kanaaf, qorannoowwan waggaa waggaan taasifaman gabaabsuun haala maxxansaaf mijatuun jildeessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef,qorannoowwan bara 2010 taasifaman jaha keessaa afur addatti maxxanfamanii kan jiran akka ta'e ni yaadatama. Qorannoowwan hafan lamaanis akkasuma gabaabbatanii Joornaalii Seeraa Oromiyaa Jildii 8^{ffaa}, Lak.1 irratti maxxanfamanii jiru. Haaluma walfakkaatuun, qorannoowwan bara 2011 keessa Inistiitiyuutii keenyaan gaggeeffaman sadii keessaa qorannoowwan lama gabaabbatanii maxxansa kana keessatti kan hammataman yammuu ta'u, qorannoon tokko hafes Joornaalii Seeraa Oromiyaa Jildii 9^{ffaa}, Lak.1 irratti maxxanfamee jira.

Kaayyoon maxxansa bu'aa qorannoowwan kanaas qorannoowwan Inistiitiyuutichaan taasifaman beeksisuu fi dhaqqabamaa taasisuun hojii irra oolmaa qorannoo jajjabeessuuf waan ta'eef; ogeessonni seeraa qaamolee haqaa naannoo keenyaa, hooggansii fi qaamni sadarkaa sadarkaan jiru hundi

argannoowwan qorannoo kanaa hojii irra akka oolan shoora isaanii akka bahatanii fi darbee dhiibbaas uumuu akka danda'an carraa uumuuf yaadamee ti. Kanaaf, bu'aawwan qorannoo kanneen hojii irra ooluu akkaataa itti danda'an ilaalchisee qaamoleen haqaa karoora waggaa isaanii keessatti haammachisuun mala qorannoon Inistitiyuutii keenyaan gaggeeffaman hojii irra ooluu danda'an irratti gahee keessan akka bahattan abdiin qabu ibsaa; guutuu qorannoowwan kanaa fuula marsariitii Inistiitiyuutii keenya asii olitti ibsame irraa argachuun kan danda'amu ta'uu yaadachisuun fedha.

Dhuma irrattis, milkaa'ina qorannoo kanaaf qaamoleen yaadota qorannaa kanaaf galtee ta'an kennuun deeggarsa taasiftan; akkasumas, haala adda addaatiin gumaacha taasiftan, keessattuu qorattoota Inistiitiyuutii keenyaa fi gulaaltota qorannoowwan kanaa galatoomfachuun barbaada.

Dubbisa Gaarii !!!

Tasfaayee Booressaa
Daarikteera Ol'aanaa Inistiitiyuutichaa
Bitootessa 2013
Adaamaa

Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodiinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa: Qabatama Mootummaa Naannoo Oromiyaa

*Habtaamuu Bultiifi Daagim Oljirraa**

1. Seensa Qorannichaa

1.1. Yaada Ka'umsaa

Sirna mootummaa federaalawaa keessatti yoo xiqqaate mootummaalee lamatu jira: mootummaa federaalaa (giddu-galeessaa) fi mootummaalee naannoo jechuu dha. Aangoon mootummaa, jechuunis aangoon seera tumuu, aangoon seera hiikuu fi aangoon seera raawwachiisuu mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaa naannoo gidduutti heeran adda qoodama.[1]Heerri Ripaabilikawaa Dimokiraatawaa Federaalawaa Itoophiyaa (RDFI) kwt 51-55 keessatti dhimmoota akkamii irratti mootummaan federaalaa fi mootummaaleen naannoo aangoo seera baasuu akka qaban ifatti adda baasee jira. Dhimmoota qoodinsi aangoo Heera RDFI tiin mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo gidduutti qoodame keessaa tokko bulchiinsa qabeenya uumamaati.

Qabeenyi uumamaa qabeenya lafa irratti, lafa jalatti ykn lafa keessatti uumamaan kan jiru dha; albuudotni, bishaan, bosonni, lafti, gaasii uumamaa fi kanneen kana fakkaatan qabeenya uumamaa dha. Bu'uura heera RDFItti aangoon itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenyaa uumamaa irratti seera tumuu mootummaa federaalaatiif kan kenname yoo ta'u, aangoon qabeenya uumamaa bulchuu akka hojjetu qofatti kan aangeffame mootummaa naannoo qabeenyi sun keessatti argamu dha. Seerotni qabeenya uumamaa kan akka qabeenya bishaanii, qabeenya albuudaa fi qabeenya bosonaa irratti mootummaa federaalaatiin

---

* *Lachuu qorattoota seeraa Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qorannoo Seeraa Oromiyaa ti*

[1]Assefa Fiseha, Federalism and the Accommodation of Diversity in Ethiopia, A Comparative Study, 3rd ed., (2010), F 93.

tumamanii jiran aangoo qabeenya uumamaa bulchuu mootummaan naannoo Oromiyaa qabu kan mulquu fi sarbu yoo ta'u, itti-fayyadama, bulchiinsaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa kanneen irratti akkasumas faayidaa mootummaan naannoo Oromiyaa fi uummata naannichaa irratti miidhaa geessisuu irratti argama.[2] Fakkeenyaaf, mootummaa federaalaatiin labsiileen labsaman, labsiin bulchiinsaa fi itti-fayyadama qabeenya bishaanii lak 197/92 fi labsiin hundeeffama manneen maree fi abbootii taayita sulula laggeenii lak 534/99 qoodinsa aangoo seera tumuu heeraan daangaa itti godhame kan cabsuu fi faayidaa garaagaraa mootummaan naannoo argachuu malu kan dhabsiisuu dha.[3]

Labsii misooma albuudaa lak 678/2002 aangoo hayyama hojii albuudaa garaagaraa hojii albuudaa gurguddaa fi xixiqqaa Oromiyaa keessa jiru keessaa 76 kan tahu irratti hayyama kan kennee jiruu fi bulchaa jiru Mootummaa Federaalaati.[4] Labsiin eegumsa, misoomaa fi itti-fayyadama bosonaa lak 1065/2010 bulchiinsa bosonaa ilaalchisee aangoo mootummaa federaalaa fi naannolee gidduutti qoqqoodee kan jiru yoo ta'u, bosona faayidaan isaa akka biyyoolessaa fi addunyaatti qabu olaanaa ta'e ykn bosonichi mootummaa nannootiin sirnaan kan hin eegamnee fi hin misoomne yoo ta'e, mootummaaleen naannoo akka hin bulchine ta'eera.[5]

1.2. Hima Rakkoo

Bulchiinsa itti-fayyadama, misoomaa fi kunuunsa albuudaa fi bosonaa irrattis mootummaan federaalaa daangaa qoodinsa aangoo Heeraan ka'ame darbuun aangoo bulchiinsaa qooddachuun aangoo MNO qabu akka mulqamuu fi

[2]Afgaaffii Obbo Fiqaaduu, Daarekteera Daariktoreetii Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii Biiroo Misoomaa Qabeenya Bishaanii waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.
[3]Xalayaa lak MBQBI/Y.Y/1170 Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Oromiyaa, Waajjira Pirezidantii Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaatiif gaafa 28/06/2011 barreesse.
[4]Daataa Istaatiksii mana galmee A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa irraa argame.
[5]Labsii Misooma, Itti-fayyadamaa fi Eegumsa Bosonaa lakk 1065, kwt 16.

dhiphatu taasisuudhaan faayidaa mootummaa fi uummanni naannichaa qabeenyicha irraa argatuu qabu akka dhabu taasisaa jira. Heerri RDFI bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaalchisee aangoo seera baasuu mootummaa giddu galeessaaf kennuun aangoo qabeenya kana bulchuu fi hogganuu naannoleef kennuun sirna bulchiinsa al-waalta'e (admnistrative decentralization) kan hordofe ta'us, qabatamaan garuu mootummaan federaalaa seerota ofii baasuun aangoo qabeenya uumamaa bulchuu gara giddu galeessatti sassaabuun sirna heerichaan diriire faallaa qabeenya uumamaa irratti sirna bulchiinsa waalta'e diriirsee jira jechuun ni danda'ama.

1.3. Gaaffilee Qorannoo

Qorannoon kun gaaffilee qorannoo armaan gadiitti tarreeffaman deebisuu irratti xiyyeeffata:

1. Mootummaan Naannoo Oromiyaa bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera tumuu fi raawwachiisuu akkamii qaba?
2. Aangoon qabeenya uumamaa hoogganuu mirga, dirqamaa fi itti-gaafatamummaa akkamii gonfachiisa? Yeroo ammaa kanatti, mootummaan federaalaa aangoo qabeenya uumamaa hoogganuu (management/execution) akkamii MNO irraa fudhatee ofii itti fayyadamaa jira?
3. MNO qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaa keessatti argaman irratti aangoo seera tumuu qabuu fi hoogganuu qabu fayyadamuu dhabuun/ sarbamuun isaa itti-fayyadama, misoomaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa; akkasumas, dantaa mootummaa fi uummata naannichaa irratti miidhaa akkamii dhaqqabsiisaa jira?
4. Mootummaan Federaala Itoophiyaa bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti aangoo MNO qabu irraa fudhachuutiin, mirgaa fi faayidaa galii hogganuu irraa maddu akkamii dhabsiisaa jira? Galii qabeenya

uumamaa irraa argamu qooduun walqabatee rakkoowwan qabatamaan mul'ataa jiran maal fa'i?

1.4.Kaayyoo Qorannoo

Kaayyoon gorroo qorannoo kanaa dhimma bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti qoqqoodinsa aangoo seera tumuu fi seera hojiirra oolchuu ilaalchisee aangoo mootummaa federaalaa fi MNO qaban ilaaluun bu'uura qoodinsa aangoo sanaan qabeenya uumamaa naannoo isaa keessa jiran bulchuu dhabuun MNO dhiibbaa akkamii dhaqqabsiisaa akka jiru adda baasuun furmaata waaraa akeekuu dha. Akkasumas, qorannichi kaayyolee gooree armaan gadii ni qabaata:

1. Bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera tumuu fi raawwachiisuu Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabu agarsiisuu
2. Qabeenya uumamaa ilaalchisee aangoo seera baasuu mootummaan federaalaa MNO irraa fudhatee ofiif itti fayyadamaa jiru adda baasuun agarsiisuu
3. Mirga, dirqamaa fi itti-gaafatamummaa aangoo qabeenya uumamaa hoogganuun gonfachiisu/hordofsiisu maal akka ta'e agarsiisuu
4. Aangoo qabeenya uumamaa hoogganuu mootummaan federaalaa MNO irraa fudhate adda baasuun agarsiisuu.
5. Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaa keessatti argaman irratti aangoo seera tumuu qabuu fi hoogganuu qabu fayyadamuu dhabuun/sarbamuun isaa itti-fayyadama, misoomaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa ; akkasumas, faayidaa mootummaa fi uummata naannichaa irratti miidhaa inni dhaqqabsiisaa jiru sakatta'uun agarsiisuu
6. Mootummaan federaalaa bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti aangoo Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabu irraa fudhachuutiin sassaabbii galii qabeenya uumamaan wal qabatee miidhaa inni faayidaa

fi mirga mootummaa naannichaa irratti geesisaa jiru agarsiisuu. Akkasumas, galii qabeenya uumamaa irraa argamu qooduun walqabatee rakkoowwan qabatamaan mul'atan adda baasuun agarsiisuu dha.

1.5. Daangaa Qorannoo

Qorannoon kun qabeenya uumamaa hunda ilaalchisee aangoo seera tumuu fi seera hojiirra oolchuu MNO fi Mootummaa Federaalaa RDFI qaban kan sakatta'u miti. Qabeenya uumamaa keessaa qabeenya bishaanii, qabeenya albuudaa, fi qabeenya bosonaa ilaalchisee qoqqoodinsa aangoo seera tumuu fi hojiirra oolchuu sakatta'a.

1.6. Mala Qorannoo

Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaa fayyadamuun gaggeeffame. Haaluma kanaan, Heera RDFI fi Heera MNO, labsiilee MF fi MNO tiin bahanii jiran, kitaabilee fi barruulee garagaraa sakatta'uu fi xiinxaluu, muuxannoo biyyoota sirna federaalizimii hordofan ilaaluu, bulchiinsa qabeenya uumamaa keessatti qaamolee hirmaannaa qaban wajjiin af-gaaffii gaggeessuun daataan qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabameera. Godina Adda Oromiyaa Naannawaa Finfinnee, Gujii, Shawaa Bahaa, Shawaa Lixaa, Jimmaa fi Baalee akkasumas aanoolee lama lamaan isaan jala jiranis madda daataa ta'aniiru. Isaanis, Magaalaa Sabbataa, Magaalaa Buraayyuu, Adaamii Tulluu, Dugdaa Booraa, Diinshoo, Sinaanaa fi Shakkisoo keessaa daataan qorannoo kanaaf barbaachisu walitti qabameera. Haaluma kanaan, waajjiraalee MNO akka Abbaa Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa, Komishinii Investimentii Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa Oromiyaa, Biiroo Misooma Qabeenya Bishaaniifi Inarjii Oromiyaa, Biiroo Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa Oromiyaa, Dhaabbata Bosonaa fi Bineensa Oromiyaa, Abbaa Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa, Mana Murtii Waliigala Oromiyaa dubbifamaniiru.

Dabalataan, warshaalee oomisha bishaan dhugaatii irratti hojjetan, jechuunis *Abbahawa Trading Mogil Bottled Water Manufacturing PLC* fi *Aqua Addis Natural spring Water Company* jedhamu dubbifamaniiru. Akkasumas, bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaalchisee qoodinsa aangoo mootummaa giddu-galeessaa fi naannooleen qaban, muuxannoo biyyoota toorbaa ilaalamaniru.

2. Yaad-rimee Bulchiinsa Qabeenyaa Uumamaa

2.1. Abbaa Qabeenyummaa Qabeenya Uumamaa

Abbaan qabeenyummaa qabeenya uumamaa dhimma heera keessatti deebii argachuu qabuu dha. Gaaffii abbummaa qabeenya uumamaa deebisuun dhimma bulchiinsaa fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa irratti ka'u deebisuu kan danda'u akka ta'etti haala dogongoraan yeroo hubatamu ni jira.[6] Mirgi qabeenyummaa fi galii qabeenyichaa argachuu seerota ba'aniin kan murtaa'uu fi kan daangeffamu ta'uu waan danda'uuf, qabeenyummaan qofti battalatti aangoo bulchiinsaa, to'annaa qabeenya uumamaa fi mirga galii/faayidaa guutummaatti argachuu kan gonfachiisu ta'uu dhiisuu danda'a. Abbummaan dhimma falmii kaasuu danda'u yoo ta'u, yeroo hedduu dhimmichi walitti bu'iinsa eenyummaa giddu galeessa godhatuuf ka'umsa ta'a.[7] Dhimmi kun caalatti xiyyeeffannoo kan argatu biyyoota dinagdeen isaanii irra jireessaan galii qabeenya uumamaa irraa argamu irratti rarra'uu fi faca'iinsi qabeenya uumamaa immoo biyyattii keessa jiru wal qixa kan hin taane keessatti dha. Biyyoota sab-daneessummaan keessatti mul'atu keessatti tumaaleen heeraa qabeenyummaa

[6]Nicholas Haysom and Sean Kane, Negotiating Natural Resources for Peace: Ownership, control and wealth-sharing, Henry Dunant Centre for Humanitarian Dialogue, Geneva, Switzerland, 2009, f 5.

[7]Z. Adangor, Proposals for Equitable Governance and Management of Natural Resources in Nigeria, published online on 28th February, 2018, accessible on https://doi.org/10.5539/ilr.v7n1p213

qabeenya uumamaa bitan akkaataa qoodinsa qabeenya uumamaa qaamolee mootummaa akkasumas saboota gidduutti taasifamu irratti xiyyeeffatu.[8]

Federeeshinii buleeyyii kanneen akka USA, Kaanadaa fi Awustiraaliyaa keessatti abbummaa qabeenya uumamaa nama dhuunfaaf ykn guutummaatti mootummaaf kennuun kan baratamee ture yoo ta'u, qabeenya uumamaa mootummaaf kenname irratti mirgi abbaa qabeenyummaa naannoleef kennamaa ture. Biyyoota akka Naayijeeriyaa, Afirikaa Kibbaa, Hindii fi k.k.f keessatti qabeenya uumamaa akka hambaa biyyoolessaa (national heritage) ilaaluudhaan galiin qabeenyicha irraa argamu tajaajila hawaasaa walqixa ta'ee fi guddina dinagdee wal fakkaataa ta'e biyya keessatti akka fidu taasisuu irratti hojjetu. Mirga qabeenyummaa fi aangoo bulchiinsaa heeraan ifa ta'ee ka'amuun tasgabbii siyaasaa fi ofitti amanamummaa abbootii qabeenyaa sektera qabeenya uumamaa irratti bobba'uu barbaadaniif dhimma murteessaa dha.[9]

2.2. Qoodiinsa Aangoo Seera Baasuu fi Seera Raawwachiisuu

Aangoon qabeenya uumamaa irratti seera baasuu fi seera raawwachiisuu gaaffii qabeenya uumamaa irratti eenyutu seera baasa, eenyutu seericha bulcha fi mana murtii kamtu wal dhibdee uumamu hiika kan jedhu deebisuu hammata. Dhimmootni aangoowwan kana jalatti hammataman adeemsa waliigaltee fi qaama waliigaltee raawwachuuf aangoo qabu, hayyama kennuu, taaksii fi rooyaalitii, hojimaata hojjetaa fi hojjechiisaa, istaandaardiiwwan nagummaa fi eegumsa naannoo, dhimmoota hayyama al-ergii fi al-galchii irratti dhiibbaa qabani dha. Qoodinsi aangoo seera baasuu fi seera raawwachiisuu qabeenya uumamaa irratti godhamu dhimma wal-xaxaa fi ulaagaalee garagaraa al tokko

[8]Busby, G., Isham, J., Pritchett, L. and M. Woolcock 'Natural Resources and Conflict: What Can We Do?' (2002) Bannon, I. and P. Collier (eds), *Natural Resources and Violent Conflict*, Washington DC, World Bank).

[9]World Bank Angola Economic Memorandum: Oil, Broad Based Growth and Equity, (2006), 2nd October.

tokko walii isaanii wal-faallessan bu'uura kan godhatu dha. Ulaagaaleen kunniinis bu'a qabeessummaa, dandeettii, marartoo, itti-gaafatamummaa fi dantaa biyyoolessaati.[10]

2.3. Qoodinsa Galii Qabeenya Uumamaa (Natural Resource Revenue Sharing)

Qorannoon Baankii Addunyaa tokko akka agarsiisutti sababoota walitti bu'iinsaaf haala mijeessan keessaa inni guddaan tokko galii qabeenya uumamaa irratti hirkachuu dha.[11] Qormaatni iftoominaa sassaabbii qabeenya uumamaa sirna bulchiinsa federaalizimii keessatti mul'atu salphaa miti.Galiin qabeenya uumamaa gabaatti dhiyaatu ykn oomishamee gurguramu irraa argamu dhoksuun qaamolee mootummaa gidduutti uumamuu danda'a. Biyyoota sirna federaalizimiitiin bulan keessatti gaaffii naannoleen qabeenya uumamaa irraa galii funaanamu keessatti qooda fudhachuu fi kallattiidhaan galii argamu qooddachuuf kaasuu malan deebisuuf sirni sassaabbii fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa jabaa ta'e qabaachuun barbaachisaa dha. Sirna bulchiinsaa kana keessatti haala galiin qabeenya uumamaa itti sassaabamuu fi qoodamu murteessuuf sababoota dinagdee caalmaa sababoota siyaasaaf dursa kennuun ni mul'ata.[12] Sassaabbii fi qoodinsa galii qabeenya uumamaa kana ilaalchisee maloota gurguddaa beekaman sadiitu jira. Isaanis, galiiwwan qabeenya uumamaa gosaan adda baasuun kaan isaanii irratti aangoo sassaabbii isaa mootummaa federaalaaf kennuun kanneen biroo irratti naannoleef kennuu (fknf Kaanaadaa), galiiwwan qabeenya uumamaa irraa argaman hunda bakka tokkotti sassaabuun san booda foormulaa irratti waliigalamee fi seeraan deggarame bu'uura godhachuun qoodiinsa taasisuu (fknf Naayijeeriyaa, Venezu'eelaa fi

[10] Michael Lockwood , Julie Davidson , Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith, Governance Principles for Natural Resource Management, society & Natural Resources, p.990, availbale at http://dx.doi.org , accessed on 21/11/2019.
[11] Miil-jalee 8ffaa.
[12] Miil-jalee 6ffaa, F 21.

Indooneejiyaa), fi sirna olii lamaan walitti makuun itti gargaaramuu (fknf Iraq).[13]

2.4. Muuxannoo Biyyoota Garaagaraa

2.4.1. Bulchiinsa Qabeenya Bosonaa: Muuxannoo Biyyootaa

A. Kaanaadaa

Federeeshinin Kaanaadaa federeeshinii sab-daneessaa yoo ta'u,[14] naannoleen bosona qabeenyummaan isaa kan isaanii ta'ee fi bosona dhuunfaa hunda irratti aangoo seera baasuu fi bulchiinsaa heeraan kennameef qabu.[15] Naannoleen paarkiiwwan qabeenyummaan isaa harka isaanii jiru irratti seera baasuu fi bulchuuf aangoo ni qabu.[16] Mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa fi paarkiiwwaan biyyoolessaa qabeenyummaan isaa kan isaa ta'e irratti seera baasuu fi bulchuuf fi daldala biyyoota biroo waliinii, ijaarsa waliigaltee biyyoolessaa fi dhimma jiraattota durii (abroginal affairs) hoggana.[17]

B. Ameerikaa (USA)

USAn qabeenya bosonaa hektaara miliyoona 300 tti tilmaamamu kan qabdu yeroo ta'u, bosonni biyyattii harki caalu qabeenyaa namoota dhuunfaa ti. Mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa abbunmmaa irratti qabuilaalchisee aangoo seeraa baasuu fi bulchiinsaa kan qabu yoo ta'u, naannoleen qabeenya bosonaa abbummaa irratti qabanii fi bosona dhuunfaa ilaalchisee aangoo imaammataa fi seera baasuu akkasumas kan bulchiinsaa qabu. Seera eegumsa

[13] Ahmed, E. and Mottu, E. *Oil Revenue Assignments: Country Experiences and Issues*, International Monetary Fund (2002).

[14]Forest Governance in Federal Systems: An Overview of Experiences and Implications for decentralization,Hans Gregersen and Arnoldo Contreras-Hermosilla and A. White and Lawerence Phillips and Carol J. Pierce Colfer and Doris Capistran, 2004, p. 35.

[15]Miil-jalee olii.

[16]Miil-jalee olii.

[17]Australian Government, Department of Agriculture, accessible onhttps:// www.agriculture.gov.au/abares, accessed on 27/11/2019.

naannoo mootummaan federaalaa baasu naannolee hojiirra oolchuuf waan dirqamaniif seera bosonaa baasan waliin wal simsiisuu keessatti dhiibbaa uuma.

C. Naayijeeriyaa

Naayijeriyaan sirna federaalizimiin kan bultu yoo taatu, heeraan sirna bulchiinsa bosonaa al-waalta'aa (decentralized forest governance) qabdi. Heerri biyyatttii aangoo misoomaa fi bulchiinsa bosona eegamaa naannoleef kan kenne yammuu ta'u, naannoleen dhuunfaa isaaniitti imaammata bosonaa mataa isaanii baafachuu ni danda'u. Naannooleen imaammata kana wayita baasan imaammata mootummaan federaalaa baase giddu galeessa godhachuun ta'uu qaba. Kana malees, galiin bosona irraa argamu kan naannolee fi qaamolee sana gadi jiraniiti.

D. Maaleezyiyaa

Heerri Maaleezyiyaa qabeenyummaa qabeenya bosonaa mootummaalee naannootiif kennee jira. Heerri biyyattii dhimma qabeenya bosonaa irratti aangoofi itti gaafatamummaa bal'aa naannoleef kan kenne ta'us, mootummaan federaalaa imaammataa fi seerota wal-fakkii bulchiinsa bosonaa naannolee gidduu jiru fiduuf barbaachisan akka baasaniif aangoo kennee jira.[18] Heerichi naannoleen seeraa fi imaammata bosonaa of danda'e kan mataa isaanii akka baafataniif kan aangeesse yoo ta'u, imaammataa fi seera bosonaa wayita baasan imaammataa fi seera bosonaa waliigalaa mootummaa federaalaa baase bu'uura godhachuu akka qaban kaa'a. Naannoleen qabeenya bosonaa akka bulchanis aangeffamaniiru.

E. Hindii

Qabeenyi bosonaa Hindii 90% qabeenyaa mootummaa federaalaa ti. Mootummaan federaalaa qabeenya bosonaa biyyattii hunda irratti aangoo imaammataa fi seera baasuu heeraan kennameef qaba. Naannoleefis aangoon imaammataa fi seera bosonaa baasuu heerichaan kan kennameef yoo ta'u,

[18]Heera biyya Maaleejiyaa, kwt 94(1).

imaammataa fi seerri isaan baasan haala qabatamaa naannoo isaanii giddu-galeessa godhachuun imaammataa fi seera mootummaan federaalaa baase hordofuudhaan ta'uu qaba. Naannoleen seerota kana bu'uura godhachuun qabeenya kana bulchu.

2.4.2. Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa: Muuxannoo Biyyootaa

Biyyoota sirna qabeenyummaa albuudaa uummataa/mootummaa hordofan keessatti, keessumatti biyyoota sirna federaalzimii hordofan keessatti, qabeenya albuudaa irratti qaama mootummaa kamtu mirga abbaa qabeenyummaa qaba kan jedhu irratti falmiiwwan yeroo garagaraa keessummeeffamaa turaniiru. Kana ilaalchisee, sirnoonni beekaman sadii kan jiran yammu ta'u, inni jalqabaa sirna mootummaa giddu galeessaaf qabeenya albuudaa irratti abbummaa fi to'annaa kennu dha. Inni lammaffaan, sirna naannoleen qabeenya albuudaa irratti abbummaa fi to'annaa (control) guutuu ta'e keessatti qabani dha. Inni xumuraa, sirna mootummaan giddu-galeessaa fi naannolee qabeenya albuudaa irratti abbummaa fi to'annaa (control) waliinii fi wal-qixaa keessatti qabaatani dha. Biyyootni sirna federaalizimii isaanii jabaa ta'e yeroo hedduu sirna lammaffaa irratti ilaalle yeroo hojiirra oolchantu mul'ata. Biyyoota sirni federaalzimii isaanii laafaa ta'e ykn sirna walta'aa hordofan keessatti sirni qabeenyummaa albuudaa kan jalqabaa fi xumuraa irratti ibsine irra-jireessaan hojiirra oola. Armaan gaditti bulchiinsa qabeenya albuudaa ilaalchisee muuxannoon biyyoota kan ilaallu ta'a.

A. Hindii

Hindiitti abbummaan qabeenya albuuda lafa irraa fi lafa jalaa kan mootummaalee naannoo yoo ta'u, qabeenyi albuudaa galaana keessaammoo kan mootummaa giddu galeesssaa ti. Qabeenya albuudaa hunda irratti seera bulchiinsaa fi to'annoo kan baasu mootummaa federaalaa ti. Naannoleen qabeenya albuudaa kan bulchan aangoo isaanii kana bu'uura seera mootummaan

giddu galeessaa baasuun ta'a. Naannoleen albuudota xixiqqaa jedhamanii mootummaa giddu galeessaa biyyattiin adda baafaman irratti seera mataa isaanii baafachuun kan qabeenyicha bulchan yoo ta'u, qabeenya albuudaa biroo irratti garuu seera baasuu hin danda'an.[19]Naannoleen royaalitii, kiraa lafaa, taaksii gurgurtaa, kaffaltiiwwan eegumsa naannoo, kaffaltii liizii albuudaa fi qorannoo albuudaa fi kaffaltiiwwan taaksii ala jiran biroo kan sassaaban yammuu ta'u, hanga kaffaltii royaalitii kan seeraan murteessu mootummaa federaalaati.[20]

B. Meeksiikoo

Heerri Meeksiikoo kwt 27 jalatti qabeenyi albuudaa biyyattii keessa jiru hundinuu qabeenya mootummaa giddugaleessaa ta'uu tuma. Mootummaan federaalaa qabeenya albuudaa biyyattii bulchuuf aangoo qaba. Hima biraan, mootummaan federaalaa qabeenya albuudaa ilaalchisee aangoo seera baasuu fi raawwachiisuu ykn bulchuu qaba.

C. Kaanaadaa

Heerri biyya kanaa qabeenyummaan qabeenya albuudaa kan naannolee ta'uu kan tumu yoo ta'u, naannoleen qabeenya albuudaa daangaa isaanii keessatti argamu bulchuuf aangoo guutuu qabu.[21]Naannoleen itti fayyadamaa fi hojii qabeenya albuudaa baasuu ilaalchisee aangoo seera baasuus qabu.[22] Aangoon naannolee kun guutuu (exclusive) kan ta'e dha. Naannoleen kaffaltii royaalitii dabalatee taaksiiwwan biroo sektericha irraa funaanamu hunda murteessuu fi sassaabuuf aangoo guutuu hojiirra oolchan kan qaban[23] yoo ta'u, mootummaan federaalaa galii gibiraa murteessuu fi funaanuuf aangoo qaba.

---

[19] Ligia Noronha, Nidhi Srivastava, Divya Datt and P. V. Sridharan, Resource Federalism in India: The Case of Minerals, 2009, p. 51.
[20] Akkuma 19ffaa.
[21] Heera Kaanaadaa, kwt 109.
[22] Heera Kaanaadaa, kwt 92.
[23] Heera Kaanaadaa, kwt 109.

D. Naayijeeriyaa

Sirna bulchiinsa Naayijeeriyaa keessatti qabeenyi albuuda martinuu qabeenya mootummaa federaalaati.[24] Kana malees, mootummaan federaalaa qabeenya albuudaa irratti imaammata fi seera baasuu; akkasumas, bulchuuf aangoo heeraan kennameef qaba.[25] Naannoleen aangoo kan hin qabne yoo ta'u, haalli kun keessumaa kutaalee qabeenya albuudaan badhaadhan kanneen akka Nijeer Deeltaa keessatti komii guddaa kaasuun jeequmsaa fi waraana biyyattii keessatti deemuuf karaa banee jira.[26]

2.4.3. Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii: Muuxannoowwan Biyyootaa

Biyyootni sirna federaalizmii hordofan baay'een isaanii aangoo adda qooddatanii qabeenya bishaanii bulchu, hangi aangoo mootummaa federaalaatiif kennamuu fi naannootiif kennamu biyyaa gara biyyaatti garagarummaa qaba. Muuxannoowwan gama kanaan jiran muraasa akka armaan gadiitti ilaaluu yaalla.

A. Biraazil

Sirna bulchiinsaa qabeenya bishaanii fi ulaagaalee dabarsa mirga itti-fayyadamaa fi hojiirra oolmaa isaa kan murteessuu mootummaa federaalaa dha.[27] Qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaa keessa jiru irratti mootummaan naannoo tokko faalama irraa eeguu fi kunuunsuuf jecha seera baasuuf aangeffameera.[28] Lagni daangaa naannoo tokkoo ala bahu yookaan daangaa biyyaa qaxxaamuru mootummaa federaalaatiin hoogganama; lagni

[24] Heera Naayijeeriyaa, kutaa 44(3).
[25] Heera Naayijeeriyaa, kutaa 4(2)(3) fi 39.
[26] Theodore Okonkwo, Ownership and Control of Natural Resources under the Nigerian Constitution 1999 and Its Implications for Environmental Law and Practice, International Law Research; Vol. 6, No. 1; 2017, p.170 available onhttps://doi.org/10.5539/ ilr. v6n1p162, accessed on 29/11/2019.
[27]Heera Biraazil, kwt 21(19).
[28]Heera Braazil, kwt 24(6) fi 26.

daangaa mootummaa tokkoo keessatti daanga'e hafu akkasumas bishaan lafa jalaa hojii mootummaa federaalaatiif qofatti adda bahee daanga'ee kan hin jirre yoo ta'een ala mootummaa naannootiin hogganama.

B. Kanaadaa

Bulchiinsa bishaanii ilaalchisee adda durummaan aangoo seera tumuu fi seera tumame hojiirra oolchuu kan qabu mootummaa naannoo akka ta'e heerri biyyattii kan murteesse waan ta'eef, gama bulchiinsa qabeenya bishaaniitiin gahee olaanaa kan taphatu mootummaalee naannooti.[29] Haa ta'u malee, akka tumaan heerichaa ibsutti wixineessitootni heerichaa mootummaan federaalaa bulchiinsa bishaanii keessatti gahee murteessaa qabaachuun qabeenyi bishaan biyyichaa akka kunuunfamuu fi hunda akka walgahuu danda'u akka hin qabaanne dhorkuu akka hin turre barreessitootni ni ibsu.[30]

C. Ameerikaa (USA)

Heerri Ameerikaa aangoo bulchiinsa qabeenya uumamaa mootummaa federaalaatis ta'e mootummaa naannootiif hin laatne; callisee irra darbeera.[31] Seerota dhimmi bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaalchisanii tumaman keessaa harki 70 kaka'umsaa fi imaammata mootummaalee naannootiin tumamanii hojiirra kan oolanii dha.[32]Mootummaaleen naannoo qabeenya daangaa siyaasa isaanii keessa jiru kunuunsuuf seera baasuu fi hojiirra oolchuu qofa osoo hin taane mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaalee naannoo biyya Kanaadaa wajjiin qindoomuun kallattii dhangala'iinsa bishaanii (sulula) giddu galeessa godhachuun qabeenyi bishaanii kunuunfamee akka turuu fi bifa haqummaa qabuun qaamolee hunda akka tajaajilu hojjechaa jiru.

---

[29]Annie Chaloux and Stephane Paquin, Water Rersource Management and North American Green Paradiplomacy: the Case of the Great Lakes, F 3.
[30] Saunders, J. Owen, Managing Water in a Federal State: The Canadian Experience, F 22.
[31]Miil-jalee 29[ffaa], F 9.
[32]Akkuma 31[ffaa].

D. Awustiraaliyaa

Mootummaan giddu-galeessaa guutummaa bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaalchisee dhimma geejjiba bishaan irratti taasifamuu ala seera tumuus ta'e, seera bahee jiru abbummaan hojiirra hin oolchu. Haa ta'u malee, yeroo booda labsii qabeenya bishaanii mootummaan giddu-galeessaa labseen, bulchiinsa qabeenya bishaanii keessatti mootummaan giddu-galeessa akka hirmaatu aangesseera. Haaluma kanaan, bulchiinsi qabeenya bishaanii walta'iinsa mootummaa giddu-galeessaa fi mootummaa naannoo bishaanni keessatti argamuu fi mootummaa naannoo kallattiin dhangala'iinsa laga sanaa wajjiin hidhata qaban waliin mari'achuun qabeenya bishaan biyya sanaa bulchu.

3. Uwwisa Heeraa fi Seeraa Qabeenya Uumamaa Itoophiyaa

3.1. Abbaa Qabeenyummaa Qabeenya Uumamaa

Heerri RDFI kwt 40(3) irratti, mirgi abbaa qabeenyummaa lafa baadiyyaa fi magaalaa; akkasumas, qabeenya uumamaa kan uummataa fi mootummaa qofa jedha. Heerichi jechoota kana lamaaniif hiikoo hin kennine. Lammiileen Itoophiyaa saboota, sab-lammootaa fi uummattoota irraa malee uummata tokko irraa kan ijaaramte waan hin taaneef, "uummata" jechi jedhu bu'uura heerichaa kwt 39 tiin quubsuma mataa isaatii adda bahee beekamu kan qabu tokko kan ibsu akka ta'etti fudhatama. Sabni, sab-lammiin ykn uummatni tokko dachii irra qubatee jiru irratti birmaduu fi mirga ofiin of bulchuu isaa kan irratti tarkaanfachiifatuu fi raawwachiifatuu dha. Mirgi hiree ofii ofiin murteeffachu addatti kenname uummata adda bahee beekamu tokkoofi.[33] Dabalataan, tumaan kwt 89(7) irra jiru akka agarsiisutti lafti qabeenya uummataa (baaqqeen kan barreeffame) waan ta'eef, mootummaan uummata sana bakka bu'ee haala qabiinsaa fi faayidaa waliigalaatiif jecha attamitti hojiirra akka oolu kan murteessu akka ta'e ibsa. Olitti akka ilaalle, keewwatni kunis, akka agarsiisutti

[33]Heera RDFI, kwt 39(4b).

lafti (guuboo qabeenya uumamaa kan ta'e) qabeenya lammiilee Itoophiyaa hundaa osoo hin taane, qabeenya dhuunfaa saboota, sab-lammootaa fi uummattoota dhuunfaatti mootummaa tokko hundeeffatanii akka ta'e agarsiisa. Haala kanaan, qabeenya akka bishaanii, bosonaa fi albuuda irratti akka bulchan aangeffamuun isaanii mirga abbaa qabiyyummaa lafa sanaa kan qabu uummataa fi mootummaa naannoo sanaa akka ta'e agarsiisa jechuun ni danda'ama.

Heera RDFI kwt 40(3) keessatti jechi "mootummaa" jedhu mootummaa federaalaa qofa moo mootummaalee naannolee dabalachuu danda'a gaaffiin jedhus dhimma deebii barbaaduu dha. Jechi kun jecha baaqqee fi duuchaatti kaa'ame waan ta'eef, mootummaa federaalaa yookaan mootummaa naannoo agarsiisuu danda'a. Mootummaan keewwata kana keessatti ibsame namootni mootummaa federaalaati jedhan akkuma jiran namootni mootummaa naannooti jedhanis jiru. Haa ta'u malee, caaseffama sirna bulchiinsaa fi qoodiinsa aangoo heera RDFI keessa jiru yoo ilaalle heerichi mootuummaan lama kan jiru ta'uu agarsiisa. Isaanis:- mootummaa federaalaa fi mootummaa naannooti.[34] Hiikkaa jecha "mootummaa" jedhamee tumaa heerichaa keewwata 4 irratti ibsamee argachuuf tumaan heeraa olii kun rogummaa qaba. Tumaan heeraa kun mootummaan RDFI mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo lamaan kan hammatu ta'uu isaa waan agarsiisuuf, jechi "mootummaa" jedhu kun mootummaalee lamaan kan agarsiisu akka ta'etti hubatamuu kan qabudha.

3.2. Qoodiinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa: Heera RDFI

Dhimmoota qoodinsi aangoo Heera RDFI tiin mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo gidduutti godhame keessaa tokko bulchiinsa qabeenya uumamaati. Qabeenyi uumamaa qabeenya lafa irratti, lafa jalatti ykn lafa keessatti uumamaan argamuufi fedhii dhalaa namaa guutuuf uumaa irraa kenname yoo ta'u, qabeenyi kun albuudota, bishaan, bosona, lafa, gaasii

[34]Miil-jalee olii, kew 40(3).

uumamaa fi kanneen kana fakkaatan kan haammatu dha.[35] Heerri RDFI itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa qabeenya uumamaa irratti seera baasuuf mootummaa federaalaa kan aangesse yoo ta'u,[36] mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun akka bulchan aangesseera.[37] Kana irraan kan ka'e heerichi sirna bulchiinsa al-waalta'e (admnistrative decentralization) hordofee jira jechuun ni danda'ama.

Qabeenya bishaanii ilaalchisee, heerri RDFI adeemsa qabeenya uumamaa biroo irratti hordofe irraa haala adda ta'een; tumaa of danda'een aangoo bulchiinsa qabeenya bishaanii hoogganuu, mootummaa federaalaa fi mootummaa naannoo gidduutti adda qoodee jira. Heerichi kwt 51(11) fi 55(2a) jalatti, mootummaan federaalaa haala itti-fayyadama laggeen ykn haroowwan bulchiinsa mootummaa naannoo lamaa fi isaa ol wal-qunnamsiisanii fi daangaa biyya keenyaa irraa garaa biyyoota birootti ce'an irratti aangoo seera baasuu fi seericha hojiirra oolchuu akka qabu tumee jira.[38] Dabalataanis, tumaan heerichaa kun qabeenya bishaanii, laggeenii fi haroowwan caqasaman kana akka bulchuuf mootummaa federaalaaf aangoon ifaan kennameera. Gama biraan, heerichi dhimmoota aangoon ifaan mootummaa federaalaaf hin kennamne irratti aangoo kan qabaatu, mootummaalee naannoo ta'uu kan tumee jiruu fi laggeewwanii fi haroowwan daangaa biyyaa hin ceenee fi mootummaalee naannoo wal hin qunnamsiisne irratti aangoo seera baasuu fi bulchuu mootummaa federaalaaf ifatti waan hin kenniniif aangoon seera baasuu fi bulchuu kan naannolee ta'a jechuu dha.[39] Haaluma kanaan, heerichi qabeenya uumamaa biroo irraa haala

[35]L Aladeitan, 'Ownership and Control of Oil, Gas, and Mineral Resources in Nigeria: Between Legality and Legitimacy' (2013) *Thurgood Marshall Law Review*, Vol. 38:159 at 160.
[36]Heera RDFI kwt 51(5), fi kwt 55(2)(a).
[37]Heera mootummaac RDFI, kwt 52(2)(d).
[38]Heera mootummaac RDFI, kwt 51(11).
[39]Heera mootummaac RDFI, kwt 51 fi kew 52(1).

adda ta'een mootummaalee naannoof aangoo seera qabeenya bishaanii akka tumatanii fi qabeenyichas akka bulchaniif aangesseera jechuun ni danda'ama.

3.3. Uwwisa Seera Bosonaa Itoophiyaa

3.3.1. Uwwisa Seera Mootummaa Federaalaa

Dhimmi bosonaa Imaammata Eegumsaa Naannoo [40] biyyattii keessatti dhimmoota xiyyeeffannoo argatan keessaa isa tokkodha. Imaammatichi eegumsaa fi kunuunsa bosona biyyattiif godhamuu qabuu fi hojiiwwan gama kanaan hojjetamuu malan ifatti akeekuun kaa'ee jira.[41]Labsiin bosonaa yeroo ammaa raggaasifamee hojiirra jiru Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa lakk. 1065/2010 kan jedhamu dha. Dhimmoota bulchiinsa bosonaa ilaalchisee, labsichi aangoo mootummaa federaalaa fi naannolee qoqqoodee jira. Labsiin Qaamolee Hojii Raawwachiistuu Hundeessuu fi Aangoo Isaanii Murteessuuf Bahe labsiin lakk. 1097/2011 Koomishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaaf dhimmoota bulchiinsa bosonaa irratti aangoo kennee jira. Akkasumas, seeronni eegumsa naannoo fi faalama naannoo to'achuuf bahan kanneen akka Labsii Faalama Naannoo Ittisuuf Bahe lakk.300/1995 fi Labsii Qaamolee Eegumsa Naannoo To'atan Hundeessuuf Bahe lakk. 295/1995 karaa tokko ykn karaa biraa bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti gahee mataa isaanii kan qaban ta'u.

3.3.2. Uwwisa Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Bu'uura heera RDFI kwt 52(2)(d) tiin mootummooleen naannoo qabeenya uumamaa kan bulchan seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuuni dha. Haaluma kanaan, mootummooleen naannoo dhimma qabeenya uumamaa irratti seera baasuu ni danda'u moo miti? yoo ni danda'u ta'e, dhimmoota akkamii irratti baasuu danda'u? kan jedhu kutaa biraa keessatti

[40] Imaammata Eegumsa fi Kunuunsa Naannoo Itoophiyaa, bara 1989.
[41]Miil-jalee olii, kwt 3.

kan ilaalamu ta'ee, qabeenya bosonaa irratti MNO labsii mataa isaa baafachuun hojii irra oolchee jira. Labsiin kun Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk. 72/1995 jedhamee kan beekamu dha.

3.4. Uwwisa Seera Misooma Albuudaa Itoophiyaa

3.4.1. Uwwisa Seera Mootummaa Federaalaa

Seerri albuudaa yeroo ammaa hojiirra jiru, Labsii Albuudaa Lakk.678/2002, Labsii Albuudaa Lakk.678/2002 fooyyeessuuf labsii ba'e lakk.816/2005 ba'ee fi Dambii Albuudaa Mana Maree Ministeerotaa Lakk.434/2010 dha. Akkaataa Labsii Albuudaa Lakk. 678/2002 tiin albuudni uumamaa daangaa Itoophiyaa kamiyyuu keessatti argamu kan mootummaa fi uummattoota Itoophiyaa hundumaati.[42] Mootummaan bakka uummataa bu'ee, qabeenya kana qabuuf (hold) dirqama kan qabuu fi faayidaa fi guddina uummata biyyattiif albuuda kana hojiirra oolchuu akka qabus ni tuma.[43] Dabalataanis, mootummaan karaa qaama hayyama kennuutiin albuuda uumamaa akka to'atuu fi bulchu ni akeeka.[44] Labsiin kun, aangoo hayyama kennuu hojiiwwan albuudaa kanneen biroo mootummaalee naannoof kennamaniin ala jiran hundaa mootummaa federaalaaf kennee kan jiru dha.[45] Qaamni gosa hojii albuudaa akka hayyama irratti kennuuf aangoon kennameef aangoo bulchiinsaa garagaraa akka qabaatu tumaa labsichaa keewwata 52(4) irraa ni hubatama.

Hima biraatiin, mootummooleen naannoos ta'ee, mootummaan federaalaa gosa hojii albuudaa ofiif hayyama akka kennaniif aangoon kennameef irratti aangoo bulchiinsaa caqasaman kan qabaatan ta'a.[46]Gama biraan, dhimma taaksii hojii

[42]Labsii Misooma Albuudaa Lakk.678/2002, kwt 5(1).
[43]Labsii Misooma Albuudaa Lakk 678/2002, kwt 5(2).
[44]Labsii Misooma Albuudaa Lakk 678/2002, kwt 5(3), tumaan Afaan Ingilizii keewwatichaa "The Government, acting through the Licensing Authority, shall control and administer mineral resources and grant, refuse and manage licenses" jechuun ibsa.
[45]Labsii Misooma Albuudaa Lakk 678/2002, kwt 52(2A).
[46]Labsii Misooma Albuudaa Lakk 678/2002, kwt 52(4).

albuudaa bulchuuf Labsii Gibira Galii Albuudaa lakk.53/1985, Labsii Lakk.23/1988 fi Labsii Lakk.802/2005n bahaniiru. Labsichi aangoo sassaabbii gibira galii fi kaffaltii rooyaaliitii hojii albuuda xixiqqaa naannoleef kan kenne yoo ta'u, hojii albuudaa gurguddaa irraa gibira galii, kaffaltii rooyaalitii fi kiraa lafaa sassaabuu aangoo waloo gochuun kaa'ee jira. Labsiin Qaamolee Hojii Raawwachiistuu Federaalaa Hundeessuu fi Aangoo Isaanii Murteessuuf Bahe Labsiin Lakk. 1097/2010 keewwata 24 jalatti aangoowwan Ministeera Albuudaa fi Peetrooliyeemiif kenne keessaa tokko misooma albuudaa, gaasii uumamaa fi petrooliyemii irratti imaammataa fi seera qopheessuun yammuu raggaasifamu raawwii isaa hordofuu[47] fi namoota dhuunfaa hojii misooma albuudaa irratti bobba'uu barbaadaniif hayyama kennuu dha.[48]

3.4.2. Uwwisa Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe, lakk.223/2012 baasuun hojiirra oolchee jira. Labsiin kun akkaataa Heera MNO fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 kew 49 (3)(a) tiin kan labsame ta'uu akeeka.[49]Qabiyyeen labsii kanaa yammuu ilaalamu, irra jireessaan labsii hojiiwwan misooma albuudaa lakk. 678/2002 mootummaan federaalaa baase waliin wal-fakkii kan qabu yoo ta'u, dhimmoota muraasa irratti immoo garaagarummaa kan qabuu fi dhimmoota haaraas kan qabatee bahe dha jechuun ni danda'ama. Gama biraan, galii hojii albuudaa irraa argamu irratti gibira kaffalamu murteessuuf labsii gibira hojii albuudaa MNO lakk.92/1997 baasuun hojiirra oolchee jira.

[47] Labsii Qaamolee Hojii Raawwachiistuu Federaalaa Hundeessuu fi Aangoo Isaanii Murteessuuf Bahe lakk. 1097/2010, kwt 24(1)(a).
[48] Miil-jalee olii, kwt 24(1)(i).
[49] Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Lakk.223/2012, seensa, keeyyata 4ffaa.

3.5. Uwwisa Seeraa Qabeenya Bishaanii Itoophiyaa

3.5.1. Uwwisa Seera Mootummaa Federaalaa

Labsiin qabeenya bishaanii Mootummaa Federaalaa baase labsiin lak 197/92 labsii ulaagaalee seeraa qabeenyi bishaanii ittiin bulu kan tarreessuu dha. Qabeenyi bishaanii sirnaan hojiirra akka ooluuf qaamni hojii bishaanii irratti hirmaatuu fi faayidaa dhuunfaatiin ala faayidaa birootiif fayyadamu kamiyyuu qaama dhimma ilaalu irraa dursa hayyama argachuu akka qabu tumee jira. Labsiin kun aangoo qabeenya bishaanii taaliguu mootummaa federaalaatiif bal'inaan kenne.[50]

Dambiin bulchiinsa qabeenya bishaanii Mana Maree Minisiteerotaatiin bahe, dambiin lak 115/97 qaama to'annoo bishaanii gaggeessuu ministeera qabeenya bishaanii yookaan qaama isa bakka bu'ee hojjetu kan aangesse yoo ta'u, qaamni kun qaama to'annoo qulqullina bishaanii gaggeessu, hayyama itti-fayyadama tajaajila bishaanii kennu, hayyama gahumsa kenna gorsa hojii bishaanii irratti kennuu fi haqu, kaffaltii tajaajila bishaanii walitti qabuu fi hayyama hojii bishaanii kennu dha. Labsiin Manneen Maree fi Abbootii Taayitaa Sulula Lageenii hundeessuu fi gahee hojii isaanii murteessuuf bahe lakk 534/99s kwt 9 irrattis aangoo fi gahee hojii abbootii taayitaa sululaa lageenii tumee jira. Bu'uura tumaa seeraa kanaatiin, abbootiin taayitaa sulula lageenii aangoo bulchiinsa bishaanii guutummaatti akka qabaataniif aangeffamaniiru.[51]

3.5.2. Uwwisa Seeraa Mootummaa Naannoo Oromiyaa

Mootummaan Naannoo Oromiyaa, Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii hundeessuun, aangoo fi gahee hojii Biiroon kun qabu, Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiin Gurmeessuu, Aangoo fi Gahee Hojii Isaanii

[50] Imiru Tamirat, Policy and Legal Framework for Water Resource Management In Ethiopia, F 4.
[51] Labsii lak.534/99, kwt 10.

Murteessuuf Bahe Lak 213/2011 irratti tarreesseera.[52] Bu'uura tumaalee labsii kanaan, aangoo bishaan lafa irraa fi lafa keessaa adda baasuun naannicha keessatti hojiirra akka oolu taasisuu, bishaan golga tokko keessa jiru bifa haqa-qabeessa ta'een tajaajilamtootaaf akka qoodamu taasisuu, qabeenyi bishaanii akka hin faalamne hojjechuu, istaandardii balfaa bishaanitti dhangala'u adda baasu tumuu, sadarkaa bishaan tajaajila garagaraatiif oolu adda baasu fi kkf akka gonfatu ta'eera.[53]Kanaan ala seerri bulchiinsa bishaanii ba'ee hojiirra oole hin jiru.

4. Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa MNO: Xiinxala

4.1. Hooggansa Qabeenya Albuudaa

4.1.1. Aangoo Seera Baasuu fi Qabatama Jiru

Kutaa lammaffaa barruu kanaa keessatti, heerri RDFI mootummaan federaalaa itti-fayyadama, misoomaa fi eegumsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu akka qabaatu kan aangesse akka ta'ee [54] fi mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu seera mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun kan bulchan akka ta'e[55] kan akeeke ta'uu ilaallee jirra. Haaluma kanaan, seerri albuudaa hojiirra jiru labsii albuudaa lakk.678/2002, labsii albuudaa lakk.678/2002 fooyyessuuf labsii bahe lakk.816/2005 fi dambii albuudaa Mana Maree Ministeerotaa Lakk.434/2010 dha. Labsiiwwan kunneen kan bahan aangoo heerri RDFI Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataaf kenne bu'uura godhachuun ta'uu akeeku.[56] Aangoo seera

[52]Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiin Gurmeessuu, Aangoo fi Gahee Hojii Isaanii Murteessuuf Bahe, labsii 213/2011, kwt 25 (7).
[53]Labsii lakk.213/2011, kwt 25(1-6).
[54] Heera RDFI kwt 51(5), fi kwt 55(2)(a).
[55]Heera Mootummaa RDFI, kwt 52(2)(d).
[56]Labsii Albuudaa Lakk.678/2002, Seensa, keeyyata 4[ffaa].

baasuun mootummaa federaalaa irratti gaaffiin aangoo ka'uu danda'u hin jiru, falmiin gama kanaan mul'atus hin jiru.

Mootummaan Naannoo Oromiyaa Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe, lakk.223/2012 baasuun hojiirra oolchee jira. Labsiin kun akkaataa Heera MNO fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 kew 49 (3)(a) tiin kan labsame ta'uu akeeka.[57]Qabiyyeen labsii kanaa yammuu ilaalamu, irra jireessaan labsii hojiiwwan misooma albuudaa lakk. 678/2002 mootummaan federaalaa baase waliin wal-fakkii kan qabu yoo ta'u, dhimmoota muraasa irratti immoo garaagarummaa kan qabuu fi dhimmoota haaraas kan qabatee bahe dha jechuun ni danda'ama. Aangoo seera baasuu naannichi qabu ilaalchisee hirmaataan qorannoo tokko heerri RDFI aangoo bulchiinsa qabeenya albuudaa naannoleef kan kennee jiru waan ta'eef, aangoon bulchiinsaa immoo aangoo seera baasuu waan hammachuu danda'uuf akkasumas, seera osoo hin baasin qabeenya kana bulchuun waan hin danda'amneef, MNO labsii kana baasuun isaas sirrii akka ta'e kaasu.[58]

Heerri RDFI ifatti mootummaaleen naannoo qabeenya albuudaa daangaa naannoo isaanii keessatti argamu ilaalchisee seera baasuu akka danda'aniif ifatti waan aangesse hin qabu.[59]Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee bahe lakk. 223/2012 kun Heera MNO fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 keewwata 49 (3)(a) bu'uura godhatee kan labsame ta'uu kan akeeku yoo ta'u; keewwatni heeraa eerame kun Caffeen Bulchiinsa MNO akka Heera MNO tti seerota adda addaa heeraa fi seerota federaalichaa hin fallessine ni tuma jechuun kaa'a. Gama biraan, heerichi aangoo fi hojiileen Heera RDFI keessatti addaan baafamanii mootummaa federaalaatiif yookiin mootummaa

[57] Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Fooyya'ee Bahe Lakk.223/2012, Seensa, keeyyata 4ffaa.
[58] Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayirekteera Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.
[59] Heera Mootummaa RDFI, kwt 52(2).

federaalaa fi mootummaa naannootiif waloon kennamaniin ala jiran kamiyyuu kan mootummaa naannoo akka ta'u akeeka.[60] Dabalees, mootummaan naannoo seera mootummaan federaalaa baasurratti hundaa'uudhaan lafaa fi qabeenya uumamaa kan bulchu akka ta'e heerichi tumee jira.

Labsiin bulchiinsa hojiiwwan albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe Lakk. 223/2012 kun akkaataa Heera MNO fooyya'ee bahe lakk. 46/1994 kew 49 (3)(a) kan bahe ta'uu akeekus, heerichi Caffeen naannichaa dhimmoota aangoo heera RDFI tiin Mootummaa Federaalaatiif ykn waloon irratti hin kennamne qofa irratti seera akka baasuuf seeronni bahan heera RDFI waliin kan walitti hin buune ta'uu akka qabu kan kaa'uuf aangoon qabeenya albuudaa irratti seera tumuu kan mootummaa federaalaa ta'uu heerri RDFI kan tumee jiru waan ta'eef, seerichi akkaataa Heera Naannichaatiin kan bahedha jechuuf nama dhiba. Labsiin Caffee naannichaatiin bahe kun dhimmoota tokko tokko irratti tumaalee labsii albuudaa mootummaan federalaa baase waliin kan wal-faallessu, dhimmoota biroo muraasa irratti immoo kanneen labsii albuudaa mootummaan federaalaa keessatti hin ilaalamne kan ilaale dha. Fakkeenyaaf, hiikkoo hayyama albuuda sadarkaa xiqqaa fi guddaa, gosa hayyamaa, bara hayyamaa fi k.k.f irratti garaagarummaa qaba.

Gama biraatiinis, labsiin hojiiwwan misooma albuudaa Oromiyaa kun dhimmoota hedduu ta'an irratti labsii misooma albuuda federaalaa waliin tumaalee wal-fakkaataa qabeenya albuudaa bulchuuf bahan kan qabu yoo ta'u, seera wal-fakkaataa ta'e irra deebiin tumuun qisaasama qabeenyaa fi yeroo mootummaa kan qaqqabsiisu yoo ta'e malee barbaachisummaa hin qabu. MNO dhimmootuma seeronni albuudaa mootummaa federaalaan bahan hin haguugin hafan irrattillee seera baasuuf aangoo hin qabu. Dhimmootni seerotaan haguuggii argachuu qaban yoo jiraataniif hojiiwwan misooma albuudaa

[60]Heera Mootummaa RDFI, kwt 52(1).

keessatti qorumsa ta'an yoo mudatan illee, qaamni dhimmicha irratti seera baasuuf aangoo qabu seerota bahan akka fooyyeessu ykn jijjiiruuf yaada dhiheessuu ykn dhiibbaa gochuu malee ofiif seera baasuu bu'uurri heeraa isa dandeessisu hin jiru.

Ogeeyyiin tokko tokko aangoon bulchiinsaa seerota baasuu ni dabalata falmii jedhu yeroo itti dhageessisantu mul'ata. Ta'us, Heerri RDFI naannoleen qabeenya uumamaa seerota mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun kan bulchan ta'uu akeekee jira. Kana jechuun naannoleen haala kamiin qabeenyicha akka bulchan seera kan baasu mootummaa federaalaa waan ta'eef, akkaataa seera mootummaan federaalaa baasuun qabeenyicha bulchu malee seera ofiif baasaniin ta'uu hin danda'u. Muuxannoo biyyootaa boqonnaa 2^ffaa qorannoo kanaa keessatti ilaalle irraas kan hubannu, biyyoota qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu mootummaa federaalaaf qofa (exclusive) kennuun aangoo qabeenyicha bulchuu naannoleef kennan keessatti naannoleen seera mootummaan federaalaa baasuun alatti seera hojiiwwan misooma albuudaa baasuu hin danda'ani.[61] Haa ta'u malee, naannoleen dirqama seera raawwachiisuu isaanitti kenname sirnaan bahuuf caaseffama bulchiinsaa qabeenya kana bulchuuf isaan dandeessisu seeraan diriirsuu kan isaan dhorku hin jiraatu. Seerri naannoleen baafatan sadarkaa naannootti qaama mootummaa qabeenya albuudaa bulchu hundeessuu fi aangessuu, caasaa qaama kanaa sadarkaa sadarkaan ijaaruu fi dhaabuu, akkaataa raawwii hojii bulchiinsaa fi hojimaata isaa seeraan diriirsuu fi k.k.f irra kan darbe ta'uu hin qabu.

4.1.2. Aangoo Qabeenya Albuudaa Taaliguu MNO fi Qabatama Jiru

Naannoon Oromiyaa qabeenya albuudaatiin badhaatuu yoo taatu, akka biyyaatti naannolee hojiiwwan misooma albuudaa keessatti babal'atan keessaa sadarkaa

[61]Bulchiinsa Qabeenya albuudaa irratti fakkeenyaaf muuxannoo biyya Hindii.

jalqabaa irratti argamti.[62]Mootummaan Naannoo Oromiyaa qabeenya albuudaa naannoo isaa keessatti argamu taaliguuf (bulchuuf) aangoo heera RDFI tiin kennameef qaba. Haa ta'u malee, Heerri RDFI kwt 52(2d) irratti mootummaaleen naannoo aangoo qabeenya uumamaa bu'uura seera mootummaan federaalaa baasuun hogganuu akka danda'an ibsuu alatti aangoon kun hojiiwwan akkamii of keessatti akka qabatu hin ibsu. Barreeffamootni garagaraa akka ibsanitti, qaamni qabeenya uumamaa taaligu ykn bulchu qabeenya kana ilaalchisee seerota qaama seera baasuuf aangoo qabuun bahan raawwachiisuu (executive power) akka ta'e akeeku. Muuxannoon biyyoota sirna federaalizimiitiin bulanii akka agarsiisutti,[63] qaamni aangoo qabeenya albuudaa akka bulchuu fi to'atuuf aangeffame aangoo qabeenya sana irratti hayyama albuudaa gosa adda addaa kennuu, haaressuu, haquu; qabeenya albuuda liiziin kennuu, bakka hojiin misooma albuudaa gaggeeffamutti to'annaa fi hordoffii eegumsa naannoo taasisuu, lafa hojiin misooma albuudaa irratti gaggeeffamu irraa kiraa lafaa sassaabuu, royaalitii sassaabuu fi k.k.f ni qabaata.

Labsiin hojiiwwan albuuda federaalaa lakk 678/2002 ifatti qabeenya albuudaa bulchuun maal akka ta'e hiikkoodhaan kaa'uu baatus, kutaan shanaaffaa labsichaa mata duree guddaa "bulchiinsa (administration)" jedhu jalatti, hojiiwwan aangoo qabeenya albuudaa bulchuu ykn taaliguu ilaalan waan ta'eef, aangoon qabeenya albuudaa taaliguu ykn bulchuu maal akka ta'e sirriitti kan akeeku dha. Haaluma kanaan, qaamni gosa hojii albuudaa akka hayyama irratti kennuuf aangoon kennameef aangoo bulchiinsaa garagaraa akka qabaatu tumaa labsichaa keewwata 52(4) irraa ni hubatama. Aangoowwan kunniin iyyata hayyamaaf dhiyaatu keessummeessuu, hayyama kennuu, hayyama haquu, hayyama fooyyessuu, waliigaltee raawwachuu, hordoffii taasisuu, qaamni

[62]Af-gaaffii Obbo Yirdaw Nagaash, D/Olaanaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.
[63]Fakkeenyaaf Muuxannoo bulchiinsa qabeenya albuudaa biyya Indiyaa fi Maaleezyi'aa.

hayyama hojii albuudaa fudhatu dirqamoota hayyamni albuudaa kaa'u bahachuudhaaf qabeenya maallaqaa gahaa fi gahumsa teknikaa gahaa ta'e qabaachuu isaa mirkaneessuu, kaffaltiiwwan rooyaalitii, kiraa fi kanneen biroo sassaabuu fi odiitii gochuu, hojiin hojjetamu faalama naannoo kan hin uumne ta'uu mirkaneessuu fi hojiiwwan albuudaa akkaataa labsii, dambii fi qajeelfama bahee fi waliigaltee jiruun hojjetamaa jiraachuu isaa hordofuu fi mirkaneessuu, odeeffannoo fi galmee herregaa abbaa hayyamaa gaafachuun fuudhuu fi kanneen biroo dabalata.[64]

MNO qabeenya albuudaa daangaa naannoo isaa keessatti argamu bulchuuf aangoo heeraan kennameef kan qabu ta'us, qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru mootummaan naannichaa aangoo heeraan isaaf kenname hojiirra oolchaa akka hin jirre kan agarsiisuu dha. Labsiin Bulchiinsa Albuudaa Federaalaa lakk.678/2002 kutaan 5ffaa jalatti dhimmoota bulchiinsa aangoo bulchiinsaa bakka lamatti qooduun mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannootiif kennee jira. Labsichi aangoo hojii albuudaa aadaa, investeroota biyya keessaaf hojii albuuda tajaajila industiriif oolan xiqqaa irratti hayyama kennuu, albuudota ijaarsaa irratti hojii albuudaa xixiqqaa fi gurguddaa fi albuudota industirii fi ijaarsaa irratti hayyama barbaacha albuudaa kennuu, hayyama qorannoo albuudaa, hayyama albuuda qabatanii turuu kennuu, akkasumas, albuudota olitti ibsamaniin alatti jiran irratti waraqaa ragaa argannoo (certificate of discovery) kennuuf mootummaalee naannootiif aangoo kennee jira.[65] Aangoo hayyama kennuu hojiiwwan albuudaa kanneen biroo mootummaalee naannoof kennamaniin ala jiran hundaa mootummaa federaalaaf kennee jira.[66]

Dabalataanis, labsiin qaamolee hojii raawwachiistuu mootummaa federaalaa hundeessuu fi aangoo isaanii murteessuuf bahe labsiin lakk. 1097/2010

[64]Labsii Albuudaa lakk.678/2002, kwt 52(4).
[65] Labsii Albuudaa Lakk 678/2002, kwt52(1).
[66] Labsii Albuudaa Lakk 678/2002, kwt 52(2)(b)(c)(d).

keewwata 24 jalatti aangoowwan Ministeera Albuudaa fi Peetrooliyeemiif kenname keessaa tokko namoota dhuunfaa hojii misooma albuudaa irratti bobba'uu barbaadaniif hayyama kennuu dha.[67] Kun immoo, qoodiinsa aangoo heerri RDFI qabeenya uumamaa irratti taasise kan faallessu dha. Heerichi mootummaan federaalaa bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti seera akka tumuuf aangesse malee, aangoon bulchiinsaa hin kennine. Qabeenya albuudaa mootummaan federaalaa akka bulchu, hayyama akka kennu maaliif akka taasifame mootummaan federaalaa yammuu gaafatamu; deebiin kennamu naannoleen qabeenya albuudaa kana hunda bulchuuf humna akka hin qabne kan jedhu dha.[68]

Gama biraan, labsiin qaamolee hojii raawwachiiftuu MNO irra deebiin hundeessuuf bahe lakk. 213/2010 A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa seera irratti hundaa'uun qabeenya albuudaa naannichaa ni bulcha jedha.[69] Dabalataanis, A/Taayitichaaf aangoo bulchiinsaa hunda bifa guutuu ta'een kennee kan jiru yammuu ta'u, kanneen keessaa namoota hayyama barbaachaa yookiin qorannoo yookiin oomisha yookiin naannessa albuudaa argachuuf gaaffii dhiyeessan akka keessummeessu, hayyama akka kennu, haaromsu, raawwii isaa akka hordofu, to'atu, dhorkuu fi haqu aangeffamee jira.[70]MNO Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa fooyya'ee bahe lakk. 223/2012 baasuun hojiirra kan oolche yoo ta'u, labsichi hojiiwwan oomisha albuudaa fi albuudaan walqabatanii Naannoo Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa kan qabaatu akka ta'e akeeke

[67] Labsii Albuudaa Lakk 678/2002, kwt 24(1)(i).
[68] Af-gaaffii Obbo Zewuduu Taaddasaa, Daayerektera Daayeroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.
[69] Labsii Qaamolee Raawwachiiftuu MNO Irra Deebiidhaan Gurmeessuu, Aangoofi Hojii Isaanii Murteessuuf bahe, Labsii Lakk.213/2011, kwt 39 (4).
[70] Labsii Lakk 213/2011,kwt 39.

ta'us,[71] A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa hayyama hojiiwwan albuudaa aadaan oomishamu, hayyama oomisha albuudaa sadarkaa xiqqaa addaa (special small scale mining), abbaa qabeenyaa biyyaa keessaatiif yoo ta'e hayyama qorannoo fi qabatanii turuu albuudaalee ijaarsaa fi industirii, albuudaalee industirii irratti hayyama oomisha albuuda sadarkaa xiqqaa fi sadarkaa guddaa irratti qofa hayyama akka kennu; haaromsu; dhorku yookiin haquuf aangeffamee jira. Labsich keessatti hayyamoota hojiiwwan albuudaa kanneen biroo armaan olitti eeramaniin ala jiran irratti A/Taayitichaaf aangoon hayyama kennuu, haaressuu, dhorkuu fi haquu hin kennamne.

Dabalataanis, labsiin kun hayyamni albuudaa sadarkaa Mootummaa RDFI tti bu'uura seera rogummaa qabuun kennamu akkuma eegametti ta'ee, hayyamni albuudaa naannicha keessatti kan kennamu, haaromfamu, haqamu yookiin addaan kutamu Abbaa Taayitichaatiin qofa akka ta'ee fi isaan alatti, qaamni kamiyyuu hayyama albuudaa kennuu, haaromsuu, haquu yookiin addaan kutuu akka hin dandeenye tumee jira. [72] Labsiin hojiiwwan misooma albuudaa federalaa aangoo hayyama kennuu hojiiwwan albuudaa muraasa naannoleef kennameen ala jiran hunda mootummaa federaalaaf kennee kan jiru yoo ta'u, aangoowwan kunneen hayyama hojii albuudaa gurguddaa (large scale mining) fi xixiqqaa (small scale mining) hedduu of keessatti kan hammatuu fi hayyama hojii albuudaa investeroota lammii biyya alaaf kennaman hunda kan dabalatu dha.[73] Kun kan agarsiisu, raawwatiinsi labsichaa hayyama hojiiwwan misooma albuudaa labsii hojiiwwan albuudaa federaalaan naannoleen akka kennaniif aangeffaman qofa irratti kan daanga'u akka ta'e dha. Hima biraan, labsiin hojiiwwan misooma albuudaa Oromiyaa aangoo bulchiinsa albuudaa heeraan

[71] Labsii Bulchiinsa Hojiiwwan Misooma Albuudaa Naannoo Oromiyaa Irra Deebiidhaan Fooyyessuuf Bahe, Lakk. 223/2012, kwt 4.
[72]Miil-jalee olii,kwt 17(1)(2).
[73] Miil-jalee olii, kwt 52(2A).

isaaf kenname mootummaan federaalaa labsii hojiiwwan albuuda baaseen qooddatee jiruuf beekamtii kan kennedha jechuun ni danda'ama.

Bulchiinsa hojiiwwan misooma albuudaa ilaalchisee qabatamni jiru maal akka fakkaatu qaamolee Mootummaa Naannoo Oromiyaa albuuda naannichaa akka bulchaniif aangoon seeraan kennameef irraa daataan sassaabne bal'ina rakkoo kanaa kan agarsiisu dha. Akka hirmaattonni qorannoo kanaa jedhanitti:

> *"MNO heeraan qabeenya albuudaa naannichaa akka bulchuuf kan aangeffamee jiru ta'us, Oromiyaa keessatti irra jireessaan hayyamoota sadarkaa guddaa fi hayyamoota albuuda kabajamoo irratti hayyama kennaa kan jiru mootummaa Federaalaati.* [74] *Hayyamoota hojii albuudaa gara garaa sadarkaa gurguddaa fi xixiqqaa Oromiyaa keessa jiru keessaa hayyama 76 kan tahu irratti hayyama kan kennee jiruu fi bulchaa jiru mootummaa federaalaa ti.* [75] *Hayyamoota mootummaan federaalaa kennu irratti immoo A/Taayitaa Misooma Albuuda Oromiyaa hojii bulchiinsaa hojjetu kan hin qabnee fi darbee, darbee hojii deeggersaa taasisuu fi rakkoon yoo jiraate qaama mootummaa federaalaa dhimmichi ilaallatuuf odeeffannoo kennuu qofa dha."*[76]

Daataan godinoota Oromiyaa hojiin albuudaa keessatti babal'atu irraa sassaabne akka agarsiisuttis, waajjiraaleen albuuda akka bulchaniif sadarkaa godinaa fi aanaatti gurmaa'anii jiran kenna hayyama hojii albuudaa dhaabbilee gurguddoon hojii albuudaa naannoo isaanii keessatti bobba'anii irratti homaa dhageettii hin qabani.[77] Kana malees, hojiiwwan albuudaa hayyamni isaa

[74] Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayireektera Daayiroktareetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.
[75] Daataa istaatiksii mana galmee A/Ta/Mi/Albuudaa Oromiyaa irraa argame.
[76] Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Daayirektera Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.
[77] Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo, A/Ad/Bu/A/Ke/Hayyamaa fi Obbo Nageessaa Luxee,Ogeessa Ho/ G/Pi/Hawaasaa A/Ta/Mi/Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012; Af-gaaffii Aadde Asnaaqech Laggasaa, I/Gaafatamtuu fi Obbo Boggaalee Tufaa,

mootummaa federalaa irra kenname irratti hojii to'annaa fi hordoffii gaggeessuu akka hin dandeenyee fi dhaabbileen kun gonkumaa isaan waliin akka hin dubbanne, mooraa isaaniis akka hin seensifnee fi hariiroon isaanii mootummaa federaalaa waliin malee naannoo waliin akka hin taane hirmaattonni qorannoo kanaa bal'inaan kaasu.[78]

Aangoon hayyama kennuu fi hayyama kennuun wal-qabatee jiru sadarkaa hayyamaa bu'uura godhatee bakka mootummaa federaalaa fi mootummaalee naannoo gidduutti qoodamee jirutti, hangi oomishaa durfamee kan beekamu waan hin ta'iniif, gumee ykn iyyata abbaan hayyamaa dhiyeeffatu irratti hanga oomishaa taa'e bu'uura kan godhatu waan ta'eef, rakkoo iftoominaa qabaata. Kana irraan kan ka'e, hayyamootuma sadarkaa guddaa jedhamee mootummaa federaalaatiin kennamu irratti qabatamaadhaan hojiin lafa irratti hojjetamu garuu kan sadarkaa xiqqaa ta'ee, oomishni oomishamus, sadarkaa xiqqaa ta'ee yeroo argamutu jira.[79] Kana jechuun, MNO kanuma seeraanuu hojiiwwan albuudaa irratti aangoon bulchiinsaa qoodamtee kennamteef kana bakka tokko tokkotti harkaa hin qabu jechuu dha.

4.1.3. Galii fi Qoodiinsa Galii Hojiiwwan Albuudaa

Heerri RDFI hojiiwwan albuudaa sadarkaa guddaa irraa, taaksiiwwanii fi rooyalitii argamu mootummaan federaalaa fi mootummooleen naannoo waloon kan murteessanii fi sassaaban akka ta'ee [80] fi hojiiwwan albuudaa kanaan ala

A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Ta/Mi/Albuudaa Go/Sha/Bahaa waliin gaafa 16/07/2012; Af-gaaffii Aadde Ayyalech Teshoomee, hoggantuu fi Obbo Lammeessaa Bayyanaa, Og/Ke/Hayyamaa A/Ta/Mi/Albuudaa Go/A/N/Finfinnee waliin gaafa 09/07/2012; Af-gaaffii Obbo Biraanuu Qixxaataa, B/Bu'aa A/Ta/Mi/Albuudaa Go/Sha/Lixaa waliin gaafa 19/06/2012; Af-gaaffii Obbo Magarsaa Taaddasaa, O/Ji/Ad/Ke/Hayyamaa A/Ta/Mi/Albuudaa Go/Jimmaa waliin gaafa 25/06/2012; Af-gaaffii Obbo Alii Huseen I/Gaafatamaa D/Mi/Albuuda A/Dedoo duraanii waliin gaafa 24/06/2012 fi Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Ga/A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[78] Afgaaffiiwwan, Akkuma 77[ffaa].

[79] Afgaaffiiwwan, Akkuma 78[ffaa].

[80] Heera Motummaa RDFI, kwt 98(3).

jiran irratti aangoon taaksii fi royaalitii murteessuu fi sassaabuu kan mootummoolee naannoo akka ta'e akeeka.[81] Tumaaleen heeraa akkuma jiranitti ta'ee, qabatamni seeraa fi hojimataa jiru maal akka fakkaatu beekuuf seerota garagaraa kan ilaallee fi qaamolee dhimmi isaa ilaallatu kan dubbisnee yoo ta'u, haala armaan gadiin xiinxalameera.

Royaalitii hojiiwwan albuudaa ilaalchisee, labsiin hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2002 keewwata 52(4)(i) jalatti aangoo Abbaa Taayitaa hayyama kennuu yammuu tarreessu, akkaataa qoodiinsa aangoo hayyama kennuu labsicha keessa taa'een Abbaan Taayitaa hayyama kenne hojii albuudaa hayyama kenname irraa royaalitii, kiraa fi kaffaltiiwwan biroo kaffalamu hunda akka sassaabuu fi oodiitii godhu aangeffamee jira. Kana jechuun, Ministeerri Albuudaa fi Petirooliyemii hayyamoota hojii albuudaa ofiif kenne irraa kaffaltiiwwan akka royaalitii, kiraa fi kanneen biroo ofiif ni sassaaba. A/Taayitaa misooma albuudaa Oromiyaas, akkaataa labsii albuudaa federaalaa kana keessa teechifameen hayyama hojii albuudaa ofiif kenne irraa galiiwwan olitti eeraman kan sassaabuu fi odiitii taasisu ta'uun tumaa seeraa kana irraa ni hubatama.

Dambii hojii albuudaa lakk. 423/2010 keessatti akkaataan kaffaltii royaalitii haguuggii argate kan hojii albuudaa sadarkaa guddaa qofaa dha.[82] Kana jechuun, hojiiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi gariin kabajamoo, albuudota industirii mootummaan federaalaa hayyama irratti kennuuf bu'uura keewwata 52 tiin kennameef ilaalchisee, akkaataa kaffaltii fi hanga kaffaltii royaalitii isaa qaama kamtu murteessa? Qaama kamtus sassaaba kan jedhu irratti iftoominni hin jiru. Labsii Albuudaa Federaalaa Lakk. 678/2002 jalatti, hangaa fi akkaataa kaffaltii royaalittii hayyamoota hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa kan murtaa'e seera naannoleetiin ta'uu kan tumu yoo ta'u, labsichi keewwata 52(4)(i) irratti, royaalitii fi kaffaltiiwwan biroon kan funaanamu

[81] Heera Motummaa RDFI, kwt 97(8).
[82] Dambii Hojii Albuudaa lakk.423/2010, kwt 44(1).

qaama hayyama kenneen akka ta'e agarsiisa. Kun immoo, Ministeerri Albuudaa fi Petirooliyamii seera naannoleen baafatu bu'uura godhatee royaalitii hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa ofii kenne irraa sassaabaa?gaaffii jedhu kaasisa.

Bu'uuruma irraa heerri RDFI keewwata 97(8) jalatti, royaalitii fi kaffaltiiwwan biroo hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa kan murteessuu fi sassaabu naannolee ta'uu waan ibsuuf, labsiin albuudaa federaalaa Ministeerrii Albuudaa fi Petrooliyeemii royaalitii hayyama hojii albuudaa xiqqaa akka sassaabuuf aangessuun isaa heericha waliin kan wal-faallessu dha. Dhimma kana irratti hirmaataan qorannoo tokko yaada nuuf kennaniin, "Mootummaan Federaalaa hayyamoota hojiiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi albuudota indastirii irratti invastaroota lammiilee alaaf kennamu irratti A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa royaalitii ofiif akka funaanu qajeelchanis, Abbaan Taayitichaa hayyamichi ofiif waan hin kenniniif, ragaas of harkaa waan hin qabneef royaalitii funaanuu kan hin dandeenye ta'uu dha".[83]

Gibira galiin wal-qabatee labsiin hojiiwwan albuudaa lakk.678/2002 gibirri galii hojii albuudaa sadarkaa guddaa bu'uura labsii gibira galii lakk. 53/1985 tiin kan kaffalamu ta'uu fi gibirri galii hojii albuuda sadarkaa xiqqaa, xiqqaa addaa fi aadaa kan sassaabamu bu'uura seerota naannoleen baasaniin akka ta'e akeeka.[84] Labsiin hojiiwwan albuudaa federaalaa dhimmi gibira galii hojii albuuda sadarkaa xiqqaa seerota naannoleen baasaniin kan hogganamu ta'uu akeekus, hirmaattoota qorannoo af-gaaffiin dubbifnerraa kan hubachuun danda'ame; mootummaan federaalaa hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa ofiif kennu irraa akkasumas, hayyama hojii albuudaa xiqqaa naannichaa irraa fudhataman

[83]Af-gaaffii Obbo Zewuduu Taaddasaa, Daayireektara Daayiroktoreetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.
[84]Labsii Hojiiwwan Albuudaa Lakk.678/2002, kwt 65(1) fi (2).

ta'anii warreen hayyama daldalaa isaanii Finfinneetti galmeessisan irraa gibira galii kan sassaabaa jiru mootummaa federaalaa akka ta'e kaasu.[85]

Hayyamoota hojii albuudaa sadarkaa guddaa irraa galii gibiraa fi royaalitii argamu ilaalchisee heerri RDFI mootummaan federaalaa fi mootummaan naannoolee waloodhaan kan murteessanii fi sassaaban ta'uu kan akeeku yoo ta'u, qabatamni jiru mootummaan federaalaa seera ofii baasuun kan murteessuu fi kan sassaabu ta'uu agarsiisa. Qoodiinsi galii taaksiiwwan mootummaalee lamaan murteessuu fi sassaabuuf qaban aangoo irratti qaban kan raawwatamu qabu waliigalteedhaan ta'uu qaba. Qabatamni jiru kan agarsiisu, MNO taaksiiwwan kana murteessuu fi sasssaabuu keessatti hirmaannaa homaatuu hin qabu. [86] Galiiwwan hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa sassaabamu mootummaan federaalaa murteessuun sassaabee akkaataa foormulaa Manni Maree Federeshinii bara 2004 baaseen qoodaa kan turee fi jiru[87] yoo ta'u, foormulaa haaraan Mana Maree kanaan bahe bara baajataa 2013 kaasee hojiirra oola.[88]MNO murteessaa fi sassaabbii galii kanneenii keessatti hirmaannaa waan hin qabneef, hangi royaalitii fi galii gibiraa hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa mootummaa federaalaan sassabamee meeqa akka ta'e quba waan hin qabneef

[85]Af-gaaffii Obbo Taarraqany Qana'aa, Daayireektera Karooraa fi Hordoffii A/T/Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa 16/08/2012 taasifame.

[86]Af-gaaffii Obbo Zewuduu Taaddasaa, Daayireektara Daayiroktoreetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

[87] Hojii albuuda sadarkaa guddaa irratti gibira galii irraa % 50 kan federalaa % 50 immoo kan naannolee, royaalitii % 60 kan mootummaa Federaalaa% 40 immoo kan naannolee ta'ee kan qoodamu dha. Bal'inaaf, xalayaa Ministeerri galii lakk.xalayaa /2032/9 ta'een gaafa 21/12/95 barreesse ilaaluun ni danda'ama.

[88] Hojii albuuda sadarkaa guddaa irraa gibira galii sassaabamu keessaa %50 naannoo hojiin albuudaa sun keessatti argamuuf kan hafe %50 immoo mootummaa federaalaaf, royaalitii sassaabamu keessaa immoo % 50 naannoo hojiin albuudaa sun keessatti,% 25 immoo mootummaa federaalaaf % 25 naannolee qabeenya uumamaa hin qabne gidduutti akkaataa foormulaa qophaa'uun kan qoodamu ta'a. Bal'ina isaaf xalayaa Ministeerri Galii lakk.xalayaa 3.4/1/11 ta'een gaafa 05/11/2011 barreesse ilaaluun ni danda'ama.

(hin beekneef) qoodiinsa isaa irratti gaheen isaa meeqa akka ta'e beekuu hin danda'u.[89]

4.1.4. Miidhaa Qabatamni Seeraa fi Hojimaataa Jiru Dhaqqabsiisu

Akkuma kutaa 2^ffaa qorannoo kanaa keessatti ilaaluuf yaalle, bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti qoodiinsi aangoo kan taasifamu bu'a qabeessummaa, dandeettii, itti gaafatamummaa, marartoo fi dantaa biyyolessaa giddu galeessa godhateeti. Dhimmoota bu'a qabeessummaa fi dandeettii madaaluuf hojiirra oolfaman keessaa tokko dhaqqabummaa fi itti dhiheenya qabeenya albuudaa waliin jiru ta'uu seenaan guddina qoodinsa aangoo federaalizimii qabeenya uumamaa ni agarsiisa. Heerri RDFIs, haalota kanneen tilmama keessa galchuun qabeenya uumamaa irratti mootummaan federaalaa seera akka baasu mootummooleen naannoo immoo seera mootummaan federalaa baasu bu'uura godhachuun qabeenya kana akka bulchaniif aangoo qoodee jira. Haa ta'u malee, qabeenya albuudaa irratti qabatamni seeraa fi hojimaataa jiru hedduun adeemsa heeraa kan eeggate akka hin taane kana garsiisu dha. Armaan gaditti miidhaa qabatamni kun qaqqabsiisu tokko tokkoon ilaaluuf yaalla.

4.1.5. Mirga Ofiin of Bulchuu (The Right to Self Admnistration)

Uummanni Oromoo qabeenya uumamaa qe'ee isaa irra jiru irratti abbaa waan ta'eef, bulchiinsa qabeenya kanaa keessatti hirmaannaa qabaachuun agarsiistuu birmadummaa isaa keessaa tokkoo dha. Heerri RDFIs, naannooleen qabeenya uumamaa naannoo isaanii keessa jiru akka bulchaniif aangessuun isaa mirga hiree ofiin of bulchuu uummattoonni heerichaan qaban milkeessuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Qabatama amma jiruun, hojiiwwan albuudaa sadarkaa

[89] Af-gaaffii Obbo Zewuduu Taaddasaa, Daayireektera Daayiroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame., Afgaaffii Obbo Taarreqeny Qana'aa, Daayirektera Karooraa fi Hordoffii A/T/Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa 16/08/2012 taasifame,

guddaadhaan kennamanii fi bal'inaan albuudota dinagdee naannichaa fi uummata naannichaaf bu'aa guddaa argamsiisuu danda'an kanneen akka Warqii ykn Sookoo, Pootaashii, Taantalamii, Cilee Gurraachaa fi kan kana fakkaatan irratti hayyama kennuu dabalatee hojii bulchiinsaa mara ofiif duguugee kan hojjetaa jiru mootummaa federaalaati. Qaamoleen mootummaa naannichaa albuuda naannicha keessa jiru akka bulchaniif seera Caffeen Oromiyaa baaseen aangeffamanii sadarkaa, sadarkaadhaan gurma'anii jiran hojiiwwan albuudaa kanneen irratti hirmaannaa bulchiinsaa kan hin qabne ta'uun isaanii[90] mirga ofiin of bulchuu uummataa kan dhiibu dha jechuun ni danda'ama.[91]

4.1.6. Bu'a qabeessummaa Bulchiinsa Qabeenya Albuudaa

Qabeenya uumamaa irratti barbaachisummaa aangoo al-waaltessuun qabu keessaa tokko hojiin bulchiinsaa qaama mootummaa dhimma sanatti dhihoo jiruun raawwatamuun isaa karaa hedduu bu'a-qabeessa waan taasisuufi.[92]Heerri biyyattii, aangoo qabeenya albuudaa bulchuu naannoleef yammuu kennu sababoota mataa isaa qaba jedhamee tilmaamama. Bulchiinsa qabeenya uumamaa dhimmoota bu'a-qabeessa taasisan keessaa tokko qabeenyichatti itti siqeenya dhihoo (close proximity) qabaachuu dha. Hojiiwwan albuudaa Naannoo Oromiyaa keessa jiran mootummaan federaalaa hayyama kennuun bulchuun isaa fi qaamoleen Mootummaa Oromiyaa sadarkaa, sadarkaan jiran bulchiinsa isaa keessaa hirmaannaa dhabuun isaanii bu'a-qabeessummaa hojiiwwan misooma albuudaa kan miidhaa jiru ta'uu daataan qorannoo arganne

[90] Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo, A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012; Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shawaa Bahaa waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

[91] Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Gaafatamaa fi Obbo Wandimmuu Kushuu Ogeessa Bulchiinsaa fi Hojii Albuuda A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[92] Julie Davidson , Allan Curtis , Elaine Stratford & Rod Griffith, Governance Principles for Natural Resource Management, Society & Natural Resources, p.993, availbale at http://dx.doi.org , accessed on 21/11/2019.

ni mul'isa. Mootummaan federaalaa hayyama hojii albuudaa yammuu kennuu fi haaressu hawaasa naannoo fi caasaalee mootummaa naannichaa gara gadii jiran kan hin mariisifnee fi hin hirmaachisne ta'uu isaarraa kan ka'e, akkasumas qaamni hojii kana itti siqeenyaan hordofuun hawaasni naannoo fayyadamaa akka ta'u ta'uuf hojjetu waan hin jireef, uummanni dhaabbilee hojii kana irratti bobba'an akka diinaatti ilaaluu fi inumaatuu al tokko tokko akka irratti fincilu kan taasisu ta'uu af-gaaffii hirmaattota qorannoo waliin goone irraa hubachuu ni danda'ama.[93]Kana irraan kan ka'e uummatichatti miirri abbummaa qabeenya uumamaa kanaa waan itti hin dhaga'aminiif qabeenyicha mancaatiif kan saaxiluu dha.[94]

Qaamoleen mootummaa naannichaa aangoo albuuda bulchuu seeraan qaban ragaan guutuu oomishtoota hayyama mootummaa federaalaa irraa fudhatan kanneen akka; bal'inni lafaa daangaa hayyama isaanii, qabiyyee waliigaltee fi k.k.f beekuu dhabuu isaanii irraan kan ka'e hordoffii gochuu waan hin dandeenyeef babal'ifannaan lafa albuudaa seeraan alaa akka mul'atu hirmaattonni qorannoo ni ibsu.[95]Mootummaan federaalaas, hojiiwwan albuudaa ofiif hayyama irratti kenne kana yeroo, yeroodhaan itti siqeenyaan waan hin hordofneef oomishtootni to'annaa fi hordoffii malee waan socho'aniif, qabeenya kana seeraan ala babal'ifannaadhaan itti gargaaramuutu mul'ata.[96] Kana malees, sababa dhabamuu hordoffii fi to'annaa irraan kan ka'e hangi oomishaa guyya

[93]Af-gaaffii Obbo Olkoo Adoolaa, B/Bu'aa Deeskii Misooma Albuudaa Aanaa Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012; Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

[94]Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo, I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012; Afgaaffii Aadde Ayyalech Teshoomee, hoggantuu A/Ta/Misooma Albuudaa Go/A/N/Finfinnee waliin waliin gaafa 09/07/2012; Afgaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

[95]Afgaaffiiwwan, Akkuma 94[ffaa].

[96]Af-gaaffii Obbo Baqqalaa Badhaasoo I/Gaafatamaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa fi Obbo Wandimmuu Kushuu Ogeessa Bulchiinsaa fi Hojii Albuudaa A/T/M/Albuudaa A/Dugdaa waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

guyyaa kan hin beekamne, akkasumas eessaa akka oomishame waan hin beekamneef sochiin albuuda seeraan alaa akka babal'atu taasiseera.[97]

4.1.7. Galii Qabeenya Albuudaa

Qabatama jiruun, hojiiwwan albuudaa sadarkaa guddaa mootummaan federaalaa hayyama irratti kenne irraa galii gibiraa, royaalitii fi kaffaltiiwwan biroo murteessuun sassaabaa kan jiru mootummaa federaalaa yoo ta'u, qoodiinsi isaa foormulaa Manni Maree Federeeshinii baaseen qoodamaa kan jiru dha. Haa ta'u malee, MNO hayyamoota kanneen irraa hanga oomisha albuudaa fi galii sassaabame waan hin beekneef, sassaabbii isaa keessattis hirmaannaa waan hin qabneef; galii isaaf qoodamuu qabu sirriitti beekee gaafachuu hin danda'u. Dabalataanis, qaama qoodinsa galii hojiiwwan albuudaa irraa argamu raawwatu keessatti hirmaannaa kan hin qabne waan ta'eef, adeemsichi iftoomina kan qabu miti jechuun ni danda'ama.[98] Kana irraan kan ka'e, mootummaan naannichaa galii qabeenya kanarraa argachuu malu sirnaan beekee gaafachuu hin danda'u.[99]

Gama biraan, hordoffii fi to'annoo qaamni mootummaa federaalaa hojii albuudaa kana irratti taasisu baay'ee laafaa ta'uu isaa irraan kan ka'e, hayyamoota hojiiwwan albuudaa ofii kenne irratti rooyaaliitii funaanuuf mootummaan federaalaa bakkeewwan oomishaatti hin sassaabneef kaffaltiin rooyalitii sirnaan karaa ifa ta'een sassaabamaa hin jiru.[100] Kun immoo

---

[97] Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Daayerektera Daayeroktereetii Kennaa Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame;Af-gaaffii Obbo Nageessaa Luxee Ogeessa Hordoffii fi Gamaggama Pirojektii Hawaasaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii, waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

[98] Af-gaaffii Obbo Zewduu Taddasaa, Daayerektera Daayeroktereetii Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifamee; fi Dame Chali, Mesfin Debebe, Teferi Bekele, Abdi Aseffa and Jemal Beriso; *Challenges of Taxation Power in Oromia National Regional State: Analysis of Constitution, Law and Practice;* A Research Conducted in Collaboration with Oromia State Leadership Academy and Oromia Justice Sector Professionals Training and Legal Research Institute, 2011, F 60.

[99] Akkuma 98[ffaa].

[100] Af-gaaffii Obbo Zewuduu Taddasaa, Dayerektera Daayeroktereetii Kennaa Hayyamaa Fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

oomishtoonni kaffaltii royaalitii kaffaluu qaban dhoksuu (tax evasion) akka danda'aniif karaa banuun galii naannichi argachuu qabu miidhaa akka jiru hirmaataan qorannoo tokko ni ibsu.[101]

Hayyama hojiiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa mootummaa federaalaan kennaman irraa kaffaltii royaalitii sassaabuun wal-qabatee tumaa labsii hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2002 kwt 52(4)(i) irraa kan hubatamu kaffaltiin royaalitii, gibira galii fi kanneen biroo kan sassaabu qaama hayyama kenne yoo ta'u, tumaan labsichaa keewwatni 63(3) immoo kaffaltiin royaalitii kan sassaabamu bu'uura seera naannoleen baafatanii ta'uu agarsiisa. Ministeerri Albuudaa fi Petrooliyemii hayyama hojii albuudaa xiqqaa irraa naannoleen rooyalitii akka sassaabbatan qaamolee albuuda bulchaniif kan ibse ta'us, A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa ragaa abbootii hayyamaa kana of harkaa kan hin qabnee fi hayyama kana waan hin bulchineef royaalitii hojiiwwan albuudaa kana irraa argamu sassaabuu hin dandeenye.[102] Kunis galii naannichi hojiiwwan albuudaa kanarraa argachuu qabu kan hambisaa jiru ta'uutu hubatama. Gibira galii hayyama hojii albuuda sadarkaa xiqqaa mootummaan federaalaa kennu irraa argamu ilaalchisees mootummaa federaalaa bakka galmeessa daldalaa bu'uura godhachuun ofiif sassaabaa kan jiru waan ta'eef,[103] gama kanaan MNO galii ofii silaa sassaabbatu dhabaa jira.

4.1.8. Kunuunsaa fi Eegumsa Naannoo

MNO hojiiwwan albuudaa naannicha keessatti gaggeeffaman naannoo irratti dhiibbaa geessiisaa kan hin jirre ta'uu isaanii hordofuuf hojichi bu'uura seera eegumsa naannoo hin faallessine waliin gaggeeffamaa jiraachuu irratti to'annoo gaggeessuuf, akkasumas bakka badiin jirutti tarkaanfii fudhachuuf aangoo heera

[101] Akkuma 100ffaa.
[102] Akkuma 101ffaa.
[103] Afgaaffii Obbo Ramadaan, Ogeessa Seeraa A/Taayitaa Galiiwwan Oromiyaa waliin gaafa 09/10/2012 taasifame.

irraa madde qaba. Akkaataa labsii hojiiwwaan albuudaa lakk. 678/2002 kwt 52(4)(j) tiin qaamni hayyamaa albuudaa kennu hojiin albuudaa gaggeeffamu naannoo irratti miidhaa akka hin qaqqaabsiisnee fi hojiin hojjetamu hawaasa naannoo kan fayyadu ta'uu isaa mirkaneessuuf dirqamaa fi aangoo akka qabu akeeka.[104]Hojii eegumsa nannoon wal-qabatee jiru irratti dambiin hojiiwwan albuudaa lakk. 423/2010 tumaalee hojiirra oolmaa labsii kanaaf ta'an kan qabatee jiru yoo ta'u, akkaataa dambii kanaatti hojiin eegumsa naannoo kan to'atamu qaama hayyama hojii albuudaa kennee fi Komiishinii Eegumsa Naannoo, Bosonaa fi Jijjiirama Qilleensaa ti.[105]

Akkaataa labsii fi dambii hojiiwwan albuudaa lakk. 678/2001 fi 423/2002, duraa duubaanitti, hojiin to'annaa fi hordoffii eegumsa naannoo kan hojjetamu qaama hayyama kenneen akka ta'e hubachuun ni danda'ama. Haalli kun, mootummaan federaalaa hojicha itti dhiheenyaan kan hordofuu fi to'atu waan hin ta'iniif, naannoowwaan hojiin kun itti gaggeeffamutti faalama naannoof karaa saaqeera. Hirmaattonni qorannoo kanaa hojiiwwan albuuda sookoo (warqii) laga dambii, hojii albuudaa taantalam Qaanxichaa, hojii albuudaa pootaashii haroo Abijaataa, hojiiwwan albuudaa puumisii, Warshaa Siimmintoo Darbaanii fi k.k.f irratti dhiibbaa eegumsa naannoo irratti qaqqabsiise akka fakkeenyaatti kaasuun faalama naannoo irratti qaqqabeef to'annaa fi hordoffiin itti dhiyeenyaa dhabamuu akka ta'e dubbatu.[106] Qaamni hayyama kennu bakka hojiin albuudaa itti argamu irraa fagoo ta'uu isaa irraan kan ka'e bakkeewwan eegumsa naannoo

[104]Labsii Hojii Albuudaa Lakk.678/2002, kwt 60(1) fi (2).
[105]Dambii Hojiiwwan Albuudaa Lakk.423/2010, kwt 39(2).
[106] Af-gaaffii Obbo Sintaayyoo Barreettoo A/Ad/Bulchiinsa Albuudaa fi Kenna Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa G/Gujii waliin gaafa 17/06/2012; Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Sh/Bahaa waliin gaafa 16/07/2012; Obbo Bashir Bariisoo Ogeessa A/T/M/Albuudaa A/A/Tulluu waliin gaafa 07/07/2012; Aadde Qiddist Bantaa D/Garee E/Naannoo fi Jijjiirama Qilleensaa Go/A/O/Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012; Obbo Kumaa Dirribaa D/Garee E/Naannoo A/T/E/N/Bosonaa fi Ji/Qilleensaa Go/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame; Obbo Olkoo Adoolaa B/Bu'aa Deeskii Misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo fi Obbo Alamaayyoo Biraanuu ogeessa albuudaa Deeskii Misooma Albuuda Aanaa Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

irratti dhiibbaa qaqqabe deebisanii misoomsuu irratti hojjetaa kan hin jirre ta'uutu hubatama.[107] Dabalataanis, fandiin naannoo deebisanii misoomsuuf kaffalamuu qabu sirnaan hordofamuu akka kaffalamuu fi kan kaffalamus sirnaan hojiirra akka oolu taasisuu irratti qaamni mootummaa naannoo hordofuuf kan hin dandeenye waan ta'eef, kunis hanga ammaa sirnaan hojjetamaa hin turre.[108]

Uummatni dhiibbaa naannoo isaa irratti qaqqabuu fi miidhaan yammuu irra gahu, komii kaasuu yoo eegalu qaamoleen mootummaa Oromiyaa to'annaa fi hordoffiif gara bakkeewwan hojiiwwan albuudaa yammuu deeman, dhaabbileen oomisha albuudaa irratti bobba'an "hariiroon keenya mootummaa federaalaa waliini; nuti isin hin beeknu; federaala irra xalayaa fidaa kottaa" jechuun of irraa kan isaan deebisan ta'uu ogeeyyiin af-gaaffiin dubbisne ni dubbatu.[109] Gama biraan, hordoffii fi to'annaa akkasumas ooditiin eegumsa naannoo irratti gama qaamolee mootummaa federaalaan gaggeeffamu keessatti qaamoleen MNO dhageettii hin qabani. Akka fakkeenyaatti, Ministeerri Albuudaa fi Petrooliyemii odiitii eegumsa naannoo Midrok Warqii laga dambii irratti gaggeessee ture yaada akka itti kennuuf A/Ta/E/N/B/Ji/Qilleensaa Oromiyaatiif yoo ergu Abbaan Taayitichaa odiitii gaggeefamu kuffisus; Ministeerichi odiitii dhiyaate mirkaneessuun hayyama hojii albuudaa kan haaresse yoo ta'u, fincila

[107] Daawwannaa qorattootni bakka hojii albuudaa puumisii warshaa simmintoo Darbaaniin A/Dugdaa keessatti hojjetamaa ture amma cufame irratti argamuun gaafa 07/07/2012 taasisne. Bakka kanatti kan hubanne, warshaan kun naannoo maasii qonnaa, qonnaan bultootaa cinaatti lafa argamu keessaa boollawwan gurguddaa gadi fageenya qaban qotuun albuuda Puumisii jedhamu oomishaa kan turee fi yeroo ammaa kan cufame, boolli inni qotee jiru hanga ammaa afaan banee kan jiruu fi kan hin duudne ta'uu irraan kan ka'e hawaasa naannoo irraa miidhaa qaqqabsiisaa kan jiru ta'uu dha.

[108] Af-gaaffii Obbo Zewduu Taaddasaa, Daayirekteera Daayiroktareetii Kenna Hayyamaa fi Bulchiinsa Albuudaa A/Taayitaa Mi/Albuudaa Oromiyaa, waliin gaafa 29/08/2012 taasifame.

[109] Af-gaaffii Obbo Bashir Bariisoo Ogeessa A/T/M/Albuudaa A/A/Tulluu waliin gaafa 07/07/2012, Aadde Asnaaqech Laggasaa I/Gaafatamtuu A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shawaa fi Obbo Boggaalee Tufaa A/Ad/Bu/Ke/Hayyamaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Go/Shawaa waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

uummatni kaaseen hojichi dhaabbachuu danda'ee jira.[110] Haalli kun immoo hojiin to'annaa fi hordoffii eegumsa naannoo jiru laafaa akka ta'uu fi naannicha faalamaaf kan saaxile ta'uu hubachuun ni danda'ama.

4.2. Hooggansa Qabeenya Bosonaa

4.2.1. Aangoo Seera Qabeenya Bosonaa Tumuu

Mootummaan federaalaa imaammata eegumsa naannoo[111] baasuun hojiirra oolchee jira. Dhimmi bosonaa Imaammata Eegumsaa Naannoo[112] biyyattii keessatti dhimmoota xiyyeeffannoo argatan keessaa isa tokko dha. Imaammatichi eegumsaa fi kunuunsa bosona biyyattiif godhamuu qabuu fi hojiiwwan gama kanaan hojjetamuu malan ifatti akeekuun kaa'ee jira.[113] Akkasumas, imaammatichi seerotni ba'an dhimmoota akkamii haguuguu akka qabanii fi bulchiinsi bosonaa maal akka fakkaachuu qabu kan agarsiisu dha.[114]Seerri bosonaa yeroo ammaa hojiirra jiru Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti Fayyadama Bosonaa Lakk.1065/2010 dha.

Gama biraan, aangoon bulchiinsa qabeenya bosonaa mootummoolee naannoof kan kenname ta'uu tumaa heera biyyattii keewwata 52(2)(d) irraa ni hubatama. Qabeenya bosonaa irratti MNO labsii mataa isaa baafachuun hojii irra oolchee kan jiru yoo ta'u, labsiin kun Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa lakk. 72/1995 jedhamee kan beekamu dha. Labsiin kun kan tumame heera MNO kwt 49(1)(a) bu'uura godhachuun akka ta'e akeeka.[115] Labsiiwwan kun lamaan qabiyyeedhan yammuu ilaalaman, dhimmoota bulchiinsa qabeenya bosonaa irra jireessa isaa haguugan yoo ta'u, dhimmoota hedduu irratti wal-fakkii kan qaban ta'us

[110]Af-gaaffii Obbo Boonaa Yaaddessaa, I/A/I/Gaafatamaa D/Olaanaa fi I/G/Damee E/Naannoo A/Ta/E/N/B/Ji/Qilleensaa Oromiyaa waliin gaafa 16/08/2012 taasifame.
[111] Imaammata Eegumsa fi Kunuunsa Naannoo Itoophiyaa, bara 1989.
[112]Miil-jalee olii.
[113]Miil-jalee olii, kwt 3.
[114]Miil-jalee olii, kwt 5.
[115]Labsii Bosona Naannoo Oromiyaa Lakk.72/1995, Seensa Keeyyata 4ffaa.

dhimmoota muraasa, adabbii yakkaa dabalatee, irratti adda addummaa kan qabu dha. Kana irraan kan ka'e, qaamolee haqaa biratti hojiirra oolmaan seerota kanaa falmii garaa garaaf saaxilamee jira. Ijoon falmii dubbichaa MNO bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti aangoo seera baasuu qaba moo hin qabu kan jedhu ka'umsa kan godhate yoo ta'u, walitti bu'iinsi seerota kana lamaanii yammuu jiraatu seera isa kamtu raawwatamummaa qaba kan jedhu dha. Kanarraa ka'uun, MNO qabeenya bosona naannichaa irratti aangoo seera baasuu ni qabaa? aangoo ni qaba yoo ta'e daangaan aangichaa hanga eessaatti? qabxii jedhu haala armaan gadiin xiinxalla.

Dhimma kana irratti yaadonni gurguddoon ogeessota seeraa biratti kan calaqqisan yoo ta'u, yaadni jalqabaa, mootummaan naannichaa bu'uura heera RDFI kwt 52(2)(d) tiin aangoo qabeenya bosonaa bulchuu waan qabuuf aangoon bulchiinsaa immoo seera baasuu kan dabalatu waan ta'eef, labsii bosonaa kana baasuun isaa sirriidha; raawwatiinsas ni qaba jedhu.[116] Akka yaada garee kanaatti, mootummaan naannichaa seera osoo hin baasin qabeenyicha bulchuu hin danda'u waan ta'eef, seera rogummaa qabu kan bulchiinsa qabeenya bosonaa hogganu baasuun isaa sirrii dha.

Yaadni 2ffaan, bu'uura irraa aangoon qabeenya bosonaa irratti seera baasuu kan mootummaa federaalaati; aangoon qabeenya kana seera mootummaan federaala baasu bu'uura godhachuun bulchuu immoo kan mootummooleen naannoo ti kan jedhu dha. Ogeeyyiin yaada kana tarkaanfachiisan akka qajeeltootti, aangoon bulchiinsa bosonaa irratti seera baasuu kan mootummaa federaalaa ta'us, haalli kun mootummoolee naannoo aangoo seera baasuu kan dhorkatu miti. Mootummooleen naannoo bakka seerri mootummaa federaalaan bahe gahaa hin

[116] Fakkeenyaaf, falmii A/Alangaa M/M/H/A/A/W/Gala Oromiyaa dhagaha falmii yakkaa M/Murtii W/Gala Oromiyaa dhaddacha Ijibbaataa lakk. galmee 303547 irratti ture.

taanetti ykn seera mootummaan federaalaa baase bulchiinsaaf akka tolutti balballoomsuun barbaachisaa ta'ee yoo argame seera baasuu danda'u.[117]

Yaadni 3ffaan, deggarsa qorattoota qorannoo kanaa qabu immoo, akkaataa Heera RDFI tiin qabeenya uumamaa addatti immoo bulchiinsa qabeenya bosonaa irratti mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu kan isaa qofa ta'e qaba. Mootummaan federalaa dhimmoota bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaallatan mara irratti seera baasuuf aangoo isa qofaaf kenname kan qabu yoo ta'u, mootummaan naannoo seera mootummaa federaalaatiin bahu bu'uura godhachuun qabeenya kana bulchu. Seeronni mootummaa federaalaa qaawwa kan qaban ykn gahumsa kan hin qabne yoo ta'e, seeronni kun akka fooyya'aniif gaafachuu malee aangoo seera baasuu qaama isa tokko qofaaf kenname fudhachuun seera baasuun qaawwa seeraa qaama biraan ba'e duuchuun ykn gahumsa akka qabaatu gochuun heerawaa hin ta'u. Labsichi keewwatuma kana jalatti barbaachisaa ta'ee yoo argame naannooleen dambii fi qajeelfama labsii kan raawwachiisuu danda'u baasuu akka danda'aniif aangessee jira. Mootuummaan federaalaa aangoo seera baasuu qabu kan bu'uura Heera RDFI kwt 50(9) tiin Mootummaalee naannoof aangoo isaa dabarsee bakka bu'iinsaan hanga hin kennineefitti[118] seerri qabeenya bosonaaf bahe qaawwa yoo qabaate ykn gahumsa kan hin qabne yoo ta'e, mootummaan naannichaa seera baasuu danda'a jechuun bu'uura heeraa hin qabu. Biyyoota biroo keessatti [119] naannoleen aangoo qabeenyicha bulchuu irratti dabalataan seerotaa fi imaammattoota imaammataa fi seerota mootummaan federaalaa baasu bu'uura godhachuun baasuu akka danda'an heeraan ifatti kan ibsamu yoo ta'u, kan biyya

[117]Yaada Murtii Dhaddachi Ijibbaataa Mana Murtii W/Gala Oromiyaa lakk.galmee 303547 ta'e irratti calaqqisiise.
[118]Fakkeenyaaf, haala labsii Bulchiinsa fi Itti-fayyadama Lafa Baadiyyaa lakk.456/1997 kwt 17(1) irratti aangoo seera baasuu Mootummaa Nannooleef kenname.
[119]Fakkeenyaaf, Maalezyiyaa fi Hindii.

keenyaa garuu kanarraa adda naannoleen seerotaa fi imaammata mataa isaanii akka baafataniif hin aangessine.

Haa ta'u malee, naannoleen qabeenya kana bulchuuf heerichaan aangeffamanii kan jiran waan ta'eef, dirqama seera raawwachiisuu isaanitti kenname sirnaan bahuuf caaseffama bulchiinsaa qabeenya kana bulchuuf isaan dandeessisu seeraan diriirsuu kan isaan dhorku hin jiraatu. Seerri naannoleen baafatan kun sadarkaa naannootti qaama mootummaa qabeenya bosonaa bulchu hundeessuu fi aangessuu, caasaa qaama kanaa sadarkaa, sadarkaan ijaaruu fi dhaabuu, akkaataa raawwii hojii bulchiinsaa fi hojimaata isaa seeraan diriirsuu fi k.k.f irra kan darbe ta'uu hin qabu. Labsiin Bosona Naannoo Oromiyaa qajeeltoowwan bulchiinsa bosonaa fi dhimmoota bulchiinsa isaa hunda haguuguun kan wixineeffame waan ta'eef, seerri kun haala olitti ibsameen dhimma bulchiinsaaf qofa kan bahee dha jechuun hin danda'amu.

Haalli kun raawwii seerota kanaa irratti hojiiwwan bulchiinsa qabeenyichaa fi manneen murtii keessatti wal-fakkiin akka hin jiraanne taasisaa tureera.[120] Manneen murtii tokko tokko dhimmoonni bosonaan wal-qabatan falmiif ka'umsa ta'anii yammuu dhihaatan, seera bosona MNO cinaatti dhiisuun labsii bosonaa mootummaa federaalaan bahe hiikaa kan turan[121] yoo ta'u, gariin isaanii immoo labsiidhuma bosona Oromiyaa kan hiikaa turanii dha.[122] Dhaddachi ijibbataa MMWO dhimma kana irratti murtii dirqisiisaa kennee kan jiru ta'uu isaa irraan kan ka'e falmiin kun hanga tokko kallattii akka qabaatu

[120] Af-gaaffii Obbo Leencoo Gammadaa, B/Bu'aa waajjiraa, Obbo Huseen Bantaa Ogeessa Gamaggama Dhiibbaa Hawaasa Naannoo fi Kenna Hayyamaa fi Aadde Qiddist Kabbadaa D/G/E/Nannoo fi Ji/Qilleensaa A/T/E/N/B/J/Qilleensaa A/O/Shakkisoo waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

[121] Falmii yakkaa A/Alangaa fi himatamtoota Goobanaa Uddoofaa N-2, M/M/O/Go/Gujii lakk.galmee 14974.

[122] Falmii ol-iyyannoo Asmaraaw Inniyew faa N-2 fi A/A/W/Oromiyaa gidduutti Mana Murtii Waliigalaa Oromiyaa dhaddacha yakkaa giddu galeessaa irratti taasifame.

taasisus murtiin kun rakkoolee biroo gama seerota kanaan jiru kan hiiku ta'uu hin danda'u.

4.2.2. Qabeenya Bosonaa Taaliguu

Naannoon Oromiyaa qabeenya bosonaatiin badhaatuu yoo taatu, uwwisa bosonaa biyyattiin qabdu keessaa qoodni ishiin qabdu bal'aadha.[123] MNO qabeenya bosonaa naannoo isaa keessatti argamu taaliguuf (bulchuuf) aangoo heera RDFI tiin kennameef qaba. Qabatama seeraa jiru yoo ilaalle, Labsiin Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa Lakk 1065/2010 kutaa 6ffaa dhimma bulchiinsa qabeenya bosonaa ilaallatu irratti mootummaaleen naannoo qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa naannoo isaanii keessatti argamu kan bulchan ta'uu kan ibsu[124] yoo ta'u, haalota addaa irratti aangoo bulchiinsaa naannoleen qaban kana mootummaan federaalaa ofii fudhachuun qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa kana bulchuu akka danda'u ibsa.[125] Haalonni kunis, qabeenyi bosonichaa daangaa naannolee lamaa fi lamaa olii irratti kan argamuu fi mootummaaleen naannoo waliin ta'uu qabeenya kana sirnaaan kununsuu fi bulchuu kan hin dandeenye yoo ta'e,[126] ykn faayidaa fi dantaa qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa akka biyyoolessaa, ardii fi addunyaatti qabu olaanaa yoo ta'e akka ta'e tumee jira.[127] Bulchiinsa qabeenya bosonaa ilaalchisee, heerichi guutummaa, guutuutti aangoo bulchiinsaa mootummaalee naannoof bakka kennee jirutti sababoota tarreessuun aangoo bulchiinsaa naannoleen qaban fudhachuun tumaa heerichaa faallessa.

Daataan godinoota Oromiyaa garagaraa irraa sassaabne akka agarsiisutti, qabatamaan mootummaan federaalaa bosonaa fi lafa bosonaa daangaa

[123] Af-gaaffii Obbo Yirdaw Nagaash, D/Olaanaa A/Taayitaa Misooma Albuudaa Oromiyaa waliin gaafa 24/03/2012 taasifame.
[124] Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa lakk. 1065/2010, kwt 17(1).
[125] Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa Lakk 1065/2010, kwt 16(13).
[126] Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa Lakk 1065/2010, kwt 16(13)(a).
[127] Labsii Eegumsa, Misoomaa fi Itti-fayyadama Bosonaa Lakk 1065/2010, kew 16(13b).

Oromiyaa keessa jiru kan mootummaan federaalaa bulchaa jiru kan hin jirre ta'uu dha.[128] Bosonaa fi qabeenya bosonaa naannicha keessatti argamu qabatamaan bulchaa kan jiru qaamolee bosona bulchuuf akka naannichaatti seeraan hunda'aan ta'uun ni hubatama. Ta'us, paarkiiwwan biyyoolessaa gurguddoo kanneen akka Paarkii Gaarreewwan Baalee, Paarkii Biyyoolessaa Sanqallee fi Paarkii Biyyoolessaa Awaash argamni isaanii naannoo naannoo Oromiyaa keessa ta'e dambiidhaan hundeessuun kan bulchaa jiru qaama mootummaa federaalaa ti.[129] Paarkiiwwan kunneen qabeenya bosonaas ta'e bineensa bosonaa paarkicha keessatti argamu mara kan abbummaan bulchu bulchiinsa paarkichaa fi qaama paarkii kan hogganu dha.[130] Qabeenyi bosonaa fi bineensa bosonaa walitti hidhataa fi walirraa adda baasanii ilaaluun kan hin danda'amne yoo ta'u, paarkiiwwan kunneen qabeenya kana lameen akkuma hammatanitti bulchiinsa mootummaa federaalaa jala jiru.[131]

4.2.3. Galii fi Qoodiinsa Galii Qabeenya Bosonaa

Akkaataa Heera RDFI keewwata 97(10) tiin aangoon kaffaltii royaalitii itti-fayyadama qabeenya bosonaa irraa argamu murteessuu fi funaanuu kan kan mootummaalee naannooti. Labsiin lakk. 1065/2010 keewwata 17(6) irratti mootummooleen naannoo aangoo fi itti-gaafatamummaa royaalitii bu'aa qabeenya bosonaa irraa argamu murteessuuf sassaabuu kan qaban ta'uu ifatti kaa'ee jira. Haa ta'u malee, labsichi mootummaan federaalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame, qabeenya bosonaa daangaa naannoolee lamaa fi isaa ol irratti

[128] Af-gaaffii Obbo Boonaa Yaaddessaa, I/A/G/Da/Olaanaa fi I/G/Damee E/Naannoo A/Ta/E/Na/Bo/Ji/Qilleensaa Oromiyaa waliin gaafa 17/08/2012, taasifame.
[129]Dambii Paarkii Biyyoolessa Gaarreewwan Baalee Hundeessuuf Bahe Lakk.338/2007, Dambii Paarkii Biyyoolessa Sanqallee Hundeessuuf bahe lakk.334/2007, Dambii Paarkii Biyyoolessa Awaash hundeessuuf bahe lakk.329/2007, Af-gaaffii Obbo Boonaa Yaaddessaa, I/A/G/Da/Olaanaa fi I/G/D/Naannoo A/Ta/E/Na/Bo/Ji/Qi/Oromiyaa, waliin gaafa 16/08/2012 taasifame; Af-gaaffii Obbo Dirribaa Ayyaanaa, Da/O/Dha/Bo/Bi/Oromiyaa, waliin gaafa 18/08/2012 taasifame.
[130]Miil-jalee olii.
[131]Miil-jalee olii.

argamu ykn qabeenya bosonaa faayidaan isaa akka biyyaa, ardii fi addunyaatti qabu guddaa ta'e ofiif bulchuu kan danda'u ta'uu akeekee waan jiruuf, mootummaan federaalaa tumaa labsii kanaa hojiirra oolchuun qabeenya bosonaa kanneen bulchuu kan eegalu yoo ta'e, aangoo murtii fi sassaabbii royaalitii irratti mootummaaleen naannoo qaban illee kan miidhu ta'uu mala.

4.3. Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii

4.3.1. Aangoo Seera Qabeenya Bishaanii Tumuu

Bulchiinsa qabeenya bishaaniin walqabatee Heerri mootumaa DRFI qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokko qofa keessatti argamanii fi qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokko keessaa ala bahan jechuun bakka lamatti adda qoodeera. Kutaawwan darban keessatti akka ibsame mootummaan naannoo kamiyyuu qabeenya bishaanii daangaa isaa qofa keessatti argamu irratti aangoo seera itti-fayyadamaa fi seera kunuunsa qabeenya sanaa bulchu ilaalchisee aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa naannoo sanaati. Armaan gaditti aangoo MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argaman kanneen daangaa bulchiinsa isaatii keessa qofatti daanga'anii argamanis ta'e kanneen daangaa bulchiinsa isaatii keessaa ala bahan irratti aangoo seera baasuu qabu haala kamiin fayyadamaa akka jiru ilaalla.

4.3.1.1 Aangoo Seera Qabeenya Bishaan Bulchiinsa MNO Qofa Keessatti argamu Tumuu

Ogeessotni garii fi ejjennoon mootummaaa federaalaa akka ibsutti qabeenya bishaanii kanneen irratti aangoo seera tumuu kan qabu mootummaa federaalaa dha. Gama biraan, ogeessotni gam-tokkoo fi ejjennoon MNO ammoo qabeenya bishaanii bulchiinsa MNO keessatti daanga'anii jiran irratti aangoo seera baasuu kan qabu MNO dha. Yaadni gam-tokkoon dhiyaatu akka ibsutti, mootummaan naannoo qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaanii keessatti daanga'anii

jiran bulchuu kan isa dandeessisu seera tumachuu ni danda'a kan jedhuu dha. Heerri RDFI akka tumutti, Manni Maree Bakka Bu'oota Uummataa lageenii fi haroo daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala bahan irratti haala itti-fayyadama isaanii qofa ilaalchisee aangoo seera baasuu gonfateera. Mootummaan federaalaa dhimma kana irratti aangoo seera baasuu hin arganne taanaan, bu'uura tumaa Heerichaa kwt 52(1)tti qabeenya bishaanii kanneen irratti aangoo seera tumuu kan qabu Mana Maree Bakka Bu'oota Uummataa Mootummaa naannoo sanaati jechuu dha. Hima biraan kaa'uuf, MNO lageenii fi haroowwan bulchiinsa isaa qofa keessatti daanga'anii hafanii fi bishaan lafa jalaa irratti seera itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa akka baasu Heerri RDFI kwt 55(2a) fi 52(1) irratti Caffee aangessee jira.

MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatti keessa qofatti daanga'ee hafu ilaalchisee aangoo seera itti-fayyadamaa baasuu ni qaba yoo jedhamu, qabeenyichi faayidaa maaliif akka oolu adda baasuu, qaamolee dursa itti-fayyadamuu danda'an adda baasuu, yeroo tokkotti fayyadamtootni meeqa qabeenya bishaanii bakka tokkotti argamu fayyadamuu akka qaban adda baasuu, sadarkaa qulqullina bishaanii akka itti-fayyadama isaatti murteessuu fi haala misooma isaa adda baasuu fi murteessuu akka danda'u aangeffameera jechuu dha. MNO qabeenya bishaan daangaa bulchiinsa isaa qofa keessattti aangoo seera baasuu Heeraan kan qabu ta'uun isaa kan hubatame yoo ta'ellee, Caffeen Mootummaa Oromiyaa hanga yoonaatti itti-fayyadama bishaan daangaa bulchiinsa MNO keessatti daanga'ee jiru irratti baasee hin jiru.

Yaadni lammaffaan akka ibsutti, qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokko qofa keessatti argamu irrattis aangoo seera itti-fayyadamaa baasuu kan danda'u Mootummaa Federaalaa dha. Akka yaada kanaatti, Heerri RDFI kwt 51(5) irratti mootummaan federaalaa itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya uumamaa irratti seera kan tumu akka ta'e erga tumee booda, kwt 51(11) irratti lageenii fi haroowwan daangaa biyyaa qaxxaamuranii

fi mootummaalee naannoo garaagaraa wal-quunnamsiisan ilaalchisee mootummaan federaalaa haala itti-fayyadamaa isaa irratti aangoo seera tumuu akka qabu ibsa. Haala wal-duraa duuba tumaa kanaatti, Heerichi kwt 51(5) jalatti qabeenya bishaanii akka waliigalaa irratti mootummaan federaalaa aangoo seera baasuu kan qabu ta'uu erga ibsee fi kwt 52(2d) irratti mootummaaleen naannoo seera mootummaan federaalaa baasu irratti hunda'anii qabeenya bishaanii taaligu erga jedhee booda, kwt 51(11) irratti lageenii fi haroowwan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala bahan ammoo kan taaligu ta'uu tuma. Kanaafuu, bu'uura tumaa heerichaa sadan kanneeniin yoo ilaalamu itti-fayyadama qabeenya bishaanii bulchiinsa mootummaa naannoo tokko qofa keessatti daanga'ee jiru irratti aangoo seera baasuu kan qabu mootummaa federaalaati jechuun ogeessotni falman jiru. Qabatamattis, mootummaan federaalaas seera tumuun, caasaa akka Mana Maree Olaanaa Sulula lagaanii fi Abbootii Taayitaa Misooma Sulula Lageenii hundeessuun qabeenya bishaanii biyyicha keessatti argaman sulula 12tti qooduun itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa ofiin dhuunfatee bulchuu iratti argama.[132]

4.3.1.2 Aangoo Seera Qabeenya Bishaan Bulchiinsa MNO Ala Bahu Tumuu

Lageenii fi haroowwan baay'een daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo keessaa ala kan bahan waan ta'eef, qabeenya bishaanii keenya hedduu isaanii irratti seera itti-fayyadamaa akka baasuuf qaama heerri aangesse mootummaa federaalaa dha. Seerri mootummaan federaalaa gama kanaan baasu namootni af-gaaffii deebisan akka ibsanitti, seera waliigalaa fi kallattii kan agarsiisuu ta'uu qaba jedhu. Mootummaaleen naannoo qabeenyi bishaanii daangaa isaanii keessaa maddu yookaan keessa darbu bifa guutuu ta'een hoogganuuf seera mootummaan federaalaa baasu irratti hundaa'uun, dhimmoota guyyaa guyyaan

[132] Labsii Mana Maree Olaanaa Sulula Lageenii fi Abbootii Taayitaa Misooma Lageenii Hundeessuuf Bahe, Labsii Lakk.534/99.

isaan quunnaman irraa ka'anii labsii yookaan dambii qaawwa seeraa mootummaan federaalaa baase kan suphuu/guutuu danda'uu baafachuu qaba jechuun namootni ibsu[133].

Kunuunsa qabeenya bishaanii ilaalchisee jalqabuma irratti aangoo seera baasuu heerri federaalaaf kan hin kennine waan ta'eef, haala qabeenya bishaanii ittiin kunuunfamuu danda'u irratti seera baasuu kan danda'u MN dha. Qaamoleen bulchiinsa qabeenya bishaanii naannoo keenyaa irratti hojjetan akka ibsanitti seerri guutuu ta'e gama kanaan bahuu dhabuun isaa gahee hojii isaanitti kenname akka hin bahanne isaan gochuutti dabalee qabeenyi bishaanii sirnaan akka hin taaligamne taasisaa akka jiru ibsu.[134]

4.3.2 Aangoo Qabeenya Bishaanii Hoogganuu

Heerri RDFI kwt 52(2d) irratti mootummaan naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaa keessatti argamu bu'uura seera mootummaan federaalaa baasuun akka hoogganu kan aangeffame yoo ta'ellee, haala adda ta'een garuu Heerichi kwt 51(11) fi 55(2a) irratti bishaan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo ala bahu bulchuuf jecha aangoo seera baasuu fi aangoo qabeenyicha hoogganuu kan qabu Mootummaa Federaalaa akka ta'e tumamee jira. Qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qofa keessatti daanga'ee jiraatu ilaalchisee aangoo seera tumuu kan qabuu fi aangoo hoogganuu kan qabu mootummaa naannoo sanaa akka ta'e garagalchoon tumaa Heericha kwt 51(11) ni ibsa. Bu'uuruma kanaan, qaama Mootummaa Federaalaa kan ta'e Abbaan Taayitaa Misooma Sulula Laga Awaash akka ibsutti qabeenya

[133] Af-gaaffii Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee Dhimma Seeraa B/M/Q/B/I/Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

[134] Afgaaffii Obbo Hoxxeessaa Balakkoo I/Gaafatamaa, Obbo Daawwit H/Maariyaam Du/Garee Qabeenya bishaani fi Obbo Alamaayyoo Dhaabaa Ogeessa garee Bu/Iskiimii fi dhiyeessa bishaan dhugaatii Waajjira Bishaanii fi Inarjii Go/Gujii waliin gaafa 17/06/2012 taasifame.

bishaanii daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo kan qaxxaamuran akka taaligu kan aangefffame Mootummaa Federaalaati.[135]

Gama kanaan, haalli qabatama bulchiinsa qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa MNO keessatti argamu garuu bu'uura ibsa olitti kennameen raawwachaa kan jiru miti. Fknf, qaama MF kan ta'e A/T/M/S/Awaash Dameen Adaamaa akka jedhutti, qabeenya bishaanii lafa jalaa fi lafa irraa jiran aangoo hoogganuu/bulchuu akka qabuu fi bu'uura aangoo kanaatiin hojjechaa akka jiru ibsa.[136] Ogeessotni af-gaaffiin waliin taasifame akka ibsanittis Abbaan Taayitaa kun itti-fayyadama qabeenya bishaanii irratti hayyama ni kenna, faalama bishaanii ni to'ata, badiin yoo jiraate tarkaanfii ni fudhata, sadarkaa itti-fayyadama bishaanii ni baasa, kaffaltii tajaajila bishaanii garagraa ni funaana, itti-fayyadama bishaanii ni murteessa, waldaan itti-fayyadamtoota bishaanii akka gurmaa'u ni taasisa akkasumas ittisa dhiqama biyyee fi ittisa lolaa irratti ni hojjeta.[137]

Ogeessotni waajjiraalee MNO keessa hojjetanii fi af-gaaffiin waliin taasifame baay'een akka ibsanitti, qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa MNO keessa jiru ilaalchisee aangoo hoogganuu kan qabu MNO dha. Labsiin 213/2011 kwt 25 irratti akka tumutti MNO bishaan bulchiinsa isaatii keessatti argamu hunda aangoo hoogganuu akka qabu tumee waan jiruuf, seeraa fi qabatamaan MNO hojii qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argamu hoogganuu akka danda'uu fi gahee aangoo isaatii akka ta'e amanu. Haaluma kanaan, aangoo MNO qabuu fi haala raawwii isaa akka armaan gadiitti gaggabaabsinee ilaalla.

[135] Af-gaaffii Obbo Ti'izaazuu Mahammad, B/B/H/Gaggeessaa; Obbo Mahammad Hasan Adeemsa Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii, Adeemsa Bulchiinsa Qabeenya Bishaanii Abbaa Taayitaa Misooma Laga Awaash Damee Adaamaa, waliin gaafa 26/08/2012 taasifame.
[136] Akkuma 135[ffaa].
[137] Akkuma 135[ffaa].

A. Aangoo Jiraachuu Qabeenya Bishaanii Sakatta'uu

Aangoo qabeenya tokko hoogganuu keessatti gahee hojii raawwataman keessaa inni jalqabaa qabeenya bulchan sirnaan sakatta'anii adda baasuu akka ta'e barrreeffamootni bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti barreeffamanii jiran ni agarsiisu.[138] Aangoo hoogganuu qabutti fayyadamee MNO qabeenya bishaanii daangaa bulchiinsa isaatii keessatti argamu bulchuu akka isa dandeessisutti, Biiroon jalqaba qo'annoo misooma sululaa gaggeessuudhaan qabeenya bishaanii lafa irraa fi lafa keessaatti argamu hangaafi qulqullina isaatiin adda akka baasu aangesseera; bu'uuruma kanaan Biiroon gahee hojii isaaf kenname raawwachuuf sakatta'a jiraachuu fi qulqullina bishaan jiru adda baasuu irratti akka hojjetu ta'eera. Sakatta'anii jiraachuu qabeenya bishaanii adda baasuu qofas osoo hin taane, bishaan jiru faayidaa maaliif akka oolus adda baasuun hojii sakatta'uu kana keessatti ramadamuu dha.[139]

B. Aangoo Hayyama Itti-Fayyadama Bishaanii Kennuu

Qaamni aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu qabu; qabeenya bishaanii ofii hoogganu irratti aangoo hayyama itti-fayyadamaa bishaanichaa kennuu ni qabaata. B/M/Q/B/I/Oromiyaa fi caasaan isaa qaamolee bishaan maddisiisanii fayyadamuu barbaadaniif hayyama kennuu irratti argamu.[140] Namoota dhuunfaa fi waldaalee IMX bishaan boollaa baasanii dhuunfaan fayyadamuu barbaadaniif boolla qotanii baafachuu akka danda'anitti hayyama itti-fayyadamaa kennuu irratti argamu.[141] Daldaaltotaa fi warshaleetiif ammoo hayyama bishaanii maddisiisanii itti-fayyadamuu kan kennu waajjiira sadarkaa naannootti argamuu

---

[138] Echeme and E.C. Uban, A Correlation of Natural Resource Management and Level ofDevelopment in Developing Countries: A Case of Nigeria, F 28.

[139] Labsii Hundeeffama Qaamolee Raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, labsii lakk. 213/2011, kwt 25(1).

[140] Labsii Hundeeffama Qaamolee Raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe, Labsii lakk. 213/2011 kwt 25(9).

[141] Af-gaaffii Obbo Oliyaad Masfiin, A/Adeemsa Bulchiinsa Bishaanii fi B/B Hogganaa Waajjira Bishaanii Godina Shawaa Lixaa, waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

dha. Oromiyaa keessatti, namootni dhuunfaa, waldaaleen akkasumas dhaabbileen daldalaa baay'een hayyama Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii irraa argachuun bishaan boollaa baafatanii fayyadamaa kan jiran hedduu dha. Fknf, M/Buraayyuu keessa boolli bishaanii hayyama Biirootiin qotamanii bishaan maddisiisaa jiran gara 700 tu jira.[142]

MNO aangoo hayyama itti-fayyadama bishaanii kennuu kan gonfate ta'uu fi haga tokko aangoo kanattis hojjechaa kan jiru yoo ta'ellee, namoota bishaan maddisiisanii fayyadamuuf jecha gaaffii dhiyeessan keessummeessuu irratti hanqina guddaatu jira. Hanqina hubannoo fi kutannoo gama waajjira kanaan jiruuf jecha qaamoleen gaaffii hayyama argachuu dhiyeessan baay'een osoo hayyama hin argatiin waan turaniif yookaan gaaffiin isaanii lafarra waan arkifamuuf, hayyamaa fi kaffaltii tokko malee bishaan qabeenya misoomaa guddaa ta'e kanatti tola fayyadamu. Fknf, Warshaan ***Layisaa Agro Processing*** jedhamu boolla qotee bishaan baay'ee fayyadamuun wayinii oomishee biyya alaatti ergaa kan jiru yoo ta'u, warshaan kun hayyama itti-fayyadama bishaanii waajjira aanaa fi godinaa irra deddeebi'ee gaafatee deebii argachuu waan dhabeef hayyama qaama dhimmi ilaaluu ala bishaani boollaa baasee fayyadamaa jira, faayidaa bishaan irraa argatu kanaaf kaffaltii raawwatu tokko hin qabu.[143]

Itti-fayyadama bishaanii ilaalchisee aangoo hayyama kennuu MNO qabu kana caasaa mootummaa kan ta'an Abbootiin Taayitaa sululaa hayyama itti-fayyadama bishaanii kennuu irratti argamu.[144] Abbootiin Taayitaa kunneen hayyama itti-fayyadama bishaanii lageenii fi maddeen garaagaraa irratti, haroo

[142] Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa B/M/Q/B/I/Oromiyaa fi Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee Dhimma Seeraa B/M/Q/B/I/Oromiyaa waliin gaafa 02/09/2012 taasifame.

[143] Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii fi Obbo Adam Badhaadhaa, Ogeessa Qulqullina Bishaanii, Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Dugdaa,waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[144] Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa B/M/Q/B/I/Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

daangaa bulchiinsa MNO keessatti qofa argaman irratti akkasumas bishaan lafa jalaa irratti kennuu irratti argamu.[145] Fknf, Sh/Bahaa keessatti Waajjirri misooma qabeenya bishaanii fi inarjii godinichaa, A/Ta/Mi/S/Awaashii fi A/Ta/Mi/S/Ha/Riifti Vaalii akkuma arganitti nama hayyama itti-fayyadama bishaanii gaafatuuf kennuu irratti argamu.[146]A/Ta/Mi/S/Abbaay bishaan boolla bishaanii Magaalaa Sulultaa, Magaalaa Amboo fi kkf keessatti qotamu irratti Magaalaa Baahirdaar taa'ee hayyama kenna.[147]

Warshaan saamsa bishaanii Waanii jedhamuu fi M/Sabbataa keessatti argamu, hojii bishaanii boollaa baasee saamsee gurguruuf hayyama daldalaa federaalaa kan baafate yoo ta'u, itti-fayyadama bishaanii ilaalchisee ammoo B/M/Q/B/I/ Oromiyaa fi A/Ta/Mi/S/Awaash irraa hayyama argateera.[148] Qaamoleen itti-fayyadama bishaanii irratti hayyama kennanii jiran, warshaan sun bishaan hangam waggaatti akka fayyadamu hin beekan akkasumas tooftaa hanga itti-fayyadama bishaanii ittiin qulqulleeffatan diriirsanii hin jiran. Oromiyaan waggaatti yeroo lama yookaan yeroo sadii qofa haala hojii waliigala warshichaa qofa ilaalurraa darbee boolla bishaanii meeqa akka qotan, boollawwan sunniin hagam walirraa akka fagaatanii fi asii-gadi hagam akka dheeratan hin qulqulleeffatan akkasumas waggaatti bishaan hangam akka baasanii itti fayyadaman tooftaa ittiin adda baafatanis hin qaban.

[145] Afgaaffii Obbo Jamaal Huseeyinaa, Ogeessa Gamaggama, Hordoffii fi Qophii Sagantaa Sulula Lageenii Abbaa Taayitaa Misooma Haroowwan Riifti Vaalii Damee Zuwaay, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[146] Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

[147] Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa B/M/Q/B/I/Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

[148] Af-gaaffii Obbo Tageny Cebudee, Hogganaa Dhiyeessii Loojistikii Warshaa Saamsaa Bishaanii Dhugaatii Waan (one water) waliin taasifame.

C. Aangoo Fayyadamtoota Bishaanii To'achuu

MNO aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu waliigalaa kan qabu waan ta'eef qabeenya bishaanii naannicha keessatti argamu hayyamni itti-fayyadamaa qaama kamiinuu yoo kennameef sirnaan hojiirra oolaa jiraachuu qaama sanaa aangoo gamaaggamuu fi to'achuu qaba jechuun ni danda'ama. Haa ta'u malee, ogeessotni Biiroo akka ibsanitti, fakkeenyaaf, warshaaleen oomisha abaaboo irratti bobba'anii jiran baay'een waajjiraaleen bishaanii to'annoo akka isaan irratti gaggeessan hin barbaadan; yeroo ogeessotni isaanii to'achuu dhaqan balbala jalaa hin banan- hin keessumeessan.[149]Hirmaataan qorannoo tokko akka ibsanitti, warshaaleen gurguddoon akka warshaa *Ethio-Share, Castle Pesticide, Soda Ash* fi kkf aanaa isaanii keessatti hundeeffamanii jiru. Mooraa waarshaalee kanneenii seenuun haala itti-fayyadama bishaanii fi eegumsa qulqullina naannoo to'achuuf yoo deeman hayyamamoo akka hin taane ogeessotni hojii kana hojjetan ni ibsu. [150] Warshaan simintoo Habashaa fi Daangotee kanneen G/Sh/Lixaa keessatti argaman ogeessota to'annoo itti-fayyadamaa fi qulqullina bishaanii irratti hojjetan kan hin keessummeessine ta'uuogeessotni waajjirichaa ni ibsu.[151]

Bifuma walfakkaatuun, ogeessotni Go/Sh/Bahaa hordoffii fi to'annoo qabeenya bishaanii irratti akka gaggeessaniif MNOn aangeffaman akka ibsanitti, hojiiwwan bishaan irratti raawwataman yeroo, yerootti hordofamuu baannaan qabeenya bishaanii irratti dhiibbaa guddaa geessisu.Fakkeenyaaf, hojii haroo Shaalaa-Abijaataa irratti soodaash oomishuuf hojjetame irratti Oromiyaan

[149] Af-gaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa; Obbo Maammad Daakaa, A/Adeemsa Hojii Itti-Fayyadama Bishaanii Waajjira Misoomaa Fi Itti-Fayyadama Bishaanii A/M/Baatuu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[150] Af-gaaffii Obbo Maammad Daakaa, A/Adeemsa Hojii Itti-Fayyadama Bishaanii Waajjira Misoomaa Fi Itti-Fayyadama Bishaanii A/M/Baatuu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[151] Af-gaaffii Obbo Oliyaad Masfiin A/Adeemsaa Bulchiinsa Bishaanii fi B/B Hogganaa Waajjira Bishaanii Godina Shawaa Lixaa, waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

hayyama hin laatne, hin hordofne waan ta'eef warshichi bishaan haroo gara obdii ofiisaatii qopheessetti paanpiin geessuun bishaan isaa keessaa urkee ashaboon (soogiddi) isaa jalatti akka ititu gochuun qabiyyee harichaa sadarkaa goguurra gahaa jira.[152] Hojiin bishaan paanpiin lafa keessaa baasuu hojjetamu duraan meetira 6 qofa gadi qotu turan, yeroo ammaa garuu meetira 12 gadi qotan malee bishaan argachaa hin jiran. Namootni to'annoo tokko malee haala barbaadaniin boolla bishaanii walitti siqsanii qotuun bishaan maddisiisaa waan jiraniif, bakka baay'eetti qabeenyi bishanii haphachuu irratti argama.[153]

Wa/Mi/Q/Bi/I/A/S/Hawaas akka ibsutti warshaaleen bishaan saamsanii gurguran kan akka warshaa "best" fi "care" jedhaman aanaa isaanii keessatti kan argaman yoo ta'ellee itti-fayyadamaa bishaanii warshaalee kanneenii irratti to'annoo gaaf-tokkollee hin gaggeesine. [154] Ogeessotni af-gaaffiin waliin taasifame kanneen akka ibsanitti, qaamolee bishaanitti fayyadamanii fi to'annoo fi hordoffiin itti akka hin taasifamne gochaa jiran seerri ittiin dirqisiisanii fi tarkaanfii irratti ittiin fudhatan hin jiru.[155]Jiraachuu dhabuun seera rogummaa qabuu, madda rakkoo kanaati. Qaamoleen tokko tokko ammoo qaama kamirraayyuu hayyama osoo hin baafataniin bishaanitti kan fayyadaman yoo ta'u, to'annoo MNO taasisu fudhachuu diduutti dabalee tarkaanfii isaan fudhatanillee tuffachuun itti-fayyadama bishaanitti kan fufan jiru. Fknf, Warshaan Hiris Agony jedhamu hayyama tokko malee bishaan boollaa baasee gurguraa kan ture yoo ta'u, sirreeffama barbaachisu gochuu waan dideef

[152] Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii Fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

[153] Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii A/Dugdaa fi Obbo Habiib Nugusee, ogeessa ji'ooloojii Waajjira Misooma Bishaanii Fi Inarjii A/A/Tulluu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

[154] Af-gaaffii Obbo Isheetuu Warquu, Itti-Gaafatamaa Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii Fi Inarjii Aanaa Sabbataa, waliin gaafa 08/07/2012 taasifame.

[155] Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hoogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

saamsamee, qaama federaalaan akka banamu taasifamee hojii itti-fufee hojjechaa erga turee booda, haala ifa hin taaneen warshichi gurguramee qaama biraatti darbe.[156]

D. Aangoo Eegumsa Naannoo Kabachiisuu

Aangoo qabeenya bishaanii hoogganuu keessaa tokko itti-fayyadama bishaaniin wal-qabatee miidhaa eegumsa naannoo irratti gahuu danda'u qulqulleessuun sirreeffamni barbaachisu fudhatamaa akka deeman taasisuu dha. Haa ta'u malee, haala tumaa Heerichaa kwt 51(11)'tti MNO qabeenyi bishaanii Naannoo Oromiyaa keessatti argamu kamiyyuu kunuunfamee akka turu taasisuu keessatti aangoo dursaa kan qabu MNO ti. Qabeenyi bishaanii Oromiyaa keessa jiru kunuunfamee eegamuu irratti hanqina bal'aatu jira. Fknf, daangaa fi sululli Laga Awaash sirnaan kunuunfamaa fi to'atamaa waan hin jirreef ganna 2011 fi 20112 lagni kun guutee jiraattota naannoo irratti miidhaa guddaa akka geessisaa akka ture namootni af-gaaffii deebisanii fi dhimma kanarratti hojjetan ni ibsu.[157]Hirmaattonni qorannoo kanaa qabeenyi bishaanii yeroo gara yerootti xiqqaachaa akka jirus ni ibsu.[158]

4.3.3 Galii fi Qoodinsa Galii Qabeenya Bishaanii

Hojiirra ooluu qabeenya bishaanii irraa galii MNO argatu inni jalqabaa galii kaffaltii hayyama itti-fayyadama bishaanii irraa argamu dha. Heerri RDFI kwt 97(2) tti mootummaaleen naannoo warshaalee hayyama itti-fayyadama lafaa

[156]Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, Hooggantuu fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.

[157]Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, Hoggantuu fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2102 taasifame.

[158] Af-gaaffii Obbo Mahammad Daakaa, A/Adeemsa Hojii Itti-Fayyadama Bishaanii Waajjira Misoomaa fi Itti-Fayyadama Bishaanii A/M/Baatuu, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame,fknf, Haroon Baatuu waggaa shaniin dura meetira 8 kan fagaatu yeroo ammaa kana meetira 3 qofa gadi fagaata jechuun kaasu.

baafachuun dachii naannoo isaanii irratti qubatanii hojii isaanii raawwatan irraa kaffaltii hayyama itti-fayyadama lafaa akka walitti qabatan aangessee jira. Galii MNO itti fayyadama qabeenya bishaanii irraa argachaa jiru kan biraan bu'uura heerichaa kwt 97(1) tti, gibira galii hojjettoota warshaa bishaan maddisiisanii gurguran irraa argamu dha. B/M/Q/B/I/Oromiyaa namoota sarara bishaan dhugaatiitti fayyadaman sirna ittiin kaffalchiisu diriirsuun alatti namoota bishaan boollaa fi bishaan lagaa qonnaa fi qulqullinaaf fayyadaman sirna ittiin kaffaltii raawwachiisu hin diriirsine. Galii itti-fayyadama bishaanii sassaabuu ilaalchisee iftoominni seeraa fi hojimaataa waan hin jirreef mootummaan federaalaa bishaan kamirraa akka fayyadamu hin beekamu. [159] Abbootiin Taayitaa misooma sululaa itti-fayyadama bishaan lafa jalaa fi lafa irraa akka haroo fi lageenii irratti hayyama kennuun, gatii itti-fayyadamaa kaffalchiisuun galii walitti qabachuu irratti argamu. [160] Abbootiin Taayitaa kun galii walitti qabaa jiran irraa kallattiin MNOtiif kan qoodan hin qaban. [161]

4.3.4 Caasaa Biroo Bishaanii

Biiroon Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii sadarkaa aanaatti argamu caasaa/adeemsa misooma bishaanii irratti hojjetu qofa qaba; hojii ijaarsa bishaan dhugaatii magaalaa fi baadiyyaa irratti xiyyeeffata. [162] Hojiin bulchiinsa qabeenya haala waliigala yaad-rimee isaatiin hooggansa bulchiinsa bishaanii gubbaa haga gadiitiin hojjetamaa hin jiru. [163] Haa ta'u malee, dhiyeenya kana

[159] Af-gaaffii Obbo Bokii Baahiruu fi Aadde Tigisti Amaaree, duraa duubaan Hogganaa fi Dursituu Garee Qabeenya Bishaanii Waajjira Misooma Bishaanii Fi Albuudaa Godina Shawaa Bahaa, waliin gaafa 16/07/2012 taasifame.
[160] Miil-jalee olii.
[161] Af-gaaffii Obbo Shuumii Araarsaa, Dursaa Garee Dhimma Seeraa Biiroo Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii, waliin gaafa waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.
[162] Af-gaaffii Obbo Yaasin Abbaa-Duraa, B/B Hogganaa Waajjira Bishaanii fi Inarjii Godina Jimmaa, waliin gaafa 25/06/2012 taasifame.
[163] Af-gaaffii Dr Habtaamuu Ittafaa, Hogganaa B/M/Q/B/I/Oromiyaa, waliin gaafa 2/9/2012 taasifame.

keessa ogeessi tokko hojii kunuunsa qabeenya bishaanii akka hojjetu taasisuu irratti argamus ogeessi tarreen gahee hojii ogeessa adda bahee diriire hin jiru.[164]

5. Yaadota Gudunfaa fi Furmaataa

Federeeshinii Itoophiyaa keessatti, aangoon bulchiinsa qabeenya uumamaa MF fi mootummaa naannoo gidduutti addaan qoodameera. Bulchiinsa qabeenya uumamaa ilaalchisee seerota MF fi MNOtiin bahanii jiranii fi qabatamatti bulchiinsi isaa maal akka fakkaatu adda baasuuf, qorannoon seeraa bulchiinsa qabeenya bosonaa, bishaanii fi albuudaa irratti xiyyeeffachuun gaggeeffameera.

Heerri RDFI aangoo seera itti-fayyadamaa fi kunuunsaa tumuu MF yoo gonfachiisu, mootummaaleen naannoo ammoo akka qabeenyicha bulchan aangesseera. Heerichi bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaalchisee bishaan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokkoo qaxxaamuru irratti qofa aangoo seera baasuu fi taaliguu MFf kan kenne yoo ta'u, bishaan daangaa bulchiinsa mootummaa naannoo tokko qofa keessatti daanga'ee hafu irratti ammoo MN aangoo seera baasuu fi seericha raawwachiisuu akka qabaatu taasiseera.

Labsiileen qabeenya bishaanii irratti MFn tumaman kan akka labsii lak 197/92 fi 534/97 fi dambii lak 115/97 aangoo MNO bulchiinsa qabeenyaa kana irratti seera baasuu fi taaliguu ilaalchisee qabu dhiphiseera. MNO bishaan daangaa isaa keessatti daanga'ee hafu kan akka haroo, bishaan lafa jalaa fi bishaan cooree/yaatuu xixiqqoo akkamitti faayidaarra akka oolanii fi kuunuunfamanii akka turan irratti seera tumuun haala hojiirra oolmaa isaatii fi taaliga isaanii irratti aangoo seera baasuu qaba. Haa ta'u malee, MNO gama kanaan seera

[164] Af-gaaffii Obbo Raagoo Guddataa, Ogeessa Itti-Fayyadama Qabeenya Bishaanii fi Obbo Adam Badhaadhaa Ogeessa Qulqullina Bishaanii Waajjira Misooma Qabeenya Bishaanii fi Inarjii Aanaa Dugdaa, waliin gaafa 07/07/2012 taasifame.

bulchiinsa bishaanii baase hin qabu. Kun immoo faayidaa kallattii garaagaraatiin mootummaa fi uummatni naannichaa argachuu malu miidheera.

MNO aangoo qabeenya bishaanii taaliguu qabutti fayyadamee qabeenya bishaanii qabu akka adda baasu, hayyama itti-fayyadama bishaanii akka kennu, fayyadamtoota bishaanii irratti to'annoo akka gaggeessu, qabeenya bishaaniif kunuunsa akka taasisuu fi galii itti-fayyadama bishaaniirraa akka walitti qabuuf B/Mi/Qa/Bi/Inarjii aangeffameera. Biiroon kun aangoo bulchiinsa qabeenya bishaanii kan gonfate yoo ta'ellee, hojiiwwan kanneen sirnaan raawwachuu ilaalchisee hanqinootni jiran hedduu dha. Itti-dabalee, MF kara Abbootii Taayitaa Misooma Lageenii gahee hojii heeraa fi seeraan MNOtiif kennaman ofitti fudhatee hojjechuu irratti argama. MF bulchiinsa qabeenya bishaanii irratti aangoo bulchiinsaa MNO bifa daangessuu danda'uun hojjechaa kan jiru yoo ta'u, adeemsi kun ammoo kunuunsa qabeenya kanaarratti dhiibbaa geessisuu irratti kan argamu dha.

Qabatamni gama aangoo seera tumuu, bulchuu, galii hojii albuuda irraa argamu murteessuu fi sassaabuu fi qoodinsi galii bulchiinsa qabeenya albuudaa keessa jiru sirna caasaa heeraatiin diriiree jiruun kan wal-hin simne dha. Bulchiinsa qabeenya albuudaa ilaalchisee aangoon seera tumuu MF qofaaf ifatti aangoon kennamee bakka jirutti MNO aangoo isaa malee seera albuudaa dhimmoota bulchiinsa albuudaa hunda of keessatti hammate baasuun hojiirra oolchee jira. Adeemsi kun dhimma bulchiinsa albuudaa irratti seerotni gara, garaa lama qaamolee mootummaa adda addaa lamaan ba'an naannicha keessa akka jiraatu taasisee jira. Seerri albuudaa MNO tiin ba'ee hojiirra oole kun dhimmoota aangoo bulchiinsaa naannichaaf heeraan kenname hojiitti hiikuu qofa irratti kan daanga'e osoo hin taane dhimma hojiiwwan oomisha albuudaa fi albuuda waliin wal-qabatanii Oromiyaa keessatti gaggeeffaman hunda irratti raawwatiinsa

qabaachuu isaa kan akeeku waan ta'eef, heerawummaa isaa irratti gaaffii kaasuu kan danda'u dha.

Heera RDFI keessatti, mootummaaleen naannoo qabeenya uumamaa bulchuuf kan aangeffaman ta'us Mootummaan Federaalaa aangoo seera baasuu heeraan isaaf kenname jala dhokachuun aangoo mootummaaleen naannoo qabeenya albuudaa bulchuuf qaban kan irraa qooddatu ta'uu qorannaa kanaan hubatameera. Mootummaan Federaalaa labsii hojiiwwan albuudaa ofii baaseen aangoo fi itti-gaafatamummaa aangoon bulchiinsaa kennu kanneen akka hayyama hojii albuudaa kennuu fi galmeessuu, hayyama dhorkuu, hayyama haquu, to'annoo fi hordoffii fi k.k.f irra jireessaan hayyama sadarkaa guddaa, hayyama sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi hayyama albuudaa investeroota biyya alaaf kennamu irratti jiru ofiif fudhatee itti hojjechaa jira.

Akkaataan murteessaa fi sassaabbii galii fi royaalitii qabatamaan jirus kan caasaa heerichaatiin diriire waliin kan wal hin simne ta'uun hubatameera. Royaalitii fi kaffaltiiwwan biroo hojiiwwan albuudaa ilaalchisee labsiin hojiiwwan albuudaa lakk 678/2002 hayyamoota sadarkaa xiqqaa albuudota kabajamoo fi hayyamoota hojiiwwan albuudaa investeroota alaaf kennaman hunda irratti aangoo hayyama kennuu kan qabu waan ta'eef, hojiiwwan albuudaa kanneen irraa royaalitii fi kaffaltiiwwan biroo argamuu kan murteessuu fi sasssaabu MF yoo ta'u, adeemsi kun immoo caasaa heeraa jiru waliin kan wal faallessu dha. Gibira galii irratti MF hayyama hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa ofiif kennu fi heyyama hojii albuudaa xiqqaa naannichaa irraa fudhataman ta'anii warreen hayyama daldalaa isaanii Finfinneetti galmeessisan irraa gibira galii ni sassaaba. Kun immoo ifaan aangoo MNO galii gibira hojii albuudaa sadarkaa xiqqaa murteessuu fi sassaabuuf Heera Mootummaa RDFI tiin qabu kan faallessu dha. Hayyamoota hojii albuudaa sadarkaa guddaa irraa galii gibiraa fi royaalitii argamu ilaalchisee Heera Mootummaa RDFI MF fi

mootummaan naannolee waloodhaan kan murteessanii fi sassaaban ta'uu kan akeeku yoo ta'u, qabatamni jiru MF qofaa isaa seera ofii baasuun kan murteessuu fi kan sassaabu ta'uu agarsiisa.

Adeemsi kun mirga ofiin of bulchuu uummatichaa kan sarbu, bu'a qabeessummaa bulchiinsa qabeenya albuudaa kan kan miidhu, galii MNO sektera hojiiwwan albuudaa irra argachuu malu kan hambise, sababa haqina hordoffiif to'annaa dhihoo irraan kan ka'e bakkeewwan naannichaa hojiin misooma albuudaa keessatti argamu faalama naannoof kan saaxilsiisee fi hojiin eegumsaa fi kunuunsa naannoo irratti hojjetamuu qabu laafaa akka ta'u kan taasise dha.

Bulchiinsa qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa ilaalchisee Heera Mootummaa RDFI tiin aangoon seera tumuu MFf qofaatti kan kenname ta'us, naannoleen qabeenya kana bulchuuf heerichaan aangeffamanii kan jiran waan ta'eef, dirqama seera raawwachiisuu isaanitti kenname sirnaan ba'uuf caaseffama bulchiinsaa qabeenya kana bulchuuf isaan dandeessisu seeraan diriirsuu kan isaan dhorku hin jiraatu. Labsiin Bosona MNO qajeeltoowwan bulchiinsa bosonaa fi dhimmoota bulchiinsa isaa hunda haguuguun kan wixineeffame waan ta'eef seerri kun haala olitti ibsameen dhimma bulchiinsaaf qofa kan ba'e dha jechuun hin danda'amu. Kun immoo bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti tumaalee Heera Mootummaa RDFI qoodiinsa aangoo hogganan waliin kan wal faallessu dha. Haalli kun raawwii seerota bosonaa irratti hojiiwwan bulchiinsa qabeenyichaa irratti fi manneen murtii keessatti wal-fakkiin akka hin jiraanne taasisaa tureera.

MNO qabeenya bosonaa naannoo isaa keessatti argamu bulchuuf aangoo heeraan kennameef qaba. Labsiin Bosonaa Federaalaa Lakk 1065/2010 MF haala addaatiin qabeenya bosonaa fi lafa bosonaa bulchuu akka danda'u ibsa.MF aangoo seera baasuu qabutti gargaaramee sababoota tarreessuun aangoo

bulchiinsaa naannoleen qaban irraa fudhachuun seeraan ala. Qabatama jiruun bosonaa fi lafaa bosonaa daangaa Oromiyaa keessa jiru kan MF bulchaa jiru kan hin jirre ta'us, paarkiiwwan biyyoolessaa gurguddoo argamni isaanii NO keessa ta'e dambiidhaan hundeessuun kan bulchaa jiru qaama MF ti. Qabeenyi bosonaa fi bineensa bosonaa walitti hidhataa yoo ta'u, paarkiiwwan kunneen qabeenya kana lameen akkuma hammatanitti bulchiinsa MF jala jiru. Adeemsi kun immoo Heera Mootummaa RDFI waliin kan wal-simu miti. Kanaafuu:

- Bulchiinsa waliigala qabeenya bishaanii keessatti mootummaaleen naannoo qooda olaanaa kan qaban waan ta'eef, itti-fayyadamaa fi kunuunsa qabeenya bishaanii irratti shoora guddaa akka taphatan taasisuun barbaachisaa dha.
- Bulchiinsa qabeenya bishaanii ilaalchisee marii fi wal-ta'iinsa sadarkaa biyyaattis ta'e idil-addunyaatti gaggeeffamu keessatti mootummaan naannoo (MNO) hirmaataa fi qaama dhageettii qabu akka ta'urratti hojjetamuu qaba.
- MNO aangoo qabutti fayyadamee qabeenya bishaanii lafa jalaa, haroowwanii fi bishaan yaa'aa xixiqqaa ilaalchisee seera itti-fayyadamaa fi kunuunsaa baasuun qabeenyi kun sirnaan hojiirra akka ooluu fi kunuunfamee akka turu taasisuuf seerota baasuu qaba.
- Bishaan bulchiinsa MNO qaxxamuran, jechuunis lageen daangaa qaxxamuran ilaalchisee MNO seera kunuunsaa fi eegumsa isaanii bituu danda'u baasuun hojiirra akka oolan taasisuun qabeenya kana tiksuu qaba.
- MNO hojii qabeenya bishaan lafa jalaa, haroowwanii fi bishaan yaa'aa xixiqqaa bulchuu keessatti raawwii hammataman hunda kan akka hayyama itti-fayyadamaa kennuu, itti-fayyadamaa fi kunuunsa isaa to'achuu fi galii qabeenya kanarraa maddu walitti qabuu hunda xiyyeeffannoo fi gahumsaan raawwachuu qaba.

- Labsiin lak 197/92 fi 534/97, akkasumas dambiin lak. 115/97 aangoo MNO bulchiinsa qabeenya bishaanii irratti qabu kan dhiphisaa jiranii fi al-heerawaa waan ta'aniif bifa aangoo MNO hin sarbineen akka fooyya'an yookiin haqaman taasifamuu qabu.
- Qabeenya albuudaa fi bosonaa ilaalchisee aangoon seera tumuu kan MF waan ta'eef, MNO seerota itti-gaafatamummaa fi aangoo seera raawwachiisuu kennameef ba'achuuf sirna diriirsuuf yoo ta'e malee seerota dhimma bulchiinsa qabeenya kanaa baasuu irraa of qusachuun barbaachisaa dha.
- Heera RDFI keessatti Mootummaaleen Naannoo qabeenya uumamaa daangaa bulchiinsa isaanii keessatti argamu bulchuuf kan aangeffaman waan ta'eef MF aangoo seera baasuu heeraan isaaf kenname jala dhokachuun aangoo mootummaaleen naannoo qabeenya albuudaa fi bosonaa bulchuuf qaban qooddachuu irraa of qusachuu qaba. Seerota aangoo bulchiinsaa naannolee mulqan kanneenis fooyyessuun barbaachisaa dha.
- MNO seerotni aangoo bulchiinsaa qabeenya albuudaa fi bosonaa isaa mulqan akka fooyya'aniif gaafachuu fi dhiibbaa gochuu qaba. Kanaan furmaanni hatattamaa kan hin argamne yoo ta'e, heerummaa seerota kanneenii irratti murtiin akka kennamuuf hiikkoo heeraatiif dhimmicha gara Mana Maree Federeeshiniitti dhiyeessuun barbaachisaa dha.
- MNO Heerri kabajamuu isaa mirkaneessuuf; akkasumas, kabajuuf dirqama heeraa kew 9(3) jalatti kennameef ni qaba. MF seerota tumaalee heerichaa dhimma bulchiinsa qabeenya uumamaa irratti qoodiinsa aangoo jiru hoogganan waliin wal-faallessan baasuun aangoo qabeenya uumamaa naannolee kenname yammuu fudhatu, MNO hojiirra oolmaa seerota kanaaf tumsa gochuu dhiisuu fi seerota kanaan bitamuu dhiisuuf mirga osoo hin taane dirqama heeraa itti kenname qaba. Mootummaan inni tokko aangoo mootummaa isa kan biroo yammuu fudhatu callisaan bira taruun seericha

raawwachiisuu irra raawwii seerota kanaa dura dhaabbachuu fi tumsuu dhiisuun barbaachisaa dha (Muuxannoo Kanaadaa).

- Galiiwwan hojiiwwan albuudaa sadarkaa xiqqaa NO keessatti argaman irraa argamu murteessuu fi sassaabuuf MNO aangoo heeraan kennameef waan qabuuf, seerotaa fi barsiifatni faallaa tumaa heeraa jiran akka fooyya'an ykn haqaman gaafachuu fi dhiibbaa gochuu, Sirreeffamni kan hin taasifamne yoo ta'es dhimmicha hiikkoo heeraatiif gara Mana Maree Federeeshinii tti fudhachuun barbaachisaa dha.
- Galiiwwan hojii albuudaa irraa argamanii fi mootummaaleen lamaan aangoo waloo irratti qaban ilaalchisee rakkoo iftoominaa jiru hiikuuf sirna iftoomina qabu diriirsuun barbaachisaa dha. Sirna diriiru keessattis, mootummaan naannichaa galii hojiiwwan kana irraa argaman murteessuu fi sassaabuu keessatti hirmaannaa wal-qixa ta'e akka qabaatu taasisuu barbaachisa.

Bulchiinsa Haqa Yakkaa Keessatti Eegumsa Dhibamtoota Sammuu fi Namoota Dhagahuu/Dubbachuu Hin Dandeenyee: Sakatta'a Naannoo Oromiyaa

*Qorattootni: Geetaachoo Fayyisaa fi Abdusalaam Aabbee**

1.1 Seensa Waliigalaa

Uummata Addunyaa keessaa biiliyoona tokko kan ta'an hir'ina qaamaa/sammuu (disability) gosa adda addaatiin akka miidhaman ragaan Dhaabbata Fayyaa Addunyaa ni agarsiisa.[1]Kanneen keessaa dhibee sammuu, akkasumas rakkoo dhaga'uu-dubbachuu kan qaban dhibbeentaa olaanaa qabaatu. Akka Itoophiyaattis ta'e, naannoo Oromiyaatti daataa baay'ina namoota dhibee sammuu fi rakkoo dhaga'uu-dubbachuu qaban mul'isu argachuun rakkisaa ta'us dhiibbaan dhibeewwan kunneen qaqqabsiisaan olaanaa dha.

Namoonni dhibee sammuu qabaniifi kanneen dubbachuu/dhaga'uu hin dandeenye raawwii yakka keessatti hirmaatanii yookaan shakkamanii qaamoole haqaa biratti dhiyaachuu ni danda'u. Fakkeenyaaf, akka naannoo Oromiyaatti daataa manneen sirreessaa muraasa argame irraa dhibamtoota sammuu lakkoofsi isaanii hin tuffatamne, yakka keessatti hirmaachuun shakkamanii, himatamanii fi itti murtaa'ee adabbii irraa kan jiran ta'uun hubatameera.[2] Gartuun kun sababa fayyaa qaamaa-sammuu isaanii irraa kan ka'e sirna haqa yakkaa keessatti eegumsaa fi qabiinsa adda ta'etu isaaniif

*Lachuu qorattoota seeraa Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaafi Qorannoo Seeraa Oromiyaa dha.

[1] World Health Organization, Disability and Health, Key Facts, 2018, can be accessed at, https://www.who.int/news-room/fact-sheets/detail/disability-and-health, visited on 26/11/2019.

[2] Sakata'a fedhii Qorannoo Inistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa, bara 2012.

barbaachisa. Ka'umsumarraa, dhibeen sammuu raawwii yakkaa keessatti kutaan yaadaa (mens rea) akka hin jiraannee godha. Kanaaf, dhibamtoota sammuu haala kanaan yakka keessatti hirmaatan gaafatamaa gochuun adabbii idilee irratti raawwachiisuun haqa yakkaa galmaan hin gahu. Namoota akkanaa gaafatamummaa yakkaa irraa bilisa gochuun yookaan gaafatamummaa gadi bu'aa ta'e (diminished responsibility) akka qabaatan gochuun sirna haqa yakkaa keessatti beekamaa dha. Namootni kanneen yakka keessatti hirmaachuun isaanii kan mirkanaa'e yoo ta'e, tarkaanfii biroo isaanis ta'ee hawaasa bal'aa fayyadu fudhachuun barbaachisaa dha. Adeemsa haqa baasuu keessattis dantaa namoota dhibee sammuu fi dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenye eegsisuuf sirni seeraa gahuumsa qabu jiraachuu qaba. Jalqabatti seerotni gartuu kanaaf eegumsa taasisan kallattii mirga namoomaa fi waliigalteewwan idil Addunyaatiin yoo madaalaman gahuumsa akkamii qabu kan jedhu adda baasuun barbaachisaa dha.

Gara biraan immoo, qaamoleen seerota jiran hojiirra oolchan mirga gartuu kanaa eegsisuu irratti raawwiin isaanii maal fakkata? Hanqinootni jiran maal faa'adha?qabxiilee jedhan adda baasuu gaafata. Dhibamtoota sammuu fi namoota dhagayuu/dubbachuu hin dandeenye yakka keessatti hirmaatan mirga isaanii eegsisuus ta'ee haqa baasuuf haala qindoominni sirna haqa yakkaa fi sirna eegumsa fayyaa madaaluunis barbaachisaa dha. Gama kanaan, keessumattuu rakkoolee naannoo Oromiyaatti mul'atan adda baasuuf, qorannoo gahaan hin gaggeeffamne. Kanaaf, akka naannoo Oromiyaatti eegumsa mirgoota dhibamtoota sammuu fi namoota dhaga'uu/dubbachu hin dandenye akkasumas bulchiinsa haqaa keessatti akkaataa qabiinsa isaanii irratti seerrii fi hojimaatni jiru maal akka fakkatu sakata'uun waan barbaachiseef qorannoon kuni gaggeefame.

1.2 Hima Rakkoo

Ragaa Ministeerri Fayyaa Itoophiyaa baase irraa akka hubatamu dhiibbaan gama maraan sababa dhibee sammuutiin dhaqabu kan dhukkuba HIV'n dhaqqabu ni caala.[3] Hirmannaan dhibamtootni sammuu yakka keessatti qaban yeroo gara yeroo dabalaa akka dhufe qorannoowwan ni agarsiisu.[4] Akka naannoo Oromiyaattis yeroo ammaa namoonni dhibee sammuu qaban gocha yakkaan shakkamanii to'annoo seeraa jala jiran lakkoofsi isaanii salphaa miti. Sakatta'a taasifameen dhimmoonni dhibamtoota sammuu hedduun isaanii adeemsa qorannoo irra kan jiranii fi sababa kanaan dhibamtootni kunniin furmaata osoo hin argatiin waggoota hedduuf manneen sirreessaa keessatti dabarsuuf akka dirqaman hubatameera.[5] Dhibamtootni sammuu haala kanaan mana sirreessaa keessa turan miidhama adda addaaf saaxilamu. Gama tokkoon dhimma ittiin shakkaman irratti murtii ariifataa dhabuun mana sirreessaatti ittifamu. Gama biraan, dhibamtootni kun dhibee isaaniitiif yaala waan hin arganneef, haalli fayyaa isaanii ni hammaata.

Dhibamtootni sammuus ta'ee namoonni dhaga'uu-dubbachuu hin dandeenye yakka keessatti hirmaachuun shakkamanii gara qaamolee haqaa dhufuu danda'u. Yeroo akkanaa dhibamtootni sammuu/ namoonni dhaga'uu/ dubbachuu hin dandeenye kun bulchiinsa haqa yakkaa keessatti akkuma namoota fayyaa qabanii mirga haqa argachuu isaanitti akka fayyadamaan haalli dandeessisu jiraachuu qaba. Cufumaayyuu namoonni kunneen sababa dhibee isaanitiin eegumsa fi qabiinsa addaa argachuutu malaafi. Gama kanaan mirgootni fi eegumsi seerota keenyaan gartuu kanaaf godhan sadarkaa

[3] Ethiopian Mental Health Strategy 2012-2016.
[4] Aberash Dhugasa, The Role of Mental Health in the Protection of Human Rights of Person with Mental Disability in Ethiopia, Addis Ababa University (2015).
[5] Raga Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessaa irraa gaafa 17/03/2012 argame.

seerotni idil addunyaa kaa'an waliin kan wal hin ginne taanan sarbama mirgaaf saaxila.

Bulchiinsa haqa yakkaa keessatti mirga dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye kabachiisuuf jiraachuun seeraa qofti gahaa miti. Qaamoleen qooda qaban gita barbaadamuun mirgootaa fi eegumsa seeraan taa'an kana hojii irra oolchuu qabu. Dhibamtootni sammuu yommuu himataman manni murtii adeemsa falmii keessafii murtii balleessummaa dabarsuu keessatti tarkaanfilee dantaa dhibamtoota kanneenii fi hawaasa bal'aa eegsisan akka fudhataman ajaja barbaachisu kennuu qaba. Dhibamtootaa sammuu gar-tokkeen gaaftaamummaa yakkaa akka qabaatan irratti murtii yommuu dabarsus eegumsa dhibamtoota kanneenii taasifamuu qabuu, haala fi iddoo turtii isaanii waliin akka murteessan seeraan aangeffameera.[6] Haala fayyaa isaaniis yeroo, yeroon qaama dhimmi ilaalu irraa gabaasa fudhachuu qaba.[7] Kun immoo dhibamtoota sammuu ilaalchisee manneen murtii bu'a-qabeessummaa tarkanfiiwwaan kennanii hordofaa fi fooyyeessa akka deeman gargaara. Gama kanaan, manneen murtii Oromiyaa qabatamaatti haala kanaan raawwataa jiru kan jedhu gaaffiidha.

Falmii yakkaa keessatti qabiinsa shakkamtootni yookaan himatamtootni dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenyee gocha ittiin shakkaman afaan isaanii galuu danda'uun ibsamuufi akka qabu Heera Mootummaa RDFI akkasumas seera deemsa falmii yakkaa keessatti tumamee jira.[8] Kunis mirgi namoota kanneenii sababa afaan beekuu dhabuu isaanitiin akka hin sarbamne eegumsa gochuuf yaadameeti. Namoonni dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye shakkamanii yookaan himatamanii yommuu dhiyaatan haala isaanii galuun dhimmicha yoo hin hubachiisne ta'e akkuma namoota Afaan hin dhageenyee

[6] Seera Yakkaa Mootummaa RDFI Bara 1996 Bahe, kwt 132(1).
[7] Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, Bara 1996 Bahe, kwt.132.
[8] Heera Mootummaa RDFI bara 1987, Labsii Lakk.1/1987, kwt 19(1) fi kwt 20(7).

mirgi haqa argachuu isaanii sarbamuu danda'a. Qabatamaan bulchiinsa haqa yakkaa keessatti dhimmoonni shakkamtoota fi sirreefamtoota kanniin akkasumas qabiinsa isaanii manneen sirreessa keessatti jiru ilaaluun hanqinaaleen naannoo kanatti qunnaman adda baasanii furmaata akeekuun barbaachisaa dha.

Bulchiinsa haqa yakkaa keessatti hojiin mirga dhibamtoota sammuu kabachiisuu fi haqa argamsiisuu qindoomina qaamolee hirtaa fi caaseffama hojii kanaaf mijatu gaafata.Qindoominni dhaabbilee fayyaa qaamolee haqaa waliin qaban laafaa taanan haqa baasuus ta'e, mirga namoota kanneenii eegsisuun hin danda'amu.Yeroo ammaa gaafatamummaa yakkaa namoota kanaa murteessuuf ragaan dhaabbilee fayyaa irraa kennamu lafarra harkifachuun walqabatee namoonni yakka raawwachuun shakkamanii manneen sirreessaa keessatti eegaman sarbamiinsa mirgaaf saaxilamaa jiru.Namootni dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenyes dhimma itti shakkaman yookaan himataman hubachuu yoo hin dandeenye haqni jallachuu danda'a.Qindoominnii fi caaseffamni mirgoota gartuu kanneenii hojiirra oolchuu dandeessisu yoo hin jiraannes namoonni kanneen eegumsa barbaachisaa hin argatani.Kana immoo qorannoon addaa baasuun baayyee barbaachisa. Kanaaf qorannoon kun gaafilee armaan gadii deebisuuf kan gaggeefamu ta'a.

1.3 Gaffiilee Qorannoo

1. Dhibamtootni sammuu fi namootni dhaga'uu/dubbaachuu hin dandeenye haqa yakkaa keessatti mirgaa fi eegumsa akkamii qabu?
2. Bulchiinsa haqa yakka keessatti raawwiin eegumsaa fi qabiinsi dhibamtoota sammuu fi namoota dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenyee maal fakkaata?

3. Mirgaafi eegumsa dhibamtoota sammuu fi namoota dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenyee kabachiisuuf gahumsi, qindoominnii fi hojimaatni qaamolee hirtaa maal fakkata?

1.4 Kaayyoo Qorannoo

Qorannoon kun kaayyoowwan gooroofi gooree qaba. Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa bulchiinsa haqa yakkaa keessatti gahumsi eegumsaa fi raawwii mirgoota dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu dubbachuu hin dandeenye maal akka fakkatu agarsiisuudha. Kanaafis, waliigaltee mirgoota dhala namaa idil addaunyaa, akkasumas muuxannoowwan jiran xiinxaluun eegumsa mirga dhibamtoota sammuu fi namoota dubbachuuf dhagahuu hin dandeenyeef taasifamu irratti gahumsa seerota biyya keenyaa kan madaaluu ta'a. Dabalataan, qorannichi eegumsaa fi qabiinsa dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye ta'an irratti sirnaa fi hojimaata jiru madaaluun hanqinoota jiran agarsiisuu fi fala akeekuuf kan kaayyeffatee dha.

Kaayyoo Gooree

- Maalummaa dhibee sammuu fi dhagahu/dubbachuu ibsuun hariiroo dhibeen sammuu gaafatamummaa yakkaa waliin qabu agarsiisuu;
- Eegumsaa fi mirgoota dhibamtootni sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandenye bulchiinsa haqa yakkaa (qorannoo yakkaa, himannaa, falmii, murteessa adabbii fi haala sirreefamaa) keessatti qaban seeraa Itoophiyaa fi hogbarruu bu'uura godhachuun agarsiisuu. Hanqina gama seeraatiin jiru mul'isuun fala akeekuu;
- Eegumsaa fi qabiinsa mirga dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandenye irratti raawwiin qaamolee hirtaa maal akka fakkatu mul'isuu;

- Dhibamtootni sammuu fi namoonni dhagahuu/dubbachuu hin dandenye yakka keessatti hirmaachuun yommuu shakkaman yookaan himataman tarkaanfiiwwan fudhataman maal akka ta'an ibsuu;
- Mirga dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenyee bulchiinsa haqa yakkaa keessatti eegsisuuf qindoominni qaamolee haqaa fi dhaabbilee eegumsa fayyaa maal akka fakkaatu agarsiisuu fi hanqinoota mul'ataniif fala akeekuu kaayyefate kan gaggeeffamu ta'a.

1.5 Faayidaa Qorannichaa

Qorannoon kun bulchiinsa haqa yakkaa keessatti rakkoowwaan dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenyee mudatu adda baasuu irratti kan xiyyeeffatu waan ta'eef, kabajama mirga gartuu kanaaf bu'aa olaanaa kan buusu ta'a. Qaamoleen mootummaa eegumsa mirga dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye keessatti gahee qaban, keessumattuu qaamolee haqaa fi dhaabbileen fayyaa hanqina gama seeraa, caaseffamaa fi hojimaataan qaban sirreessuun kabajamuu mirga gartuu kanaaf gahee isaanii akka bahan ni godha. Dhaabbileen miti-mootummaa kabajamuu mirgoota dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenyee irratti hojjetan qaawa seeraa fi hojimaataa kabajama mirgoota gartuu kanaan walqabatee jiru qorannoo kana irraa waan hubataniif qooda fi hirmaannaa (intervention) isaanii akka beekanii kabajama mirga gartuu kanaaf akka hojjatan ni gargaara. Dabalataanis, qorannoon kun leenjii adda addaa kennuuf, akkasum qorannoo biroof ka'umsa ta'uun ni tajaajila.

1.6 Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun bulchiinsa haqa yakkaa keessatti qabiinsi mirga shakkamtoota yookaan sirreeffamtoota dhibee sammuu qabanii maal akka fakkaatu

sakatta'uu fi hanqinaalee naannoo kan jiran adda baasuu irratti kan xiyyeefatuu. Dabalataanis, waa'ee namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenyee akkasumas namoota araada fi qorichoota adda addaatiin sammuun isaanii hadoodeen wal-qabatee jiran irratti kan xiyyeeffatu dha. Haa ta'u malee, qorannoon kun miidhamtootaa fi ragoota dhibee sammuu qabanis ta'ee dhagahu/dubbachuu hin dandenye kan hammatu miti.

1.7 Mala Qorannoo

Qorannoon kun mala akkamtaa fayyadamuun kan gaggeeffame dha. Ragaaleen qorannoo kanaaf barbaachisan bifa af-gaaffii gariin caaseffamaatiin, galmee fi daawwannatiin sassaabameeraa. Hoggantoota waliin qabiinsa dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahu/dubbachuu hin dandenyee bulchiinsa haqaa keessatti maal akka fakkaatuu fi rakkoolee jiran ilaalchisee afgaafiin gaggeeffamee jira. Manneen hojii daataan irraa funaaname A/Alangaa sadarkaan jiran, manneen sirreessaa, poolisii, manneen murtii, dhaabbile eegumsa fayyaa fi abukaatoo ittisaa fi abukaatoo dhuunfaa dha. Ogeessoota qaamoolee kanneenii waliinis hubannoo isaan dhimmicha irratti qaban bu'uura godhachuun af-gaaffiin gaggeeffamee jira. Haala qabiinsa dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu-dubbachuu hin dandeenye irratti sirreefamtoota seeraa faanas mariin taasifame jira. Filannoon Sirreefamtoota hubannoo isaan qabiinsa dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye irratti qaban bu'uura godhatee kan taasifame dha.

Bulchiinsa haqa yakkaa keessatti adeemsa qorannoo, himannaa, dhagahaa dhimmaa fi haaromsa dhibamtoota sammuu fi namoota dhagahu-dubbachuu hin dandeenyee ilaalchisee qabinsiifi eegumsi mirgoota isaanii maal akka fakkaatu hubachuuf galmeewwan waajjira poolisii, mana murtii fi mana sirreessaa keessattii argaman sakatta'amaniiru. Dabalataanis, shakkamtootaa fi sirreefamtoota manneen sirreessaa keessa jiran bifa daawwiitiin qabiinsa

isaanii ilaalchisee ragaan sassaabameera. Iddoowwan daataan irraa sassaabame bu'uura odeeffannoo Komishinii Bulchiinsa Manneen Sirreessa Oromiyaa irraa argameen ragaalee qorannichaaf barbaachisan itti argaman haalaa jiddu-galeessa godhateen mala iddaattoo kaayyeeffataan kan filatame dha. Haaluma kanaan, manneen sirreessa dhibamtootni sammuu hedduminaan itti argaman giddu-galeessa godhatee godinaalee sagal (Godina Shawaa Bahaa, Godina Arsii, Harargee Bahaa, Harargee lixaa, Jimma, Shawaa Lixaa, Shawaa Kibba Lixaa, GAONF, Godina Arsii Lixaa) irraa daataan walitti qabamee jira.

2. Hariiroo Dhibeen Sammuu fi Dhagahuu/Dubbachuu Dhabuun Gaafatamummaa Yakkaa Waliin qaban: Yaadrimeewwanii fi Sakatta'a Hogbarruu

2.1 Maalummaa Gaafatamummaa Yakkaa, Dhibee Sammuu fi Dhagahuu/Dubbachuu Dhabuu

i. Gaafatamummaa Yakkaa

Gaafatamummaa murteessuuf seerri, yaadni, gochi akkasumas miidhaa fi bu'aan yaad-gochaa dhimmoota murteessoo dha. Gaafatamummaa yakkaa keessatti immoo dhimmi xiyyeeffannoon guddaan kennamuuf kutaa yaadaa (mens rea) dha. Gaafatamummaan yakkaa haala nama dhuunfaa umurii, dandeettii hubannoo fi xiin-sammuu ilaalcha keessa galchuun gocha seera cabseef qixa namni balleessaa itti taasifamuu dha.[9] Haalota gaafatamummaan yakka itti murtaa'u keessaa tokko bu'aan gocha yakkaa raawwatame shakkamaan kan wal-qabatu ta'uu hubachisuun yoo danda'ame dha.[10] Haa

[9] Grossi, L. M., & Green, D. (2017), An International Perspective on Criminal Responsibility and Mental Illness, *Practice Innovations*, Advance Online Publication. Available at http://dx.doi.org/10.1037/pri0000037 visited on 2/12/2019.
[10] Akkuma 9^{ffaa}, FF 21-22.

ta'u malee, yeroo hunda gochi raawwatameef bu'aan argame kallatiin wal-qabatus namni gocha raawwate gaafatamummaa qaba jechuu miti.Fakkeenyaaf, namni fedhii malee dhugaatiin akka of wallaalu taasifame gocha yakkaa raawwate yookaan namni sababa dhibee sammuutiin bu'aa gocha isaa hubachuu hin dandeenye gocha raawwateef gaafatamummaa guutuu hin qabaatu.[11]

Haalli xiin-sammuu namoota yakkaa raawwatanii gaafatamummaa yakkaa hundeessuu irratti murteessaa dha. Rakkoon xiin-sammuu jiraachuun immoo haal dureewwan itti gaafatamumma bu'uressuuf barbaachisan kan akka dandeettii fi filannoo dhabuu uumuu danda'a. Ogeessi HLA Hart jedhamu, *[... Those whom we punish should have had , when they acted , the normal capacities, physical and mental for doing what the law requires and abstaining from what the law forbids , and a fair opportunity to exercise these capacities. Where these capacities and opportunities are absent, as they are in different ways in the varied cases of accident, mistake, paralysis, reflex action, coercion, insanity etc...].*[12]jechuun ibse.

Akka ogeessa kanaatti kutaan xiin-sammuu qofaa isaatti gahaa akka hin taaneefi garuu immoo namoonni gocha yakka tokkoon shakkaman yeroo waan seerri akka hin raawwanne isaan ajaju raawwataniif akkasumas gocha akka raawwatan ajajaman raawwachuu dhaban haalli fayyaa sammuu, qaama isaanii sirrii ta'uu adda baafachuun barbaachisaa dha. Akkasumas, namoonni kunniin dandeettii qaban sirnaan fayyadamuuf carraan ture addaan bahee beekamuu qaba. Akka sababaattis haalonni akka balaa, dogongoraa, dirqamuu fi dhibee sammuu jiraachuun isaa namoonni gocha tokko yaada guutuun raawwatan kan nama hin jechisiisne dha.

[11] Akkuma lakk.9 F 22.
[12] Akkuma Mil-jalee Lakk.11ffaa.

Seera yakkaa keenya keessattis namoonni gocha raawwataniif gaafatamummaa qabaachuu akka danda'an teechisee jira. Haa ta'u malee, haalota muraasa keessatti namoonni gocha yakkaa raawwataniif sababoota seeraan teechifameen gaafatamumma yakkaa jalaa akka bahan yookaan gar-tokkeen akka gaafatamaa ta'an taasifameejira.[13]

ii. Maalummaa Dhibee Sammuu

Dhibeen sammuu maqaa adda addaatiin ibsama. Maqeeffama kanneen keessaa, "*mental disorder, mental illness, mental disability, psychiatric disability, psychiatric disorder, mental handicap, mental defect, mental deficiency, mental cruelty*"[14] kan jedhan beekamoo dha. Maqeefamni dhibee sammuuf kennamu gosoota dhibee mara kan ibsuu danda'uu fi kabaja dhibamtootaa kan eege ta'uu qaba.[15] Dhaabbatni Fayyaa Addunyaa jecha jeeqamuu sammuu (mental disorder) jedhuuf hiikkaa kenneen;

Mental disorder comprise a broad range of problem with different system however, they are generally characterized by some combination of abnormal thought, emotion, behavior and relationship with others. Examples are schizophrenia, depression, intellectual disability and disorder due to drug abuse.[16]

Hiikkaa armaan olitti kenname irraa kan hubatamu jeeqamuun sammuu rakkoo bal'aa kan of keessatti hammatuu fi agarsiistuuwwan akka miira, amala, yaadaa fi gochaa baratamaa hin taane agarsiisuu of keessaa qaba. Akka

[13] Akkuma Mil-jalee lakk.6, kwt 48-50 wal-faana dubbisu.
[14] The Role of Mental Health in the Protection of Human Rights of Person with Mental Disability in Ethiopia,Addis Ababa University (2015), F 10.
[15] Akkuma 14ffaa.
[16] Toora intarneetii www.hpp//:Who.int/mental-health/management/en/ gaafa guyyaa. 19/03/2012 kan ilaalame.

fakkeenyaattis hir'ina yaadaa, yaaddoo cimaa, rakkoo sammuu sababa qorichoota sammuu hadoochaniin dhufuu fi Iskiizoofeerniyaa ni caqafamu.

Seerri Yakkaa Itoophiyaa dhibee sammuu jecha jedhuuf kallattiin hiikkaa hin kennine. Haa ta'u malee, rakkoo fayyaa sammuu fi gafatamummaan wal-qabsiisee dhiibbaa sammuun fayyaa dhabuun qabu kaa'era. Bu'uuruma kanaan namni tokko sababa guddina yookaan dhukkuba sammuutiin yookaan sababa xiin-lubbuu (baayolojikawaa) birootiin gocha yookaan bu'aa gochaa raawwatee hubachuu kan hin dandeenye yoo ta'e gaafatamummaa yakkaa akka hin qabaanne seerrichi ni kaa'a.[17]

iii. Namoota Dhagahuu -dubbachuu Hin Dandeenyee *(Deaf-Mute)*

Namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye (deaf-mute) jechi jedhu namoota sababa rakkoo adda adddatiin dubbachuu fi dhagahuu hin dandenye dha. Rakkoon kun haala lamaan ibsamuu danda'a. Kunis tokkoffaan sababa rakkoo kokkee yookaan laagaa (throat or vocal cord) sagalee uumuu dadhabuun yammuu ta'u, inni lammaffaa immoo sagalee uumuu danda'anis sababa dhagahuu hin dandeenyeef dubbachuu dadhabuu irraa madduu danda'a.[18] Baroota dheeraaf namoota kanniin barsiisuus ta'e, waliigaluun rakkisaa waan tureef, akka mirgaa fi dirqama seeraa hin qabnetti ilaaluun tureera.Yeroo ammaa garuu namoota kanneen waliin wal hubachuun waan danda'amuuf hawaasa keessatti haala duriitiin kan ilaalaman miti.[19]

[17]Seera Yakka Mootummaa EDFI, kwt. 48(2).
[18] Deaf Mute or Deaf, Asian Journal of Medica and Biological Research, Toora Tntarneetii, F 11.
[19] Akkuma 18[ffaa].

Seera Itoophiyaatti Keessatti Sadarkaa Namoota Dhagahuu/Dubbachuu Hin Dandeenye

Namni kamiyyuu garaagarummaa tokko malee walqixa ilaalamuu akka qabuu fi eegumsa seeraa wal-qixa ta'e argachuu akka qabu Heerri ni tuma.[20]Haaluma wal-fakkaatuun namoonni seeraan to'ataman sababa ittiin shakkaman afaan hubachuu danda'aniin akka ibsamuufi qabu tumamee jira. [21] Namootni himatamanis waan ittiin himataman akka galuufii danda'utti ibsamuufii qaba. Namoonni dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye immoo dhimmi ittiin shakkaman yookiin ittiin himatman haasawa afaanii baratameen kan ibsamuuf yoo ta'e hubachuu hin danda'an. Kanaaf tumaalee kanniin irraa akka waliigalaatti namoonni dhagahuu/dubbachuu hin dandenye afilaattoo (sign language) fayyadamuun dhimmichi ibsamuufii akka qabu hubachuun ni danda'ama.

2.2 Dhiibbaa Dhibeen Sammuu Gaafatamummaa Yakkaa Irratti Qabu: Safartuulee Akka Addunyaa fi Seera Biyya Keenyaa Keessa Jiran

Gaafatamummaan yakkaa qajeeltoo yoo ta'u, haala addaan namoonni gochi isaanii seera cabseef akka hin gaafatamne yookaan haala gadi bu'aa ta'een akka gaafataman godhaman jiru. Namoota haala kanaan gaafatamummaa irraa bilisa yookaan gariin-bilisa taasifaman keessaa dhibamtootni sammuu tokko dha. Akkuma olitti ilaalle dhibeen sammuu hiikoo bal'aa kan qabuu fi hanqina fayyaa qaamaa-qalbii uumamaa fi guyyaa keessa dhufan kan hammatuu dha. Namni dhibee sammuu qabu raawwii yakkaa keessatti gaafatamummaa irraa bilisa yookaan gariin bilisa jechuuf safartuuwwan (tests) itti madaalamu adda addaatu jira. Isaanis:

[20] Akkuma Mil-jalee lakk.8 kwt.25.
[21] Akkuma Mil-jalee lakk.8 kwt.19-20.

a) Safartuu MaakNaawtaan (McNaughten Test): Safartuun kun safartuu 'sirrii-dogongora' jedhamees beekama.Akka safartuu kanaatti gaafatamummaan dandeettii namni gocha isaa hubachuu qabu irratti hundaa'a.[22] Kana jechuun, namni yakka raawwate sababa hir'ina sammuu qabuuf raawwii fi bu'aa gocha isaa yookaan gochi sun sirrii yookaan dogongora ta'uu isaa yoo hin beekne bu'uura safartuu kanaatiin yakkichaaf gaafatamaa hin ta'u.

b) Safartuu Miira Ofii To'achuu Dhabuu (Irresistible Impulse Test): Safartuun kun namni yakka raawwateef gaafatamaa ta'uuf gochaa jedhame raawwachuu irraa of qusachuuf dandeettii yoo qabaateedha. Kunis gochaan raawwatame sirrii yookaan dogongora ta'uu beekuu qofa otoo hin taane raawwachuu irraa of qusachuuf dandeettii qabaachuu akka qabu adda baasuu gaafata.

c) Safartuu Durhaam (Durham Test): Akka safartuu kanaatti namni yakka raawwatee dhibee sammuu akka ittisaatti dhiyeeffatu raawwiin yakkichaa bu'aa dhibee sammuu yoo ta'e qofa gaafatamummaa irraa hafa.[23]

d) Safartuu Koodii Yakkaa Modeelaa (Model Penal Code Test): Gaafatamummaan haala sammuu yookaan dandeettii gochaa fi seera wal simachiisuuti. Kanaaf namni yakka raawwate gaafatamummaa irraa bilisa kan ta'u sababa dhibee yookaan hanqina sammuutiin dandeettii gochaan isaa balleessa ta'uu yookaan gochaa irraa eegamu guutummaatti hubachuu yoo dhabedha.[24] Akka waliigalaatti, biyyoonni addunyaa hundinuu imaammata haqa yakkaa hordofan irratti hundaa'uun safartuuwwan kanneen keessaa tokko yookaan tokkoo ol walitti makuun ni fayyadamu. Seera yakkaa kwt. 48fi

[22] Eric P. Pitsch M.S, (2003), Lawyers, Mental Health Professionals and Legal System, A Look at Professionals Who Work with the Legal System, Hypnosis as Scientific Tool, and Sexual Abuse, P.55.

[23] Stephen P. Garvey (2018), Agency and Insanity, *Buffalo Law Review* [Vol. 66], pp.139-143.

[24] Akkuma Mil-jalee lakk.22.

49 irraa akkuma hubatamu namni gaafatamummaa yakkaa irraa guutummaatti yookaan gariin bilisa ta'uuf dhibee sammuu gochichi seer-maleessa ta'uu yookaan ta'uu dhiisuu akka hin hubanne godhu qabaachuu yookaan ammo yeroo raawwii yakkichaa gocha isaa yookaan bu'aa gochaa isaa hubachuu hin dandeenye yoo qabaate dha. Kun immoo safartuuwwan jiran walitti seera keenya keessatti akka hammataman agarsiisa. Raawwii fi gaafatamummaa yakkaa namoota dhibee sammuu qabanii murteessuuf dhimoonni ilaalaman akka waliigalaatti bakka sadiitti qoodamu. Isaanis, haalli uumamaa (biological), haalli xiin-sammuu (psychological) fi haalotni umamaa fi xiin-sammuu (bio-psychological) dhiibbaa hubannaa fi raawwii gocha irratti qabanidha.

2.3 Eegumsaa fi Qabiinsa Dhibamtootni Sammuu BulchiinsaHaqa Yakkaa Keessatti Qaban

Sanadootni mirga dhala namaa idil addunyaa jechuun beekaman[25] mirgootni namoomaa, siyaasaa, diinagdee fi hawaasummaa nama hundumaaf wal qixa akka kabajamu akeeku. Inumaayyuu, gartuun kun sababa haala isaanitiif eegumsaa fi hojiirra oolmaa mirgoota isaaniitiif tarkaanfiin dandeessisu fudhatamuu qaba. Haaluma walfakkaatuun, bulchiinsa haqa yakkaa keessatti sababa fayyummaa isaanii irraa kan ka'e dhibamtoota sammuu eegumsaa fi qabiinsa adda ta'etu isaan barbaachisa. Gama kanaan, konvenshiniin mirgoota namoota hir'ina qaamaa/sammuu qaban mirga haqa argachuu gartuu kanaa ilaalchisee eegumsa godhamuu qabu teechisee jira. Konveenshinichi jalqaba irratti mirga walqixxummaa cimsee kaa'a. [26] Kunis namootni hir'ina qaamaa/sammuu qaban namoota kanneen biroo waliin haala walqixa ta'een

[25] Universal Declaration on Human Rights (1948), International Covenant on Civil and Political Rights (1966) and International Covenant on Economic, Social and Cultural Rights (1966).
[26] Article 13 of United Nations Convention on the Rights of Persons with Disabilities, 2006.

mirgi haqa argachuu (access to justice) isaanii akka kabajamuufii qabu ibsa. Eegumsi mirga haqa argachuu kunis sadarkaa bulchiinsa haqa yakka hundumattuu (qorannoo haga sirreessaa) sirnaan hojiirraa ooluu qaba. Konveenshinicha kwt.14 jalatti namootni hir'ina qaamaa/sammuu qaban akka feeteen bilisummaa qaamaa fi nageenya dhabuu akka hin qabne tumamee jira.Kun namoota dhibee sammuu qabanii fi yakka keessatti hirmaataniif baay'ee barbaachisaa dha. Sababni isaa, adeemsa bulchiinsa haqaa keessatti qorannoon yakkaa taasifamuu fi tarkaanfiiwwan qabiinsa isaanii (mana sirreessaa yookaan qaama biraatiin) irratti kennaman bilisummaa fi nageenya gartuu kanaa kan miidhan ta'uuf carraan bal'aan waan jiruufi. Mirgi namoota hir'ina qaamaa/sammuu qabanii qaama yookaan nama biraan akka hin sarbamne eegumsa gahaa kaa'unis mootummaa irraa ni eegama.[27]

Itoophiyaan konveenshinii mirgoota namooota hir'ina qaamaa/sammuu qabanii mallatteessitee raggaasistee jirti.[28] Kun immoo biyyattiin mirgoota sanadichaan eegumsa argatan hojiirra oolchuuf dirqama akka qabaatu godha. Heerri mootummaa Itoophiyaas ta'e kan naannoo Oromiyaa 'mirgootaa fi bilisummaawwan bu'uuraa' akkasumas 'mirgoota dimokiraasii' jechuun tumaalee boqonnaa sadii jalatti teechifaman hunda keessatti gale 'namni kamuu' jedhuu fayyadame.[29] Tumaaleen kunneen haala kanaan bocamuun isaanii eegumsi mirga dhala namaa kun dhibamtoota sammuu dabalatee namoota hir'ina qaamaa/sammuu qaban hundaaf kan taasifame ta'uu agarsiisa. Dabalataan, keewwata 25 Heerota kanneenii namni hundumtuu seera duratti qixa ta'uu fi eegumsa wal qixa argachuu akka qabu kaa'a. Heera mootummaa keewwata 37 jalatti namni kamuu dhimma mana murtiitti

[27] Akkuma Miil-jalee lakk.25.

[28] Convention on the Rights of Persons with Disability, Ratification Proclamation, No. 676/2010.

[29] Akkuma Miil-jalee lakk.8 fi Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa Bara 1997 Fooyya'ee Bahe, Labsii Lakk. 94/1997 (kw 13-37) ilaaluun ni danda'ama.

murtaa'uu danda'u qaama aangoo qabutti dhiyeessee mirga haqa argachuu qaba jechuun kan tume dhibamtoota sammuutiifis roogummaa kan qabu ta'a.

Eegumsi fi mirgoonni dhibamtoota sammuu ilaallatan kunneen adeemsa bulchiinsa haqa yakkaa keessatti seerotaan deeggaramanii hojiirra ooluu qabu. Itti aansuun eegumsaa fi qabiinsa namoonni kunneen qaban sadarkaa bulchiinsa haqa yakkaatti maal akka fakkatu haa ilaallu.

a. Sadarkaa Qorannoo Yakkaatti

Akkaataa namootni dhibee sammuu qaban sadarkaa qorannoo yakkaatti itti qabaman irratti muuxannoowaan adda addaatu jira. Fakkeenyaaf, akka muuxannootti yoo ilaalle bulchiinsa haqa yakkaa mootummaalee Ameerikaa hedduu keessatti poolisoonni leenjii addaa qabiinsa dhibamtoota sammuu irratti fudhatan dhimma isaanii akka ilaalan godhama. Filannoo biraan ammoo qaamolee tajaajila fayyaa kennan waliin qindaa'uun garee ogeessota hawaasummaa (xiin-sammuu, siyikaatiristii kkf) qabuu fi tajaajila socho'aa kennu (*mobile mental health crisis teams*) uumanii sadarkaan shakkamaa akka adda bahu godhama.[30] Itti aansuun, sadarkaa yakka raawwatamee fi haala shakkamichaa irratti hundaa'uun tarkaanfiiwwan filannoo adda addaatu fudhatama. Kunis poolisii fi ogeessonni hawaasummaa nama dhibee sammuu qabu kana otoo hin to'atiin (arrest) gara qaamolee tajaajila yaala kennan adda addaatti geessuu danda'u. Gara biraan immoo to'atanii mana murtii sadarkaa jalqabaatti dhiyeessuun shakkamichi dandeettii qabaachuu fi dhiisuun akka adda bahu godhu. Manni Murtii sadarkaa jalqabaas dhimmi shakkamichaa mana murtii idileen moo mana murtii addaatiin (Mental health courts) ilaalamuu qaba kan jedhu murteessanii gara qaama rogummaa qabutti erga.

[30] Courtenay L. Sellers, et al, (Responding to Persons with Mental Illnesses: Police Perspectives on Specialized and Traditional Practices, Behav. Sci. Law 23: 647–657 (2005), p.650.

Kana gidduutti shakamaan tajaajila fayyaa argataa qorannoon dandeettii yakkaan gaafatamaa ta'uu qabaachuu fi dhiisuu akka taasifamuuf ni godhama. Bu'uura tajaajila fayyaa fi qorannoo godhameen shakkamichi dandeettii hin qabu ejjannoo jedhu irra yoo gahame dhimmichi addaan cita. Dandeettii ni qaba jedhamee yoo amaname akkuma haala isaatti mana murtii idilee yookaan kan addaatti dhimicha ilaaluun itti fufa.[31]

Sirna haqaa keenya keessatti namni yakka raawwachuun shakkame dhibee sammuutiif kan saaxilame ta'uu sadarkaa qorannoo yakkaatti kan beekame yoo ta'e Abbaan alangaa qorannichi akka addaan citu yookaan galmeen akka cufamu gochuu danda'a.[32] Haa ta'u malee, Abbaan Alangaa galmee cufuu irraa kan hafe tarkaanfii akkamii akka fudhatu wanti akeekame hin jiru.Gama biraatiin, shakkamaan tokko yeroo jalqabaatiif mana murtiitti yammuu dhiyaatu, manni murtii dhibee sammuu qabaachuu isaa yoo shakke shakkamaan dhibee sammuu qabu gara iddoo turmaataa (mana sirreessaa) otoo hin taane mana yaalaa akka deemu ajajuuf tumaan dandeessisu hin jiru. Shakkamaa yeroo jalqabaaf mana murtii dhiyaate irratti manni murtii ajaja yeroo beellamaa kennuu yookaan mirga wabiin gadhiisuu qofa dabarsuu danda'a.[33]

b. Sadarkaa Dhagaha Dhimmaatti / Murtii/

Seera deemsa falmii yakkaa kwt 94(2)j jalatti akka ibsametti namni yakka raawwachuun himatame haalli sammuu isaa nagaa qabaachuu ragaa ogummaatiin hanga qulqullaa'utti dhaga'aan dhimmaa akka turu manni murtii ajajuu danda'a. Kunis gaaffii Abbaa Alangaatiin yookaan kaka'umsa mana

[31] Lenore E.A. et al, Best Practices for the Mentally Ill in the Criminal Justice System, Springer International Publishing, 2016, pp.4-5.
[32] Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa Hundeessuu fi Aangoo Isaa Murteessuuf Bahe kwt.7(8), Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa kwt. 42, Imaammata Yakkaa Itoophiyaa bara 2003 Bahe lakk 214, lakk. 3.11(j).
[33] Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, Labsii Lakk.185/1961, kwt Art.29 fi 59.

murtiitin ta'uu mala. Manni murtii haala kanaan ajaja kan kennu yoo ta'e, hanga bu'aan ajajaa dhufutti himatamaan dhibee sammuu qabaachuu shakkame kun bakka qorannoon dhibee sammuu kun itti taasifamu akka turu ajajuu qaba. [34] Bulchiinsa haqa yakkaa keessatti dhimmi biraa eegumsa namoota dhibee sammuu qabanii ilaallatu waa'ee bilisummaa qaamaa fi nageenya isaaniiti. Dhibamtootni sammuu akkuma namoota biroo mirga bilisummaa qaamaa fi nageenyaa qabu. Mirgi bilisummaa qaamaa fi nageeenyaa kunis dhibamtootni sammuu haala seerri hayyamuun ala qabamanii to'annoo jala akka hin galle, murtii seeraan irratti darbe malee hidhaa yookaan to'annoo dhumni isaa hin beekamne jala akka hin turre irraa eegumsa akka argatan godha. Gama kanaan namni yakka raawwate sababa dhibee sammuutiin guutummaa yookaan gariin gaafatamummaa yoo dhabe manni murtii bu'uura tumaalee seera yakkaa 129-133tiin tarkaanfiiwaan eeraman akka fudhatamu ajaja ni dabarsa. Tarkaanfiin fudhatamu dhibamtichi yaala akka argatu fi/yookaan iddoo manni murtii amanetti akka ittifamu gochuu ta'a. Manni murtii tarkaanfiwwan kanneen murteessuuf sadarkaan dhibee dhukubsatichaa ogeessaan dursee murtaa'uu qaba. Dabalataan tarkaanfiin ajajamu sadarkaa dhibee waliin kan walgitu ta'uutu irraa eegama. Manni murtii ajaja kenne kana haala jijjiirama fayyaa dhukubsataa ilaaluun fooyyessaa deemuun irraa eegama.

c. Sadarkaa Haaromsaatti

Namni yakka raawwate sababa dhibee sammuuf gaafatamaa ta'uu baatus nageenya hawaasaatii fi eegumsa isaaf manni murtii yoo itti amane mana sirreessaa akka turu ajajuu danda'a. Dabalataan, sirreeffamaan otoo mana sirreessaa jiru dhibee sammuun miidhamuu danda'a. Sirreeffamtoota haala kanaan dhibee sammuutiin miidhaman manni sirreessaa adda baasee qabachuu

[34] Seera Deemsa Falmii Yakkaa Itoophiyaa, kwt.96.

qaba.[35] Sirreeffamtootni dhibee sammuu qaban kunneen akkuma sirreeffamaa kamiiyyuu yaala bilisaa argachuuf mirga qabu.Gama kanaan, sirreeffamtootni dhibee sammuu qaban yaala fedhii fi haala isaaniif rogummaa qabu argachuu qabu jechuu dha. Dhibamaan sammuu mana sirreessaa keessa jiru yookaan sirreeffamaan adabbii raawwachaa jiru dhibee sammuutiin kan miidhame yoo ta'e raawwiin adabbii adda citee sirreeffamichi yaala fayyaa akka argatu godhamuu qaba.[36]

2.5. Bulchiinsa Haqa Yakkaa Keessatti Tarkaanfii Filannoo Dhibamtotta Sammuun Wal-qabatee Fudhatamu

Tarkaanfiin filannoo namoota dhibee sammuu qaban gocha yakkaa raawwatan adeemsa bulchiinsa haqa yakkaa idilee keessaa akka bahan taasisuun tajaajila fayyaa sammuu akkasumas deeggarsa biroo akka argatan taasisuu dha.[37] Tarkaanfiin filannoo bulchiinsa haqa yakkaa keessatti sadarkaa adda addaa irraa eegalee kan fudhatamu ta'ee qindoomina qaamolee fayyaa, hawaasumaa fi sirna haqaa kan gaafatu dha. Barbaachisummaan tarkaanfii filannoo kun rakkooleen namoota dhibee sammuu qabanii karaa yaala fayyaa fi deeggarsa birootiin furmaata kan argatu malee adeemsa baratamaa sirna haqaa yakkaa keessa jiruun ta'uu hin qabu falaasama jedhu irraa kan maddu dha.

Tarkaanfiin filannoo sadarkaa adda addaa keessatti fudhatamuu danda'a. Akka fakkeenyaatti nama yakkaan shakkamee to'annoo jala jiru qorataan yakkaa fayyaa isaa qoraachiisee dhukkubsataa ta'uu yeroo adda baasetti dhimmicha addaan kutuun akka yaala argatu taasisuu ni danda'a.

[35] Dambii Qabiinsa Sirreefamtoota Mana Sirreessa Federaalaa, Dambii Lakk.138/1999, kwt 5(3)d.
[36] Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, kwt.116.
[37] Criminal Justice Diversion for Person with Mmental Disorder, A Review of Best Practice toora intarneetii https://cmha.bc.ca/wp-content/uploads/2016/07/DiversionBest Practices.pdf gaafa 19/03/2012 ilaalame.

Dabalataanis, Abbaa Alanga galmee qorannoo bira gahe yammuu rakkoo fayyaa sammuu jiraachuu hubate himata addaan kutuu akkasumas yeroo mana murtii dhiyaatees manni murtii himatamaan yookaan shakkaman akka hidhaa bahee yaala argatu gochuun ni danda'ama. Erga adabbii raawwachuu eegalee boodas rakkoon jiraachuu yoo beekame mana sirreessaa bahee deeggarsa akka argatu ni taasifama.[38]

Tarkaanfiin filannoo fudhatamu milkaa'ina akka qabaatuuf qindoominni dhaabbilee hawaasummaa, dhaabbilee fayyaa, manneen sirreessaa, qaamolee seera raawwachiiftu, dhibamtoota sammuu yookaan maatii dhibamtootaa baayyee barbaachisaa dha.[39]

3. Xinxaala Daataa Haala Eegumsa Mirgaa fi Qabiinsa Dhibamtoota Sammuu fi Namoota Dhagahuu/Dubbachuu Hin Dandeenyee

Namoonni dhibee sammuu qaban; akkasumas, kanneen dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye yakka yammuu raawwatan yookaan raawwachuun yammuu shakkaman adeemsa kenniinsa haqaa keessatti akkaataan eegumsa mirga isaanii fi qabiinsa isaanii maal fakkaata kan jedhu adda baasuuf afgaaffiin ogeessota qaamolee haqaa irraa funaanamee jira. Ogeeyyiin kunneen qorattoota poolisii, Abbootii Alangaa, Abbootii Seeraa; akkasumas, abukaattota ittisaa fi ogeessota m/sifaadha. Kanaanis adeemsa kenniinsa haqa yakkaa, jechuunis qorannoo yakkaa, himannaa, falmii, kenninsa murtii fi adeemsa sirreessaa keessatti tarkaanfileen fudhataman mirgoota haqa argannaa dhibamtoota sammuu hangam akka eegsisaa jiru akkasumas

[38] Akkuma.37^{ffaa}.
[39] Akkuma 37^{ffaa}.

hanqinaalee jiran adda baasuuf daataan afgaaffii, galmeewwan MM fi daawwannan funaaname akka itti aanutti xiinxaalamee jira.

3.1 Adeemsa Bulchiinsa Haqa Yakkaa Keessatti Haala Eegumsaa fi Qabiinsa Dhibamtoota Sammuu

i. Gaggeessa Qorannoo Yakkaa Keessatti

Namoonni dhibee sammuu qaban yookan amala dhibee sammuu agarsiisan yakka raawwachuun kan shakkaman yommuu ta'e, adeemsa qorannoo idileen ala adeemsi addaa isaan hordofan akka hin jirre qorattootni poolisii ibsaniru.[40] Dabalataanis, namootni kunneen yakkoota sasalphoo kanneen jedhaman kan akka miidhaa qabeenyaa salphaa yookaan qaama namaa irraan gahuu yoo raawwatan yeroo baay'ee gara qorannoo yakkaatti akka hin seenne ibsu. Namni yakkicha raawwate amala dhibee sammuu qabaachuu kan agarsiise yookaan hawaasa biratti haala kanaan kan beekamu yoo ta'e, sodaachisuu yookaan akeekkachiisuun kan bira darban ta'uu ibsaniiru.[41] Namootni yakkichaan miidhaan irra gahe tarkaanfii kana bakka mormanitti ammoo namni miidhame jedhe sun haala fayyummaa sammuu shakkamaa sanaa akka qorachiisu gaafachuun adeemsi qorannoo akka itti hin fufne kan godhamu ta'uunis ibsamee jira. Kun ammoo adeemsi fayyummaa sammuu shakkamaa

[40]Kom. Girmaa Maammoo, QPGo/Har/Bahaattii Abbaa Adeemsa Qorannoo Yakkaa waliin gaafa 11/07/2012, Saj/o Waasihuun Mulgeetaa, Saj/Ol Amaddiin, Diini qorattoota Waajjira poolisii Aanaa Magaalaa Shaashamannee 16/6/2012, Waajjira Poolisii Aanaa xiyoo 27/06/2012.

[41] I/inspe. Abdulaaziiz Jamaal, AA /Qo/Yakkaa QPG H/Li 08/07/12, Saj/Ola. Markabuu Agonaafir qorataa Poliisii Aanaa Ciroo, 10/07/2012, Obbo Muktaar Mahammad, AA Mana Hojii AAGo/ H/B, 12/07/2012, I/A/Insp. Rashiid Abbaa Maccaa, Qorataa yakkaa QPG Jimmaa waliin gaafa 26/06/12, obboo Daawiit Firrisaa AAMHAA Magaala Jimmaa waliin gaafa guyyaa 26/06/12,obboo Kabbadaa Fidaa AA MHAA Magaala Jimmaa waliin gaafa guyyaa 26/06/12 , Komaandar Isheetuu Kabbadaa Nagaasaa Divizhinii qorannoo Taaktikaa QPG Shawaa Kibba Lixaa waliin Gaafa guyyaa 04/07/12 taasifame.

qorachiisuuf deemamu dadhabsiisaa fi xaarii guddaa kan gaafatu ta'uu irraa kan ke'e ta'uu isaas dabalanii kaasanii jiru.[42]

Gara biraatiin ammoo namni amala dhibee sammuu agarsiisu yakka cimaa kan raawwate yoo ta'e, poolisiin to'atee kan qoratu ta'uu hubachiisanii jiru. Akka ogeessota kanaatti yakkoota cimaa kan jedhaman yakkoota qaamaa fi kabaja namaa irratti raawwataman kan akka miidhaa qaamaa cimaa, ajjeechaa fi dirqisiisanii gudeeduu waliin kan wal qabatani dha. Haala kanaan, namni yakkicha raawwachuun shakkame amala dhibee sammuu qabaachuu agarsiisus akkuma nama kamiiyyuu too'atamee kan qoratamu akka ta'e ogeessonni hojii qorannoo yakkaa keessatti hirmaatan ibsanii jiru.[43]Namni shakkame kan jecha waakkii fi amantaa kennuu yookaan of ibsuu hin dandeenye yoo ta'e, poolisiin gara MMtti dhiyeessee qajeelfama kan itti gaafatu ta'uu hubachiisaniiru.[44] Galmeen erga qoratamee booda, AA manni murtii ajaja itti yaa kennu bifa jedhuun himata hundeessuun ni jira.[45]

Manni murtii fayyummaan sammuu shakkamaa akka qoratamu yammuu ajaju shakkamaan hanga beellamni hospitaalaa gahutti M/si akka turu godhama.[46] Darbee, darbee shakkamaa dhibeee sammuu qabu to'annoon ala akka turu

[42] Kom.AA/H/Qo/Y/M/H/Kennisiisaa QPG Arsii Lixaa 28/06/2012 , Saj/Ola. Markabuu Agonaafir Qorataa Poliisii Aanaa Ciroo, 10/07/2012.

[43] I/inspe Abdulaaziiz Jamaal, AA/Qo/Yakkaa QPG H/Li 08/07/12, I/A/Insp. Rashiid Abbaa Maccaa, Qorataa Yakkaa QPG Jimmaa waliin gaafa 26/06/12 ,obbo Daawiit Firrisaa AAMHAA Magaala Jimmaa waliin gaafa 26/06/12,obboo Kabbadaa Fidaa AAMHAA Magaala Jimmaa waliin gaafa guyyaa 26/06/12 , Komaandar Isheetuu Kabbadaa Divizyinii Qorannoo Taaktikaa QPG Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 04/07/12 taasifame.

[44] Kom.Taaddasaa Darajjee QPGo/ GAONF, Hoogganaa Kutaa Qorannoo Yakkaa, Kom. Girmaa Maammoo, QPGo/Har/Bahaatti A. Adeemsa Qorannoo Yakkaa waliin gaafa 11/07/2012, Obbo Tolasaa Damee, AAwaajjira AAGo/H/Li 08/07/12.

[45] Obbo Zinnaabizuu Mireessaa, B/B Ab/Ad/Qor/Yakkaa Adda Addaa fi AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12, obbo Seeyfuu Manzaa Itti Gaafatamaa MHAA Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12, obbo Gazzahany Shuumii, I/G/ MHAA Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12 taasifame.

[46] Obboo Angaasaa Tarreessaa B/B gaggeessaa garee yakkaa MMO Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/2012 taasifame, obboo Maatiwoos Yigazuu Gaggeessaa KTAS MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12 taasifame.

gochuun akka jiru kan ibsanis jiru.[47]Haa ta'u malee, maatiin shakkamtoota kanneenii namoonni kunneen to'annoo jalaa akka hin bane yammuu itti barbaadan jira. Kanaafis wabiif illee fedhii hin qaban jedhu ogeessonni.[48]

Namoota dhibee sammuu qabanii fi yakka raawwatan to'annoo jala tursiisuu dhiisuun rakkoo uumaa akka jiru ogeessonni ibsanii jiru. Kunis namoonni kun carraan yakka biraa hojjechuu yookaan isaan irratti yakki raawwatamuu bal'aa akka ta'e ibsanaara. Fakkeenyaaf, hirmaataan qorannoo tokko muuxannoo isaa*, 'Godina Harargee Lixaatti namni dhibee sammuu qaba jedhamee shakkame tokko nama biraa ajjeesee waan to'annoo poolisii jala hin galleef isas ni ajjeesani*[49] jechuun ibsee jira. Gama biraan, namoota dhibee sammuu qaban fayyadamanii qaamoleen yakka raawwachuuf yaalanis akka jiran poolisoonni hubannoo qaban ibsanii jiru.*[…Yeroo waldhabdeen amantaa uumame tokko namni amala dhibamaa sammuu qabu tokko sochii mana amantaa gubuu godhame keessatti akka dhimmaa itti bahuuf qophaa'an meeshaalee ibidda qabsiisuuf oolan harka isaatti akka qabame jechuun ogeessi ibses jira.[50]]…*

Namoonni yakka raawwatan gaafatamummaa irraa baqachuuf jecha sobanii dhibee sammuu qabaachuu akka sababaatti dhiyeessuun baayyinaan isaan qunnamuu qorattootni poolisii kaasaniiru.[51] Kanaaf, waa'ee fayyummaa sammuu isaanii hawaasa naannoo gaafachuun qorannoo kan adeemsisan akka ta'e hubachiisaniiru.[52]Adeemsa qorannoo keessatti akkaataa qabiinsa isaanii

[47] Mahammad xayyib, Nuuree Aadam, A/Se Mana Murtii Aanaa Wolisoo waliin gaafa guyyaa 04/07/12,obbo Lammii Lammeessaa Gaggeessa Garee yakkaa Mana Murtii Aanaa Wolisoo waliin gaafa 04/07/12 taasifame.
[48]Obbo Lammii Lammeessaa, Gaggeessa Garee Yakkaa Mana Murtii Aanaa Wolisoo waliin gaafa 04/07/12 taasifame.
[49] I/insp. Abdulaaziiz Jamaal, AA/Qo/Yakkaa QPG H/Li, 08/07/12.
[50]AA/H/Qo/Y/M/H/Kennisiisaa QPG Arsii Lixaa, 28/06/2012.
[51]I/insp. Abdulaaziiz Jamaal, AA/Qo/Yakkaa QPG H/Li, 08/07/12.
[52]Saj/Ol, Kifluu Dafaa, QPGo/Har/Bahaattii qorataa poolisii waliin gaafa 11/07/2012.

ilaalchisee qorattootni poolisii hubannoo gahaa akka hin qabne ibsanii jiru.[53] Haala qorannaa yakka namootni dhibee sammuu qaban keessatti hirmaatan ilaalchisee rakkoon guddaan ka'u qorattootni poolisii yammuu yakka raawwatame qoratan eenyutu yoom maal raawwate kan jedhu malee haala sammuu yookaan amala nama shakkamee sana akka ibsutti qorannoo gaggeessuu dhabuun ni mul'ata. Gabaasa yaada ogummaa haala fayyummaa sammuu shakkamaa irratti Hospitaala Amaanu'eel irraa kennamu keessatti yeroo baay'ee seenaa fi haala sammuu shakkmaa yeroo yakka raawwatu beekuu hin dandeenye jechuun kennama. Kanaaf ammoo akka sababaatti kan caqasamu galmeen qorannoo haalaa fi amala shakkamaan yeroo qorannoo agarsiisaa ture sirnaan hin galmoofne kan jedhuu dha.[54] Shakkamaan yammuu yakka jedhame raawwatu haallii fi amalli inni agarsiisaa ture maal akka ta'e sirnaan galmeessuu dhabuun bu'aa qorannoo sammuu darbees murtii balleessummaa kennuu keessatti dhiibbaa guddaa qaba. Kunis qorannoo sammuu keessatti haalli fayyummaa sammuu shakkamaa yeroo yakka raawwatu irraa ture irratti qorannoon sammuu (Forensic Psychaitry) gaggeeffamuu fi yaadni ogummaa kennamuu kan hundaa'u galmee qorannoo poolisii irrati. Qorannoon shakkamaa dhibee sammuu qabu irratti gaggeefamu qulqullina dhabuun haqa baasuu irratti gufuu ta'uun isaa hin hafu.

Adeemsa qorannoo keessattis eegumsi mirgaa fi akkaataan qabiinsa dhibamtoota sammuu hanqina qabaachuu ibsamee jira. Keessumattuu, namoota dhibee sammuu qaban kanneen to'achuu fi jecha shakkamaa irraa fuudhuu keessatti poolisoonni hubannoo gahaa dhabuu yookaan ogeessota hawaasummaa (xiin-sammuu) fayyadamuu dhabuu fi namoota kanneen akkuma shakkamtoota biroo ilaaluun qorannoo gaggeessuun bu'aan qorannoo

[53] I/insp, Abdulaaziiz, Jamaal, AA/Qo/Yakkaa QPG H/Li, 08/07/12; Girmaa Maammoo, QPGo/Har/Bahaattii A.Adeemsa Qorannoo Yakkaa waliin gaafa 11/07/2012; Kom. Taaddasaa Darajjee QPGo/ GAONF tti hoogganaa kutaa qorannoo yakkaa.
[54] Fakkeenyaaf, dhimmaa AA fi Hamiidoo Ahimad, MMO Go/Har/Bahaa, Lakk.G 08841.

yakkaa haqa qabeessa akka hin taane godhaa jira. Gama biraan, namootni dhibee sammuu qaban yakka yoo raawwatan to'achuu fi to'achuu dhiisuu, yoo to'ataman eessaa fi akkamitti turu kan jedhu yaaddoo qorannoo yakkaa keessatti ogeessota mudatu ta'uun hojimaanni wal hin fakkaannes akka jiraatu godhee jira. Iddoon namootni kunneen to'atamanii haalli fayyaa isaanii fi yakka isaan raawwatan itti qoratamu dhabamuun shakkamtoota kanas ta'ee hawaasa bal'aa saaxiluuf carraa uumee jira.

ii. Himannaa Hundeessuu fi Tarkaanfilee Biroo AAtiin Fudhataman

Abbaan alangaa namootni dhibee sammuu qaban yakka keessatti yoo hirmaatan himata hundeessuu malee tarkaanfiin biroo isaan fudhatan akka hin jirre kaasaniiru.[55] Itti aansuun, bu'ura sdfy kwt 38- 42 jiraniitiin himannaa hundeessuu dura sammuun shakkamaa fayyaa ta'uu akka qoratamu ajaja kennuu yookaan himannaa hundeessuu dhiisuu akka tarkaanfiitti fudhachuu irratti hubannoo fi muuxannoo isaanii gaafatamanii tarkaanfiiwwan kanneen akka hin fudhanne ibsanii jiru.[56] Yerooma galmee keessattu shakkaman dhibamaa sammuu ta'uu isaa agarsiistuu hubatan illee garuma MMtiin ajajni akka itti kennamuuf galmee bananii kan dhiyeessan ta'uu hubachiisu.[57] Fayyaa sammuu shakkamtootaa gama AAtiin akka qoratamu taasisuunis ta'ee yeroo dhukkubsataadha jedhanii yaadaan galmee cufuun baratamaa

[55] Obbo Girmaa Tolchaa, AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12, obbo Sisaay Iddeessaa, Ab/Ad/Qor/Yakka fi Murtii Haqaa Kennisiisaa MHAA Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12; Obbo Aschaalewu Alamuu, A.Ad/Qo/Ya/Mu/Ha/Kennisiisaa M/Ho/AA Go/Arsii, 28/06/2012.

[56] Obbo Tolasaa Damee, A.A Waajjira AAGo/H/Li 08/07/12, Obbo Girmaa Tolchaa AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 20/06/12, obboo Sisaay Iddeessaa Ab/Ad/Qor/Yakka fi murtii haqaa kennisiisaa MHAA Go/ Jimmaa waliin gaafa guyyaa 24/06/12, Obbo Aschaalewu Alamuu, AAd/Qo/Ya/Mu/Ha/Kennisiisaa M/Ho/AA Go/Arsii 28/06/2012.

[57] Obbo Girmaa Tolchaa, AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12 taasifame.

miti.[58]Abbootiin Alangaa shakkamaan dhibee sammuu qabaachuu yookaan qabaachuu akka malu otoo beekanii himata akka hundeessaa jiran Abbootiin Seeraas taajjabbii isaanii ibsanii jiru.[59]Sadarkaa AA tti qorannoo sammuu gaggeessuu fi tarkaanfiiwwan kanneen fudhachuun maaliif akka hin danda'amne irratti yaada gaafatamanii sababni Abbootiin Alangaa dhiyeessan, ragaan qorannoo sammuu faayidaa himatamaaf akka ragaa ittisaatti kan dhiyaatu dha. Abbaan Alangaa dirqama ragaa ittisaa dhiyeessuu hin qabu kan jedhu dha.[60]

Manni Hojii AA dhimmoota shakkamtoota dhibee sammuu qabanii ilaalchisee galmee irratti murtii mirga namoota kanneenii eegsisu akkasumas haqa mirkaneessuu danda'u murteessuu irratti hanqina agarsiisuu daataa argame irraa hubachuunni danda'ama. Keessumattuu, Abbaan Alangaa namni yakka dalaguun shakkame dhibee sammuu akka qabu kan shakke yoo ta'e, himata otoo hin baniin qorannoon sammuu akka gaggeeffamu taasisuu akka danda'u tumaa sdfy kwt.38(c) irraa kan hubatamu ta'ee otoo jiruu dhimmoota shakkamtoota dhibee sammuu qaban hunda gara MM geessuun gidduutti namoonni dhibee sammuu qaban kunneen furmaata akka hin arganne gahee bahaa jira. Shakkamaan dhibee sammuu akka qabu yoo mirkanaa'e ammoo tarkaanfiiwwan adda addaa barbaachisaa ta'an (diversionary measures) akka fudhatamu gochuuf kan aangeffame[61] ta'us, yeroo ammaa aangoo fi dirqama kana bahaa akka hin jirre ni hubatama. Sirna haqa biyyaa fi naannoo keenya keessatti gaheen Abbaan Alangaa qabu falmii yakkaa gaggeessuun adabsiisuu qofa otoo hin taane haqa argamsiisuu irratti kan xiyeeffatu dha. Gama biraan

[58] Obbo Girmaa Tolchaa, AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12, obboo Sisaay Iddeessaa Ab/Ad/Qor/Yakka fi murtii haqaa kennisiisaa MHAA Go/ Jimmaa waliin gaafa guyyaa 24/06/12 taasifame.
[59] Obbo Daanyaachoo Yilmaa, MMO Go/ Harargee Bahaatti A/Se 11/07/2012.
[60] Obbo Ashmaawii Seefuu M/H/AAW/O Hogganaa It/A fi Daarektara Daarektoretii qorannoo Yakkaa fi Murtii Haqaa kennisiisaa 20/08/2012,
[61] Labsii Mana Hojii AAWO Hundeessuufe Bahe Lak. 214/2011, kwt.7(21), Imaammata Yakkaa Itoophiyaa Bara 2003 Bahe, Lakk. 3.11(j) fi 3.12.

Abbaan Alangaa qorannoo yakkaas qajeelchuu keessatti gahee qabu fayyadamee dhimmi namoota dhibee sammuu qabanii haala mirga isaanii eegsiseen akka qoratamu gochuu irratti laafinni ni mul'ata. Haaluma wal fakkaatuun, Abbaan Alangaa aangoo M/si to'achuu qabu fayyadamee dhibamtoota sammuu sababa yeroo beellamaatiin M/si keessatti irraanfataman yookaan yeroo dheeraa dabarsan fala akka argatan gochuu irratti hanqinni ni mul'ata.

iii. Adeemsa Falmii, Kenninsa Ajajaa fi Murtii Keessatti

Abbootiin seeraa baay'een shakkamaan dhibee sammuu qabaachuu hin hafu jedhanii sammuun isaa akka qoratamu kan ajajan sadarkaa himannaan AA dhaga'amutti yommuu shakkamaan jecha amantaa fi waakkii kennu akka ta'e ni ibsu. Yeroo kanatti, haala isaa ilaaluun manni murtii abukaatoon ittisaa akka isaan gargaaree falmuuf ajajuun jira.[62]

Gama kanaan manneen murtii namoota mallattoo dhibee sammuu qabaniif Abukaatoon ittisaa akka dhabbatuuf taasisuun hojimaata gaarii mirga gartuu kana kabachiisuuf carraa banuu dha. Haa ta'u malee, ajajni manni murtii shakkamaa dhibee sammuu qabu ilaalchisee guyyaa jalqabaa kennu mirga isaa kan kabachiisuu miti. Dhibamaan sammuu yakka dalaguun shakkame to'atame yammuu jalqaba gara MM dhiyaatu manni murtii beellama yeroo kennuun namni shakkame to'annoo jala akka turu ajajuu yookaan mirga wabii shakkamaaf eeguun to'annoo jalaa akka bahu kan taasisu ta'uu sdfy kwt.29 fi kwt.59 irraa ni hubatama. Sdfy kwt.94(2) irraa akka hubatamutti ammoo manni murtii fayyummaa sammuu nama himatamee shakkisiisaa yoo ta'e hanga yaadni ogummaa kennamutti dhaga'aa tursiisuu qaba kan jedhu kaa'ee jira. Shakkamaan dhibee sammuu qabu guyyaa jalqaba MMtti dhiyaate Manni

[62] Obbo Angaasaa Tarreessaa, B/B Gaggeessaa Garee Yakkaa MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/2012 taasifame.

Murtii dhibee sammuu akka qabu haala isaa irraa kan shakke yookan hubate yoo ta'e, sammuun shakkamaa akka qoratamu ajajuu hafee yeroo qorannoo dabalataa kan kennu yoo ta'e mirga namoota dhibee sammuu qabanii eegsiseera hin jechisiisu.

a) Dhibee sammuu akka ittisaatti kaasuu

Namoonni yakka irraa bilisa ta'uuf sobaan dhibee sammuu akka ittisaatti kaasuun baay'inaan dabalaa akka dhufe abbootiin seeraa hubannoo isaanii ibsanii jiru.[63] Namoonni yakka yammuu raawwatan dhibee sammuu qaba jedhanii erga M/si galan booda nagaan socho'an, daldalatan akka jiran ogeessonni M/sitiis ibsanii jiru.[64]Kanneen fakkeessuudhaaf dhibee sammuun qaba jedhanii fi dhuguma dhibee kana qaban adda baasuun akka qorataman gochuun waan hin danda'amneef hunduma akka qorataman ajajni kennama jedhu Abbootiin Seeraa.[65] Fakkeessuun wal qabatee namoonni dhibee sammuu qabna jedhan tokko, tokko adeemsi qorannoo mana yaalaa lafarra harkifatee hanga fi akka shakkamtootni yaadanii olitti M/si turuu gaafa hubatan ani nan sobe yookaan amma fayyeera waan ta'eef, dhimmi koo itti fufee naaf haa ilaalamu jedhanii yammuu iyyatan jira. Manneen Murtii iddoo baay'eetti iyyannoo akkanaa hin fudhatan.Bu'aan qorannoo hanga dhufutti akka turan beellamu.[66]

Daataa kana irraa kan hubatamu namoonni yakka raawwatan dhibee sammuu akka ittisaatti kaasuu irratti hubannoon hawaasa bira akka jiru yookaan

[63] Obbo Beekaa Dirribii Pirezidaantii MMOG H/Li, 09/07/2012, obbo Sintaayyoo Sibaatuu A/Se MMOG H/Li, 09/07/2012, Obbo Daani'eel Alamaayyoo, AAAanaa Ciroo, 10/07/2012.
[64] Saj.Haamzaa Abdellaa, Ogeessaa Seeraa Mana Sirreessaa Go/ Harargee Bahaa, 11/07/2012.
[65] Obbo Beekaa Dirribii Pirezidaantii MMOG H/Li 09/07/2012, obbo Sintaayyoo Sibaatuu, A/Se MMOG H/Li 09/07/2012.
[66]Akkuma 65[ffaa].

deeggarsi gorsaa himatamtoota dhibee sammuu qabaniif godhamu fooyya'aa akka ta'e kan agarsiisuu dha. Inumaayyuu, namoonni baayyeen gaafatamummaa yakkaa irraa miliquuf dhibee sammuu fakkeessanii dhiyeessuun baay'ataa akka jiru hubatamee jira.

b) Dhugaatii fi qoricha sammuu hadoochu akka ittisaatti kaasuu

Namoonni yakka raawwatanii *"yammuu yakka raawwadhu an ofi hin beeku (araadatu natti jira, yookaan mirqaanatu natti ture)"* jedhan akka jiran ibsamee jira. Keessumattuu haalli kun Godinoota Harargee lamaanitti akka baay'atu ogeessonni ibsanii jiru. Garuu manni murtii dhimma kan baay'inaan hin galmeessuus, dabalataan ammoo akka ittisaattis akka hin fudhanneef ogeessonni kun dabalanii ibsanii jiru.[67] Abbootiin Alangaas namoota Jimaa qama'anii yakka raawwatanii mirqaanaa isaanii akka ittisaatti kaasan kan isaan mudatan ta'uu fi dhimmi kun rakkoo yeroo muraasa turu waan ta'eef akka ittisaatti ilaalamuu hin qabu yaada jedhu qabu.[68]

Namoonni machii dhugaatii alkoolii yookaan qoricha sammuu nama hadoochu hamma to'achuu hin dandeenye (sadarkaa dhibee irra kan ga'e yoo ta'e) keessa taa'anii yakka raawwatan gocha isaaniif murtiin balleessummaa kennamuun dura haalli sammuu isaanii ogeessaan qoratamuu akka qabu seera yakkaa kwt.51 irraa ni hubatama. Bu'aa qorannoo ogeessaa irratti hundaa'uun himatamaan machii hamaa dhugaatii alkoolii yookaan qoricha sammuu hadoochu kan to'annoo isaan ala ta'e keessatti yakka kan raawwate yoo ta'e akkuma haala isaatti keewwata jalatti adabamu jijjiiruu yookaan ammoo haala addaatiin gaafatamummaa akka hin qabaanne (fedhii isaatiin ala dhiibamee kan machii keessa gale yoo ta'e) murtaa'uu danda'a. Kanaaf, yakkoota machii hamaa dhugaatii alkoolii yookaan qoricha sammuu nama hadoochu keessatti

[67] Obbo Mokonnin Lammaa Mana Murii Aanaa Ciroo, gaafa 08/07/12.
[68] Obbo Tolasaa Damee, AA Waajjira AAGo/ Harargee Lixaa, gaafa 08/07/12.

raawwatamanii fi miira machii fedhiidhaan uumame ta'uu otoo garagar hin baasiin yaada "*machii keessa ta'een yakka raawwadhe*" jedhu hunda kufaa godhuun tumaa seera yakkaa kana waliin hin deemu. Darbees himatamaan otoodhuma gaafatamummaa jalaa hin ba'u ta'es murtii balleessummaa cinaatti tarkaanfileen dabalataa (fakkeenyaaf yaala) akka fudhataman ajajuuf manni murtii haala himatamaa beekuun irraa eegama waan ta'eef, yaadota kanneen galmeessuu dhiisuun, yaada ogeessatti gargaaramuu hafuu fi tarkaanfii fi murtii keessatti ilaalcha keessa galchuu dhiisuun tumaa seera yakkaa waliin kan deemu miti.

c) Fayyummaan sammuu yookaan haalli himatamaa akka qoratamu ajajuu

Manni murtii gaaffii shakkamaa yookaan Abukaatoo ittisaatiin dhiyaatuuf bu'uureffatee qorannoon sammuu akka gaggeeffamu ajaja ni kenna.[69]Manni murtii kaka'umsa isaatiinis yommuu ajaja qorannoo sammuu kennu akka jiru ibsamee jira.[70] Ajaja kana kennuufis iddoon manni murtii gorsa hojjataa hawaasummaa itti fayyadamus akka jiru ibsamee jira.[71] Haa ta'u malee, galmeewwan ilaalaman irraa haalli fayyummaa sammuu shakkamaa yookaan himatamaa dhimmoota shakkisiisu irratti manneen murtii qorannoo sammuu (yaada ogeessaa) otoo hin fudhatiin murtee kennuun ni mul'ata. Yakkoota hammeenyummaa addaa fi amala addaa ta'een raawwataman ilaalchisee shakkamaan yammuu MMtti dhiyaatu manni murtii maalirraa ka'ee yakkicha raawwate kan jedhu ilaaluun barbaachisaa ta'u illee, manni murtii dhimma kana shakkee qorannoon sammuu akka gaggeefamu ajaja kennuu otoo qabuu

[69]Mokonnin Lammaa, Mana Murtii Aanaa Ciroo, gaafa 08/07/12; Obbo Mulunaa, KTAS, Eeliyaas Kaasaa, A/Se MMO Go/Arsii, 29/06/2012, Kumaa Diidhaa KTAS, Eeliyaas Aggonaafir, A/Seeraa, MMO Go/ Arsii Lixaa, 17/06/2012; Obbo Darrasaa Geetaachoo, Pirezdaantii Mana Murtii Aanaa Habroo, 09/07/2012.

[70]Akkuma Miil-jalee lakk.65.

[71] Obboo Abdiisaa Qalbeessaa, Gaggeessaa KTAS MMO Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12 taasifame.

yammuu bira darbu jiraachuun ibsameera. Fakkeenyaaf dhimma Godina Jimmaatti raawwate tokko keessatti himatamtuun daa'ima ofii ishee deesse qaltee nyaachuuf yammuu qophooftu qabamtee yakka nama ajjeesuutiin himatamtee manneen murtii dhimmicha ilaalan waa'ee fayyummaa sammuu himatamtuu kanaa wanti kaasan hin turre. Dhimma kana irratti manneen murtii dhimmicha ilaalan shakkamtuun kun yakka kana maaliif raawwattee fayyaan sammuu ishee akkami kan jedhu shakkanii yaada ogummaaf qorachiisuun akka irra ture Abbootiin Seeraa ibsanii jiru.[72]

Manneen murtii falmii dhibee sammuu ilaalchisuun dhiyaatu bira darbuun murtii yammuu kennan hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf falmii AA fi Naasiir Ibraahiim[73] gidduu ture keessatti himatamaan nama haadha warraa isaa turte rasaasaan ajjeese jechuun himannaan irratti dhiyaate. Himatamaan MMtti dhiyaatee gocha kana raawwachuu amanee garuu gocha kana raawwachuun dura dhibee sammuutiin miidhamee yaala aadaa hordofaa akka ture ibsateera. Abukaatoon ittisaa himatamaas, himatamaan mallattoo dhibee sammuu agarsiisaa kan jiru ta'uu ibsuun kunumti ogeessaan akka adda bahuuf yaada dhiyeessee ture. Haa ta'u malee, manni murtii himatamaan dhaddacha irratti yoo ilaalamu dhibee sammuu kan qabu hin fakkatu, yoo dhibee sammuu qaba kan jedhamus ta'e adeemsa falmii keessatti ragaa bitaa mirgaa dhiyaatuun kan mirkanaa'u waan ta'eef, mormiin dhiyaate fudhatama hin qabu jechuun jala-murtii kennee falmii dhagahuu itti fufeera. Kanumaan manni murtii ragaa AA fi ittisaa dhaga'ee jira. Manni murtiis ragaa bitaa-mirgaa erga dhaga'ee booda, himatamaan dhibee sammuu qabaachuu ragaan ittisaa hin hubachiisne waan ta'eef, yakka raawwateef gaafatamaadha jechuun adabbii hiidhaa waggaa 12 akka adabamu murteesseera. Asirratti manni murtii

[72] Obbo Bisoo Baqqalaa, A/Se MMWO fi Obbo Gammachuu Baqaalaa, A/Se fi I/G/W/Gumii fi Bulchiinsa Humna namaa MMWO, Abiyoot Sabbooqaa, MMO Go/Jimmaa Lakk.G 04496.
[73] AAfi Naasiir Ibraahiim MMO Go/Har/Bahaa Lakk.G 37665, 08/09/2009 murtaa'e.

kun gama tokkoon dhibee sammuu akka yaada adabbii hir'isu tokkootti kan fudhate ta'uu galmee irraa hubachuun ni danda'ama.

Galmee biraa[74] keessatti himatamaan mucaa isaa waggaa jahaa qottoodhaan morma isaa irra dhahee waan ajjeeseef yakka ajjeechaan himatamee dhaddachatti dhiyaatee jecha amantaa fi waakki kenneen gochicha raawwadhee jira jechuun jecha akka kenne galmaa'ee jira. Maaliif gocha kana akka raawwate yammuu ibsus *"keessa kootii waanti wayii rukkuti rukkuti naan jedhee jennaan rukkutee ajjeese. Balleessa qabaa"* jedhee akka amane galmee MM irraa ni hubatama. Manni murtiis himatamaan gocha ittiin himatame guutummaan, guutuutti amane jedhee akkaata sdfy kwt.134 balleessaa jedhamee hidhaa cimaa waggaa 11 akka adabamu murtee laatee jira. Haa ta'u malee, jecha amantaa fi waakki isaa keessatti himatamaan gocha kana maaliif akka raawwate yeroo ibsuu *"waanti wayii rukuti rukutii naan jedhee jennaan rukutee ajjeese"* osoo jedhee yaada kennuu Manni Murtii tumaa seera yakkaa kwt.51 haalli fayyaa sammuu himatamaa yammuu shakkisiise ogeessaan akka qoratamu kan kaa'e bira darbuun himatamaa (sirreeffamaa ammaa) kana yakka raawwate amanee jira jechuun adabbii hidhaa dabarsuun raawwii haqa mirkaneesse miti. Manni murtii waan himatamaan kaasaa ture kun shakkii itti uumee haalli fayyaa sammuu isaa akka qoratamu ajajuun irra ture. Himatamaan kun yeroo daataan qorannoo kun funaanamutti sirreefamtoota dhibee sammuu cimaa qabaachuun beekaman (amala fi gocha inni raawwatuun) keessaa tokko akka ta'e ogeessonni M/si ibsaniiru. Daawwii godhameenis kanumatu hubatameera. Himatamaan (sirreeffamaan ammaa) kun yammuu gara M/si dhufuu kaasee mallattoon

[74]AAfi Dhiibbaa Guutuu MMO Go/ Sh/Lixaa Lakk.G 12182.

dhibee sammuu akka irratti mul'ataa ture ogeessi M/si haala isaa hordofaa ture ibsee jira.[75]

Haaluma wal fakkaatuun shakkamtootni dhibee sammuu qaban tokko tokko yammuu himataman manni murtii yaada ogeessaa malee himata fi ragaa dhaga'ee murtii akka kennu galmee irraa hubachuun danda'amee jira. Fakkeenyaaf, dhimma Riyaad Mahammad fi AA[76] gidduu ture keessatti himatamaan yakka yaalii miidhaa qaamaa haadha isaa irratti raawwate jechuun himatamee manni murtiis falmii fi ragaa AA dhagahuun hidhaa baatii 3 adabamee mana sirneessaa akka turu godhamee jira. Himatamaan kun hawaasa keessatti dhibee sammuu qabaachuun isaa kan beekamuu fi manni murtii murtee hidhaa murteessuun dura waa'ee fayyummaa sammuu isaa yaada ogeessaa otoo hin taanee kan miidhamtuu dhuunfaa fudhatee adabbii kana kennuun baramee jira. Dabalataan, haati himatamaa kanaa himatamaan waan ishee rakkiseef M/si akka turuuf fedhii qabaachuu ishee irraa kan ka'e murteen hidhaa sirreeffamaa kana irratti darbuu ogeessonni M/si ni ibsu.[77]

Manneen murtii namoota yakkaan himatamanii fi mallattoo dhibee sammuu agarsiisan haalli sammuu isaanii akka qoratamu ajaja kennuu irraatti hanqinoonni akka jiran ni hubatama. Keessumattuu, himatamtoota abukaatoo ittisaatiin hin deeggaramne haala sammuu isaanii akka qoratamu ajajuun yammuu bira darbamu kan jiru ta'uu dhimmoota kanneen irraa hubachuun danda'amee jira.

[75] Obbo Beenyaa Mokonnin, Ogeessa Xiin-samuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/2012.
[76] AA fi Riyaad Mahammad, MMA Habroo Lakk.G 39194.
[77] It/Saj.Naasir Ziyaad, B/B Hoogganaa M/si. Aanaa Habroo, G/Saj Caalaa Mahammad poolisii M/si. Aanaa Habroo, 09/07/2012.

d). Qabxiilee (ijoowwaan) ragaan ogeessaa irratti barbaadamu adda baasanii gaafachuu

Abbootiin seeraa ajajni manni murtiikennan duuchumatti fayyaan sammuu shakkamaa akka qoratamu bifa jedhuun kan kennamuudha jedhaniiru.[78]Haala sammuu shakkamaa yakka raawwachuun dura ture, yammuu yakka raawwatu qabuu fi yeroo ammaa irraa jiru akka ibsamuuf adda baasanii gaafachuun akka hin jirree ibsamee jira.[79]

Galmeewwan MM irraa hubachuun kan danda'amu manneen murtiiyammuu ajaja qorannoo sammuu shakkamaa kennan ijoo ragaan ogummaa irratti dhiyaatu adda baasanii bu'ura seera yakkaa kwt.51 jalatti ibsameen seenaa nama shakkamee, haala sammuu isaa yeroo yakka raawwatuu fi haala amma itti jiru adda baasuun ragaan ogummaa akka kennamuuf gaafachuun hin jiru.[80] Manneen murtii haala kanaan ijoo adda baasuun gaafachuu dhabuun yaada ogeessaa kennamu irrattis ta'e, murtii kennamu irratti dhiibbaa uumee jira.

f) Iddoo fi haala turtii shakkamaa irratti ajaja kennuu fi raawwii ajajaa hordofuu

Abbootiin Seeraa ajajni haala addaatiin turmaata dhibamtoota sammuu ilaalchisee kennan akka hin jirre ibsaniiru. Manneen murtii sammuun shakkamaa akka qoratamu yammuu ajaja kennan hangasitti shakkamaan Mana Sirreessa akka turu ajaju. Kunis iddoon shakkamtootni kunneen addaatti

[78]Obbo Abdiisaa Qalbeessaa, Gaggeessaa KTAS MMO Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12, Girmaa Jootee, Gaggeessaa Garee Yakkaa MMOG Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 04/07/12 taasifame.

[79] Girmaa Jootee, Gaggeessaa Garee Yakkaa MMOG Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 04/07/12, obbo Mul'ataa Gaaddisaa, A/Se MMOG Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 04/07/12 taasifame.

[80] Fakkeenyaaf, AAfi Nuraddii Waabee MMO Go/Arsii Lakk.G 29268; AAfi Abduraazaq Buxaarii, MMO Go/Arsii Lakk.G 31989; AAfi shakkamtuu Tiinaa Hiliinaa Lakk. G 34168 MMA Xiyoo; AAfi Gabitaa Jaabiraa, MMO Go/Arsii Lixaa Lakk.G 28723; AAfi Kadiir Nageessoo, MMO Go/Arsii Lixaa Lakk.G 32917, AAfi Mahammad Abdullee, MMO Go/Har/Lixaa, Lakk. G 51477.

tursiifamanii eegaman waan hin jirreef ta'uu ibsamee jira. Haala qabiinsa shakkamtoota dhibee sammuu qabanii hordoffiin gara MMtiin godhamus laafaa ta'uutu caqasame.[81]

Manneen murtii ajajni isaan kennan beellama itti aanutti raawwatamuu sirnaan hordofuu irratti hanqinni agarsiisanis jiru. Fakkeenyaaf, namni dhibee sammuu qabaachuun shakkame akka qoratamu ajaja kennuun bu'aan qorannoo yeroon akka dhiyaatu hordofuu irratti hanqinni kan mul'atu ta'uu ibsamee jira. Sababa kanaaf poolisiin dhimmicha xiyyeeffannoo kennee ragaa hordofee dhiyeessuun hafeera yaada jedhutu ka'e. [82] Kun ammoo dhukkubsatan M/si keessatti akka irraanfatamu taasisuu ibsameera. [83] Fakkeenyaa Qaasiim Mohammaad kan jedhamu bara 1999 to'annoo jala oolee bu'aan qorannoo 2006 dhufuun waajjira poolisiitti hafee tattaaffii giddu gala tajaajila gorsa seeraa yunivarsiitii Haramayyaa fi Abukaatoo ittisaatiin bara 2012 gadhiifame.[84]

Haaluma walfakkaatuun, dhimmaa, AA fi shakkamtuu Tiinaa Hiliinaa [85] gidduu jiru keessatti shakkamtuun miidhaa qaamaa nama irraan gahuun shakkamtee yeroo beellamaatiin M/si Godina Arsii galtee jirti. Shakkamtuun dhibee sammuu qabdi jedhamtee sammuun ishee akka qoratamu gaafa 20/01/2009 kan ajajame yoo ta'u, qorannoon sammuus beellama hedduu

[81] Obbo Angaasaa Tarreessaa, B/B Gaggeessaa Garee Yakkaa MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/2012 taasifame; obbo Maatiwoos Yigazuu Gaggeessaa KTAS MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12; obbo Darajjee Guddataa, A/Se MMO Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12, obbo Abdurahmaan Muhammad, Gaggeessaa Garee Yakkaa MMO Go/ Jimmaa waliin gaafa 25/06/12; Obbo Abdiisaa Qalbeessaa, Gaggeessaa KTAS MMO Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12 taasifame.

[82] Obbo Maatiwoos Yigazuu, Gaggeessaa KTAS MMOG Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/12 taasifame.

[83] Obbo Sisaay Sobbooqaa, Ogeessa Xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/ Harargee Bahaa, 11/07/2012 .

[84] Obbo Gazzaany Taaddasaa, Abukaatoo Ittisaa, obbo Mokonniin Raggaasaa, MMOG Harargee Lixaatti ogeessa seeraa giddu gala gargaarsa seeraa yunivarsiitii Haramayaa 08/07/12.

[85]AA fi shakkamtuu Tiinaa Hiliinaa MMA Xiyoo Lakk.G 34168.

booda bu'aa qorannoo gaafa 18/4/11 ba'een dhibee sammuu cimaa *iskizoofereniyaa* jedhamu kan qabdu ta'uu ifoomee jira. AA godinichaa bu'aa qorannoo Hospitaalaa kana irratti hundaa'uun shakkamtuun bu'ura SY kwt. 48(1)tiin itti gaafatamummaa hin qabdu jechuun galmee qorannaa bu'ura sdfy kwt.42(1)a tiin cufee jira. Gama biraan ammoo manni murtii galmee yeroo beellamaa haga bu'aan dhiyaatutti jechuun cufee mana galmeetti deebiseera. Ta'us bu'aan qorannoo ishee galmee waliin walqabatee MMtiif hin dhiyaanne. Hanga daataan kun funaanamutti shakkamtuun furmaata otoo hin argatiin yeroo beellamaatiin M/si jirti.

Adeemsa kenninsa haqaa keessatti rakkoon guddaan mul'atu manni murtii dhimmi dhibamtoota sammuu yakka raawwachuun shakkamanii gara MM dhufanii qorannoon sammuu hanga taasifamutti galmee cufanii mana galmeetti deebisuu dha. Galmee cufuun mana galmeetti deebisuun kabajamuu mirga namoota kanneenii irratti dhiibaa akka fide Abbootiin Seeraas ni amanu.[86] Rakkoo kana galmeewwan manneen murtii irraa hubachuun ni danda'ama. Fakkeenyaaf, dhimmaa AA fi Haamidoo Ahimad gidduu ture keessatti, manni murtii sammuun shakkamaa akka qoratamu hospitaala Amaanu'eel ajajuun guyyaa beellamaatti bu'aan qorannoo fi shakkamaan waan hin dhiyaanneef gaafa bu'aan qorannoo sammuu deebi'e AA galmee haa sochoosu jechuun waa'ee mirga shakkamaa irratti ajaja homaatuu otoo hin kennin gaafa 30/10/2003 galmee cufee jira. Shakkamaan bara 2000 irraa kaasee hanga bara 2012 adeemsa haqaa tokko fi murtii tokko malee irraanfatamee M/si keessa akka turu ta'eera.[87]

Daataa afgaaffii fi galmee; akkasumas, daawwii M/sitti goone irraa manneen murtii qorannoon sammuu akka gaggeefamu yammuu ajaja kennan

[86] Obbo Tashitee Guyyee MMO Go/ Harargee Bahaatti A/Se fi hoogganaa KTAS 11/07/2012.
[87] AA fi Hamiidoo Ahimad, MMO Go/Har/Bahaa, Lakk.G 08841.

sirreeffamaan M/si akka turu kan ajajan ta'uu hubatameera. Kunis iddoo namni dhibee sammuu qabuun shakkame turu kan hin jirre ta'uu irraa kan ka'e dha. Manneen murtii sodaa dhiibbaa beellamni dheeraan galmee namoota kanneenii raawwii hojii galmee irratti qabuuf jecha galmee cufuun baay'inaan jira. Galmeen erga cufamee booda, dhimmi namoota kanneenii irraanfatamee haqa otoo hin aragatin M/si keessatti dararamuuf saaxilamaa jiru.

g) Ragaalee dhiyaatan qixa sirriin xinxaaluun murtii yookaan ajaja haqa qabeessa kennuu

Ragaan qorannoo sammuu dhiyaatu xiinxalli saayinsaawa kan irratti gaggeeffamee dhiyaatu miti Abbootiin seeraa jedhan jiru.[88]Ragaan ogeessaa gaaffii manni murtii gaafate hunda duguugee deebisuu yeroon itti hin dandeenye akka jirus ibsamee jira. Kunis, keessumattuu haala sammuu shakkamaa yeroo yakkaa raawwatu irratti yaada ogummaa kennuu hin dandeenye jechuun haala fayyaa shakkamichaa kan yeroo ammaa qofa haalli itti ibsan kan jiru ta'uu ibsamee jira.[89] Kun immoo murtii haqa qabeessa ta'e kennamu irratti rakkoo guddaa kan isaan irratti uume ta'uu ibsu.[90]Fakkeenyaaf MM Godina Harargee Bahaatti, ragaan hospitaala irraa dhufe namni kun yammuu yakka raawwatu sammuun isaa fayyaa qaba yookaan hin qabu jennee murteessuuf rakkisaa dha jechuun ragaan dhiyaate akka isaan mudate Abbootiin Seeraa kun ibsanii jiru. Yeroo akkasii manni murtii himatamaa bilisan gadhiisuun maatiitti akka deebi'u ajaja kennuu ibsan.[91]

---

[88] Obbo Maatiwoos Yigazuu, Gaggeessaa KTAS MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12 taasifame.

[89] Obbo Abdurahmaan Muhammad, Gaggeessaa Garee Yakkaa MMO Go/ Jimmaa waliin gaafa 25/06/12, Obbo Abdiisaa Qalbeessaa, Gaggeessaa KTAS MMO Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12 taasifame, obbo Dinbaruu Geeraa, A/Se MMO Go/ Jimmaa waliin gaafa 25/06/12 .

[90] Obbo Dinbaruu Geeraa, A/Se MMO Go/ Jimmaa waliin gaafa guyyaa 24/06/12 taasifame

[91] Obbo Beekaa Dirribii Prizdaantii MMOG H/Li 09/07/2012, obbo Sintaayyoo Sibaatuu A/Se MMOG H/Li 09/07/2012.

Gama biraatiin, shakkamaan yammuu dhibee sammuu qabaachuun isaa mirkanaa'ee illee shakkamaan akka gad-lakkifamu ajajuu malee tarkaanfiiwwan fudhatamanii fi of eeggannoo taasifamuu qabu irratti manni murtii xiyyeeffannoon ajaja kennuun hin jiru yaadni jedhu ka'ee jira.[92] Abbootiin seeraa, seerri yakkaa dhaabbileen dhibamtootni sammuu itti tursiifamuu danda'an; akkasumas, tarkaanfiiwwaan fudhatamuu qaban akka teechise hubannoo qabaachuu ibsuudhaan ta'us, raawwachisuun baay'ee rakkisaa akka ta'e kaasan. Sababni isaas dhaabbanni namni dhibee sammuu qabu itti tursiifamuu fi ajaja MMtiin isaaf kennamu raawwachisu jiraachuu dhabuun seerota kana hojiirra oolchuuf kan rakkise dha jedhu.[93] Namni dhibee sammuu qabu gara M/si akka hin geeffamne yookaan kan adabbiin itti darbe yoo ta'e, M/si irraa bahee iddoo yaala itti argatu haa turu jedhanii ajaja kennuunis gatii hin qabu sababni isaa qaamni kana raawwachiisu hin jiru waan ta'eef yaada jedhu qabu.[94]

Daataa kana irraa manni murtii ragaa qorannoo yaalaa murtii haqaaf gargaaru argachuuf kan rakkatu ta'uun isaa ni hubatama. Kanaaf sababa kan ta'uu danda'u keessaa tokko, ragaan seenaa, haala fi amala namni dhibee sammuu qabaachuun shakkame yeroo yakka raawwatuu fi isaan dura qabu sirnaan galmaa'uu dhabuu isaati. Lammaffaa, hanqina ragaa yaala sammuu biratti mul'atu dha. Hanqina kenninsa ragaa haala sammuutiif ammoo sababni tokko hanqina seenaa, haalaa fi amala namni shakkame yakka ittiin shakkame raawwachuun duraa fi yammuu raawwatu ibsu sirnaan argamuu dhabuu dha. Manneen murtiis ijoo ifa ta'e qabatanii ragaa sirnaan gaafachuu dhabuu irraa ragaa qulqullina qabu akka hin arganne taasisaa jira. Rakkoon guddaan dhimma namoota dhibee sammuu qabanii keessummeessuu keessatti MM

[92] Obbo Sisaay Iddeessaa Ab/Ad/Qor/yakkaa fi Murtii Haqaa kennisiisaa MHAA Go/ Jimmaa waliin gaafa guyyaa 24/06/12 taasifame.
[93] Akkuma Miil-jalee lakk.89.
[94] Obbo Beekaa Dirribii Prizdaantii MMOG H/Li 09/07/2012.

biratti mul'atu hanga bu'aan qorannoo sammuu deebi'utti galmeen cufamee mana galmeetti haa deebi'u jechuun ajaja kennamu dha. Ajajni akkanaa erga kennameen booda, qaamni bu'aan qorannoo akka dhiyaatu gaafatu waan hin jirreef namoonni kunneen M/si keessatti irraanfatamanii hafaa jiru. Manni murtii, murtii yammuu kennu namoota gariin itti gaafatamummaa qaban yookaan hin qabne ilaalchisee tarkaanfiiwwan dabalataa kan yaalaa yookaan kan eegumsaa akka fudhataman ajajuun hin jiru.

h) Deeggarsa Gorsa Seeraa

Abukaattoon ittisaa afgaaffiin taasifameef hundinuu namootni dhibee qaban shakkamanii himanni erga MMtti dhiyaatee booda Manni Murtii akka deeggaran isaan akka beeksisu himani.[95]Adeemsa qorannoo yakkaa keessatti abukaatoo ittisaa hirmaachisuun akka hin baramne, odeeffannoo namni gargaarsa isaanii barbaadu jiraachuu isaas akka hin qabne ibsaniiru.[96]Gama biraan immoo giddugalli gargaarsa seeraa yunivarsiitiin Haramayaa MMO Harargee Bahaa fi Lixaatti banee namoota dhibee sammuu qabanii fi adeemsa haqa yakkaa keessatti mirgi isaanii miidhame hedduuf gargaarsa ogummaa gochuun hubatamee jira.[97] Fakkeenyaaf, namoota sammuun isaanii haa qoratamu jechuun M/sitti ergamanii dhimmi isaanii otoo qorannoo irra jiru galmeen isaanii badee waggaa 13f mana sirreessatti dagatamanii turan[98] garagaarsa isaanitiin fala akka aragatan ibsamee jira.

[95]obbo Namoo MMO Go/Arsiitti Abukaatoo ittisaa, Obbo Jamaal Alishaa Abukaattoo Ittisaa MMOG Harargee Lixaa08/07/12,

[96] Obbo Jamaal Alishaa Abukaattoo Ittisaa MMOG Harargee Lixaa08/07/12.

[97] Obbo Gazzaany Taaddasaa, Abukaatoo ittisaa, obbo Mokonniin Raggaasaa MMOG Harargee Lixaatti ogeessa seeraa giddugala gargaarsa seeraa yunivarsiitii Haramayaa, 08/07/12.

[98]Qaasiim Mohammaad fi AAMMOGHL, Lakk.G 08074 .

Iv. Adeemsa Sirreessaa Keessatti

Manni sirreessaa sirreefamtoota adabbii akka raawwatan itti murta'e simatee adabbii akka irratti raawwatamu kan taasisuuf akkasumas shakkamtoota dhimmi isaanii wabii dhorgisiisu akkaata ajaja MMtiin kennameen simataa kan tursiisu ta'uun isaa ni beekama.[99] Qabatamaan, dhukkubsattootni sammuu adabbiin irratti darbe yookiin yeroo beellamaatiin gara manneen sirreessaa kan seenaa jiran ajaja MMtiin akka ta'e ogeessonnis ta'e sirreeffamtootni mariin waliin taasifame ibsaniiru.[100] Haa ta'uu malee, yeroon beellamaa isaanii dagatamee yeroo dheera sababa malee M/si keessa turaa jiru.[101]Fakkeenyaaf sirreeffamaan hanga waggaa 12 murtii tokko malee M/si keessa ture akka yaadatan ogeessi mana sireessaa tokko ibsanii jiru.[102]

Dhukkubsattoonni sammuu mannen sirreessaa keessatti iddoo turtii addaa qabaachuu isaanii ilaalchisee odeeffannoon qorannoo kanaaf sassaabame keessatti namootuma fayyaa qaban waliin kan tursiifaman ta'uu hubatamee jira.[103] Kanaaf akka sababatti kan caqasame dhiphina iddoo yammuu ta'u, waliin akka turan taasifamuun isaaniis dhibamtoota sammuu kanniin sirreeffamtootni akka kunuunsan akkasumas miidhaa akka ofirraan hin dhaqabsisne eegumsa akka taasisaniif ni gargaara yaada jedhutu dhiyaate.[104]Gama biraatiin garuu, dhibamtootni sammuu sirreeffamtoota biroo

[99] Labsii Qaamoolee Hoji Raawwachiiftuu Naannoo Oromiyaa Irra Deebiin Hundeessuuf Bahe Lakk. 213/2011, kwt 46.

[100] Kom. Andualam Xilaahun, I/G/Mana Sirreessaa Go/ Shawaa lixaa, Saj.Abdurazaaq Yaasiin Ab/Ad/sir/sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12, insp. Alamuu Amantee Daayireektara Daayireektoreetii nageenyaa fi sirreessaa Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa guyyaa 03/07/12 taasifame.

[101] Aadde Adaanach Mangistuu AAMHAA Aanaa Amboo waliin gaafa guyyaa 20/06/12 taasifame.

[102] It/Saj Balaachoo Baqqalaa, poolisii hiikaasirreefamtoota Mana Sirreessaa Go/ H/Bwaliin gaafa 08/07/12.

[103] Saj.Abdurazaaq Yaasiin Ab/Ad/sir/sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12.

[104] Kom.Andualam Xilahun I/G/Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/2, Saj. Abdurazaaq Yaasiin Ab/Ad/sir/sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12 taasifame.

irratti; akkasumas, miseensa M/si irraan miidhaa qaamaa dhaqabsiisuu, kutaa ciisichaa keessatti jeequu, sirreffamtootni biroo tasgabbii akka hin qabaanneef sodaa uumaa akka jiru caqasu. [105] M/si tokko, tokko keessatti immoo dhukkubsattoonni sammuu iddoo dhaabbi waan hin qabneef iddoo iddootti naanna'aa bulu.[106]

Dambii haala qabiinsa sirreeffamtootaa federaalaa lakk 138/1999 kwt 5(3D) jalatti ifaan tumametti sirreefamtootni dhibee sammuu qaban qofaatti qabamuu qabu. Akka naannoo Oromiyaattis wixinee dambii ittiin bulmaata sirreeffamtoota seeraa amma ittiin hojjatamaa jiru irratti dhukkubsattootni sammuu addatti bahanii tursiifamuu akka qaban ifatti kaa'amee jira. Kanaaf dhukkubsattoota sirreeffamtootni fayyaa qaban deeggaruu sababa jedhuun wal-faana akka turan gochuun gama fayyaa dhukkubsattoota fooyyeessunis ta'ee gama seeraatiin deeggarsa kan qabu miti. Gama biraatiin immoo dhukkubsattoota kanniin haala danda'ameen addatti baasanii sirreeffamaan dabareen akka kunuunsu gochuun waan danda'amuuf dhukkubsattoota sammuu warra fayyaa qabu waliin akka turan gochuun faayidaa isaa irra miidhaan isaa kan caalu ta'uu hubatama.

Eegumsi addaa dhukkubsattoota sammuuf taasifamu kan itiin jirree ta'uun hubatamee jira. [107] Keessumattuu, dhukkubsatoota kaneen namni yeroon

[105]Saj. Abdurazaaq Yaasiin, Ab/Ad/Sir/Sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12; Musaa Fayyoo fi Tooraat Ismaa'eel, Marii Sirreeffamtoota Mana Sirreessaa Go/ H/B waliin gaafa 08/07/12 taasifame.

[106] Marii Sirreeffamtoota Mana Sirreessaa Go/ jimmaa waliin gaafa 24/06/12 taasifame,

[107] Beenyaa Mokonnin Ogeessa Xiin-samuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/2012; saj. Abdurazaaq Yaasiin Ab/Ad/sir/sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin, Aaddee Dasii Turaa, Ogeessa Xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin 24/06/12 taasifame.

hordofe nyaata nyaachisu kan hin jirre ta'uu[108]akkasumas koosii keessa balfa adda addaa hanga nyaatanitti illee gahuun akka jiruibsamee jira.[109]

Dhukkubsattootni sammuu tajaajilli yaala sammuu kennamuufi akka qabu seera yakkaa keenya keessatti tumamee jira. Gama kanaan, qabatamaan jiru, dhukkubsattoonni sammuu Hospitaala M/sitti dhiyeenyaan argamuu kaasee sadarkaan hanga hospitaala Amanu'eel geeffamanii akka yaalama tattaaffiin godhamaa akka jiru ibsamee jira.[110]Haa ta'u malee, tajaajila fayyaa quubsaa kennuuf hanqinni adda addaa ni mul'atu. Keessumattuu, hanqinni siree fi humna namaa rakkoo guddaa akka ta'e caqasameera.[111]Adeemsa kenninsa yaala dhibee fayyaatiif seenaa dhukkubsata argachuun rakkisaa ta'uun yaala kennamus danqee jira.[112] Beellama eeganii yaalchisuu dhabuunis ni mul'ata.[113]Tajaajilli gorsaa ogeessonni xiin-sammuu M/si kennanis hanqina guddaa qaba.[114]Humni nama tajaajila kennuu fi baay'inni sirreefamaa wal hin simatu.Ogeessoota tajaajila kennan leenjii ogummaatiin ga'oomuu irratti hanqinni ni mul'ata.[115]

[108] Marii sirreefafamtoota Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa guyyaa 04/07/12, marii sirreefamtoota Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/12 taasifame, marii sirreefamtoota Mana Sirreessaa Go/ jimmaa waliin gaafa guyyaa 24/06/12 taasifame.

[109] Beenyaa Mokonnin, Ogeessa Xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/12 , marii sirreefamtoota Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/12 taasifame.

[110]Kom. Andualam Xilahun I/G/Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/2 saj. Abdurazaaq Yaasiin Ab/Ad/sir/sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12 taasifame.

[111] sister Fedhashii Abdiisaa Psychiatry Nurse Hospitaala Amboo waliin gaafa guyyaa 20/06/12 taasifameen, Komandar Andualam Xilaahuun Itti gaafatamaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06 12 taasifame.

[112]I/Kom. Kamaal Gannaa ogeessa yaalaa Mana Sirreessaa Go/ Harargee Bahaa, 11/07/2012.

[113] Daawwii Mana Sirreessaa Go/Sh/Li keessatti gaafa guyyaa 19/06/12 taasifameen.

[114] obboo Gammachuu Beekumaa, ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/H/Li waliin gaafa 08/07/12, obboo Beenyaa Mokonnin ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/12 taasifame.

[115] obboo Gammachuu Beekumaa, ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/H/Li waliin gaafa 08/07/12, obboo Beenyaa Mokonnin ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/12 taasifame.

V. Qorannoo Fayyummaa Sammuu Gaggeessuu

Qorannoo fayyummaa sammuu gaggeessuun dhimma walxaxaa, yeroo dheera kan fudhatuufi nama dhukkubsataa jedhame ciibsanii kallattii adda addaan hordofuu kan barbaadu dha. Hojiin kun akka biyyaatti xiyyee fannoo argateera jechuun hin danda'amu. Kunis sadarkaa biyyaattii giddu galeessi qorannoo fayyummaa sammuu gaggeessu tokko qofa (Hoospitaala Espeeshaaliyizdii Amaanu'eel) ta'uufii ogeessi qorannoo fooreensiikii gaggeessus nama tokko qofa ta'uun isaa agarsiistuu guddaa dha.[116] Hanqina humna namaa fi rakkoo hojimaata Hospitaala keessa jiru irraa kan ka'ee namoota fayyaan sammuu akka qoratamu qaamolee haqaa irraa ergaman hundaa yeroo barbaadame keessatti keessuumeessuun hin danda'amne. Kanaaf, qorannoo fayyummaa sammuu gaggeessuu fi bu'aa isaa argachuun yeroo dheeraa fudhataa jira.[117]MM tokko tokko ajajni kennus ifa ta'uu dhabuun gaggeessaa fi bu'aa qorannoo fayyummaa sammuu irratti dhiibbaa uumuu ogeessoonni hubachuun dand'amee jira. Manneen murtii ajaja qorannoo irrattii gaafii shakkamaan kun dhukkubsataa dha?moo miti? Jedhu qofa gaafatan akka jiraniifi ajajni akkanaa qorannoo irratti dhiibbaa kan qabu ta'uu ibsamee jira.[118] Seenaa dhukkubsataa yakka raawwachuun dura jiruu fi yommuu yakka raawwatu akkasumas sana booda jiru sirnaan argachuu dhabuun bu'aa qorannoo irratti dhiibbaa kan uume ta'uu ogeessonni ibsanii jiru.[119]Walumaagalatti, qorannoo fayyummaa

---

[116] Dr. Heenook Yitbaarak, Daayireektara Meedikalaa Hospitala Ispeeshalayzdii Yaala Sammuu Amanueel waliin gaafa 16/08/12 taasifame.

[117] Dr. Heenook Yitbaarak Daayireektara Meedikalaa Hospitala ispeeshalayzdii yaala sammuu Amanueel waliin gaafa 16/08/12 taasifame.

[118]Dr. Heenook Yitbarak daayireektara meedikaalaa Hospitaala ispeeshalayizdi sammuu yaala Amaanu'eel waliin taasifame, Ragaa Hospitaala ispeeshalayzdii yaala sammuu Amanu'eel xal. Lakk አማ 82/1/236 gaafa 17/04/2010 barreeffame.

[119] Dr. Beezaaye Alamuu(Ispeeshalistii yaala sammuu), Hospital Ispeeshalayizdii Yuunivarsiitii Jimmaatti itti gaafatamtu muummee barnoota Psychiatry, Dr. Heenook Yitbarak daayireektara meedikaalaa Hospitaala ispeeshalayzdii yaala sammuu Amaanu'eel, Aaddee Wuubit Demeke msc Psychiatristy Hospitala ispeeshalayizdi yaala sammuu Amanu'eel waliin taasifame.

sammuu gaggeessuuf humni namaa fi dhaabbileen jiran baay'ee gadi aanaa ta'uun mirga haqa argachuu dhibamtoota sammuu irraatti danqaa guddaa ta'ee jira.

3.2 Hojjiirra Oolma Tarkaanfiwwan Filannoo Dhibamtoota Sammuu

Dhukkubsataa sammuu yakkaan shakkame tokko yaala sammuu argachuufi addatti bahee eegumsi godhamuufii qaba.[120]Gama kanaan, manneen murtii gahee ol'aana qabu. Dhukkubsataan eessa akka turu, eegumsi isaa maal ta'uu akka qabu, tarkaanfiiwwan filannoo fudhatamuu qabakka ajajanii fi to'atan seeraan aangeffamanii jiru.[121]Haa ta'u malee qabatamaatti, tumaalee kana raawwachiisuun rakkisa akka ta'e ogeessonni ni kaasu.[122] Akka rakkoottis dhabbanni dhukkubsattoota sammuu kana simatee akka yaalaman taasisu dhabamuu akkasumas gamuma mana sirreesattinis iddoon addaa dhukkubsattootni sammuu kun itti turan adda bahee jiraachuu dhabuun isaa tarkaanfilee filannoo tumaa seeraa irratti teechifaman raawwachisuun rakkisaa akka ta'e dubbatu.[123] Gama biraatiin immoo dhaabbileen fayyaa jiranis dhukkubsattoota sammuu qaamoolee haqaa irraa simatanii tursiisanii yaaluuf humna namaa fi lecaalloo gahaa akka hin qabane ibsu.[124] Akka fakkeenyaatti, dhaabbileen fayyaa ajaja MM dhukubsataan ciisee isin biratti haa yaalamu jedhu fudhachuu akka hin dandeenye ni ibsu.[125]Dhabamuu siree qofa osoo hin taane dhukkubsataa eeguuf humna eegumsaa ramaduu dhabuunis akka jiru

[120]Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, kwt. 129-133.
[121]Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, 6 kwt. 129-133.
[122]Akkuma Miil-jalee lakk.89.
[123] Obbo Abdurahmaan Muhammad, A/Se fi Gaggeessaa Garee Yakkaa MMOG Jimmaa waliin gaafa guyyaa 25/06/12, obbo Angaasaa Tarreessaa A/Se fi Bakka Bu'aa garee yakkaa MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12 taasifame.
[124] Dr. Beezaayee Alamuu, Hospitaala ispeeshalayizdii Yunivarsiitii Jimmaatti Ittigafatamtuu Muummee Barnoota Psychiatry waliin gaafa 26/06/12, sister Fedhashii Abdiisaa psychiatry nurse Hospitaala Amboo waliin gaafa guyyaa 20/06/12 taasifame.
[125]Xalayaa Hoospitaalli Ispeeshalayizdii Yunivarsitii Jimmaa gaafa 04/03/2011 MMA Jimmaaf barreesse.

beekamee jira.[126] Gama kanaan muuxannoo bulchiinsa manneen sirreessaa federalaa yommuu ilaallu, dhaabbatichi waliigaltee Hospitaala Amanu'eel waliin uumeen dhaabbiidhaan humana eegumsaa ramadeefi tajaajila kennaa jiru.

Dhimmi biraa hojiirra oolmaa tarkaanfiiwwan filannoo danqu deeggarsi maatiin dhibamtoota sammuuf taasisan laafaa ta'uu dha.Dhukkubsattootni sammuu wabiin bahani dhimma isaanii alaa akka hordofan yommuu ajajamu maatii hedduun akka fedhii hin qabne ogeessonni ni ibsu.[127] Dhibamaan sammuu mana sirreessaa keessatti baay'ee dhukkubsatee maatiin akka fudhatee wal'aanu MM ajaje maatiin fedhii dhabuun M/si keessatti lubbuun darbe akka jiru ibsameera.[128] Akka waliigalaatti, namoota dhibee sammuu qaban irratti tarkaanfiiwwan filannoo raawwachiisuuf dhaabbileen tarkaanfiii kana hojjiirra oolchan dhabamuun, maatiin dhukkubsattootaa fedhii dhabuu fi iddoo barbaachisaa ta'etti humni eegumsa godhu dhabamuun gufuu ta'ee jira.

3.3 Qindoomina Qaamolee Hirtaa Gidduu Jiru

Gama fayyaa dhukkubsattoota sammuu fooyyeessuutiin qindoominni manneen sirreessaa dhaabbilee fayyaa gidduu jiru fooyya'aa ta'us, hanqinootni akka jiran hirmaatotni qorannoo kaasanii jiru.[129] Dhaabbileen faayyaa giddu galeessa dhibeen fayyaa itti yaalamu hin qaban. Yaallii fi qorichis bilisaan kan kennamu miti.[130]Qindoomina qaamolee haqaa jidduu jiru

[126] Daawwii Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa keessatti taasifameen kan adda bahe.
[127] Obbo Girmaa Jootee, A/Se MMOG Shawaa Kibba Lixaa, obbo Gazzuu Boggaalaa, A/Se MMOG Shawaa Kibba Lixaa waliin gaafa 04/07/12 taasifame.
[128] Obbo Angeessaa, Ogeessa Xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/ Shawaa Kibba Lixaa, marii sirreefamtoota Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa 04/07/12 taasifame.
[129] Komaandar Andualam Xilaahun, Itti gaafatamaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/12, insp. Alamuu Amantee Tolosaa, Dayireektara nageenyaa fi sirreessaa Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12,saj.ol Abdurazaaq Yaasiin daayireektara nagenyaa fi sirreessaa Mana Sirreessaa Go/ jimmaa waliin gaafa 24/06/12 taasifame, obboo Angeessaa ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/ shawaa kibba lixaa, marii sirreefamtoota Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa 04/07/12 taasifame.
[130]Saj/Ol. Kifluu Dafaa QPGo/Har/Bahaattii qorataa poolisii waliin gaafa 11/07/2012

garuu laafa dha.Manni Murtii dhukkubsattoota sammuu gamaM/si erguu malee haala isaan irra jiran hordofuu irratti hanqina qaba.[131]Gama mana hojii AAtiinis dhukkubsattoota sammuu himatanii dhiyeessuu malee haala kamiin furmaata argachuu danda'an dhimma jedhu irratti hojiin waliin hojjatamaa jiru laafa dha.[132] Keessattu, dhimmoota dhibamtoota sammuu irratti furmaata kennuu fi qorannoo sammuu gaggeessuu irratti qaama poolisii fi mana hojii AA gidduu walitti qabachuun ni jira.[133]

Walumagalatti, dhukkubsattoota sammuu ilaalchisee qaamoleen haqaas ta'e, abbootiin hirta kan biroo qindoominaan hojii isaani hojjachuu dhabuu isaanitiin dhukkubsattootni haqa isaaniif malu osoo hin argatin waggoottan dheeraa manneen sirreessaa keessatti dabarsuuf dirqamaa jiru. Rakkoolee kanaaf ka'umsi rakkoo dhaqqabamummaa dhabbilee yaala sammuu, hanqina loojistiikii fi baajataa akka ta'e ogeessoonni hedduun qaamoolee haqaa keessatti jiran ni kaasu.

3.4 Bulchiinsa Haqa Yakkaa Keessatti Raawwii Eegumsa Mirga Haqa Argachuu Namoota Dhagahuu/Dubbachuu Hin Dandeenye

Namootni dhagauu/dubbaachuu hin dandeenye darbee darbee qaamolee haqaa biratti akka dhiyaatan ogeessonni ni dubbatu.[134]Qaamoleen haqaa namoota

[131] Komaandar Andualam Xilaahun Itti gaafatamaa Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/12, insp. Alamuu Amantee Tolosaa Dayireektara nageenyaa fi sirreessaa Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12,saj.ol Abdurazaaq Yaasiin daayireektara nagenyaa fi sirreessaa Mana Sirreessaa Go/ jimmaa waliin gaafa 24/06/12 ,obbo Beenyaa Mokonnin ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/12, obboo Angaasaa Tarreessaa A/Se fi bakka bu'aa gaggeessaa garee yakkaa MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12, I/saj. Naasiir Ziyaad B/B hoogganaa Mana Sirreessaa Aanaa Habroo gaafa 09/07/2012 taasifame.

[132] Obbo Maatiwoos Yigazuu, Gaggeessaa KTAS MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12, obboo zinaabizuu Mireessaa AAfi Bakka Bu'aa Abbaa Adeemsa qorannoo yakka adda addaa Mana Hojii AAGo/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12 taasifame.

[133] obboo Girmaa Jootee A/Se MMOG shawaa kibba Lixaa waliin gaafa guyyaa 04/07/12, obboo Lammii Lammeessaa gaggeessaa garee yakkaa Mana Murtii Aanaa wolisoo waliin gaafa 04/07/12 taasifame.

[134] Obbo Angeessaa Daggafaa ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12, i/inspe Abdulaaziiz Jamaal AA/Qo/Yakkaa QPG Harargee Lixaa08/07/12.

kanaan waliigaluu dhabuun iddoon furmaata malee callisanii M/si keessa itti tursiisan ni jira.[135]M/si keessattis ogeessotni namoota kanaan wal-hubachuu danda'an hin jiran.[136]

Gama biraan immoo iddoo qaamoleen haqaa namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye tooftaalee addaa addaatti fayyadamuun wal hubatanii dhimmi isaanii akka furmaata argatu itti taasisan jira.Kunis ogeessota mallattoodhaan waliigaluu danda'an barbaadanii fayyadamuudhaani.Haa ta'u malee, ogeessota afilattoo salphaatti argachuu dhabuu fi yoo ogeessi argame ammoo namoonni kunneen afilattoo waan hin beekneef waliigaluu dhabuun rakkoo guddaa ta'uu ogeessonni qaamolee haqaa ibsanii jiru.[137]Rakkoo kana hiikuuf immoo maatii yookaan namoota dhukkubsataa beekan barbaadanii gargaaramuun ni jira.[138] Haa ta'u malee, maatiin gargaarsa gochuudhaaf fedhii dhabuu ykn hiikoo keessatti loogii raawwachuun ni mul'ata.[139]Sababa kanaaf hojiin haqa baasuu sirnaan akka hin gaggeeffamne illee taasiseera yaadni jedhu ka'eera. Fakkeenyaaf, sadarkaa qorannoo yakkaa irratti jecha shakkamaa otoo hin fuudhin himannii banamaa akka jiru ogeessonni ibsanii jiru.[140]

[135] Obbo Fiqruu Abbabaa AAMana Hojii AAGo/ H/B12/07/2012,Obbo Beenyaa Mokonnin ogeessa xiin-samuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa guyyaa 19/06/2012 taasifame

[136]Obbo Beenyaa Mokonnin ogeessa xiin-samuu Mana Sirreessaa Go/Sh/Li waliin gaafa 19/06/2012 saj. Abdurazaaq Yaasiin Ab/Ad/sir/sirreefamtootaa Mana Sirreessaa Go/ Jimmaa waliin gaafa 24/06/12, obboo Angeessaa Daggafaa ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa guyyaa 03/07/12 taasifame.

[137] obbo Maatiwoos Yigazuu Gaggeessaa KTAS MMOG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12, Obbo Zinnaabizuu Mireessaa B/B Ab/Ad/Qor/yakkaa adda addaa fi AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12, Obboo Girmaa Tolchaa AAMHAA Go/Sh/Li waliin gaafa 20/06/12 taasifame, obbo Angeessaa Daggafaa ogeessa xiin-sammuu Mana Sirreessaa Go/Sh/K/Li waliin gaafa 03/07/12.

[138] i/inspe Abdulaaziiz Jamaal AA/Qo/Yakkaa QPG Harargee Lixaa08/07/12.

[139] Obbo Beekaa Dirribii Prizdaantii MMOG H/Li 09/07/2012, obbo Sintaayyoo Sibaatuu A/Se MMOG H/Li 09/07/2012.

[140] Komandar Nuurasaa Akkanaa Ab/Ad/Qor/Yakkaa fi Murtii haqaa kennisiisaa QPG Sh/Li waliin gaafa 19/06/12 taasifame.

Rakkoon inni biraa dhimma namoota dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye yakkaan himatanii ilaaluun wal qabatee jiru manneen murtii shakkamtootni dhagahuu dubbachuu hin dandeenye yammuu himatamanii MM dhiyaatan qorannoo sammuu akka gaggeeffamu ajaja kennuu dhabuun ni mul'ata.[141] Namootni dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenye yakka raawwatanii gara MM yommuu dhiyaatan sababa ogeessaan waliigaluu hin dandeenyeef jecha amantaa fi waakkii kennuu hin dandeenyeef akka waan haaletti fudhatamee ragaan AA qofti dhaga'amee yommuu murtiin balleessummaa kennamu ni jira.[142]

Namni yakkaan himatame kamuu himatni irratti dhiyaate maal akka ta'e barreefamaan ibsa gahaa waliin sirritti akka hubatu taasifamuu akka qabu Heerri biyyoolessaas ta'e, kana Naannoo Oromiyaa ni kaa'u.[143]Akkasumas, namni himatame ragaa ittisa isaa akka dhiyeeffatu yookaan manni murtii ragaa ittisaa isaa dirqisiisee akka waamuuf gochuuf mirga qaba. Hundaa olitti ammoo namni himatame afaan Manni Murtii itti hojjetu kan hin hubanne yoo ta'e hiiktuu afaanii isa gargaartu (turjumaana) baasii mootummaan argachuuf mirga akka qabu heeronni kuneen ibsanii jiru.[144] Egaa asirratti haala namoota dhagahuu/dubbaachuu hin dandeenyeef rogummaa qabuun yoo ilaallee hiikaan afaanii (turjumaanni) namoota afilattoo fayyadaman kan ilaallatu ta'uun isaa ifa gala dha. Inumaayyuu seerota keessatti jechi turjumaana jedhu kun afilattoo kan dabalatu ta'uu isaa ifaan kaa'uu dhabuun mirga qixxummaa yookaan hammatamummaa (social inclusiveness) qaama miidhamtootaa kan hir'ise ta'ee mul'ata. Tajaajilli afilattoo sadarkaa MM qofa otoo hin taanee

[141] Falmii yakkaa AA fi Mahammad Qaasiim Mana Murtii Ol'aanaa Go/Har/Bahaa Lakk.G 40433.

[142] Falmii yakkaa AAfi himatamaa Kaliifa Kadiir Mana Murtii magaala Jimmaa Lakk.G 37647.

[143]Akkuma Miil-jalee lakk.29 kwt.20.

[144] Heera Mootummaa Naannoo Oromiyaa kwt.20.

sadarkaa bulchiinsa haqa yakkaa hundaa jechuunis, to'annoo (arrest), qorannoo, himannaa, falmii fi sirreessaa keessatti namoota kanneeniif dhaqqabamaa ta'uu qaba. As irratti himatamtootni dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye gara qaamolee haqaa dhufan baay'een carraa afilattoo waalta'aa barachuu kan hin argannee fi ogeessota afaan kana danda'an waliin waliigaluu irratti qaawwi guddaan kan jiru ta'uu hubatamee jira. Ka'uumsi kanaa ammoo namoota fedhii addaa qaban kana barbaadanii afaan kana barsiisuu dhabuu irraa kan ka'ee dha. Namni dhagahuu/dubbachuu hin dandeenye hawaasa keessaa nama waliin kan jiraate waan ta'eef namni afaan isaa beeku hin jiru jechuun hin danda'amu. Namni Afaan isaa beeku ammoo adeemsa kenninsa haqaatiif dirqama atoomuu qaba.[145]Wayita afaan hiikus loogii irraa bilisa ta'ee dhugaadhaan hiikuuf dirqama akka qabaatu gochuun barbaachisaa dha.[146]Dataa argame irraa kan hubatamu namoota dhaga'uu/dubbaachuu hin dandeenye mirga haqa argachuu isaanii dhaqqabamaa taasisuu irratti rakkoon kan jiru ta'uu hubatamee jira. Rakkoon kun irra caalaan namoota kanneen afilaattoo barsiisuu dhabuu fi ogeessota afilaattoo fayyadamuu irraa kan maddee dha.

4. Yaadota Guduunfaa fi Furmaataa

4.1 Yaadota Guduunfaa

I. Eegumsa Mirgaa fi Qabiinsa Namoota Dhibee Sammuu Qabanii

a) Adeemsa Qorannoo Yakkaa Keessatti

Namoonni dhibee sammuu qaban yakka raawwachuun shakkamanii qorannoon yommuu irratti gaggeefamu eegumsi mirgaa fi akkaataan qabiinsa

[145]Seera Yakkaa Mootummaa RDFI, kwt.448.
[146]Qajeelfama Sirna Dhaddachaa Manneen Murtii Oromiyaa Lakk. 8/2004 kwt.18.

isaanii hanqina qabaachuu daataa argame irraa hubachuun danda'ameera. Keessumattuu, namoota dhibee sammuu qaban kanneen to'achuu fi jecha shakkamaa irraa fuudhuu keessatti poolisoonni hubannoo gahaa dhabuu yookaan ogeessota hawaasummaa (xiinsammuu) fayyadamuu dhabuun fi namoota kanneen akkuma shakkamtoota biroo ilaaluun qorannoo gaggeessuun bu'aan qorannoo yakkaa haqa qabeessa akka hin taane godhaa jira. Gama biraan, namootni dhibee sammuu qaban yakka yoo raawwatan to'achuu fi to'achuu dhiisuu yoo to'ataman eessaa fi akkamitti turu kan jedhu yaaddoo qorannoo yakkaa keessatti ogeessota mudatu ta'uun hojimaanni wal fakkaatu akka hin jiraanne godhee jira. Iddoon namootni kunneen to'atamanii haalli fayyaa isaanii fi yakka isaan raawwatan itti qoratamu dhabamuun shakkamtoota kanas ta'e, hawaasa bal'aa balaaf saaxiluuf carraa uumee jira.

b) Adeemsa Himata Hundeessuu Keessatti

Manni hojii Abbaa Alangaa dhimmoota shakkamtoota dhibee sammuu qabanii ilaalchisee galmee irratti murtii mirga namoota kanneenii eegsisu akkasumas haqa mirkaneessuu danda'u murteessuu irratti hanqina agarsiisuu daataa argame irraa hubachuun danda'ameera. Keessumattuu, Abbaan Alangaa namni yakka dalaguun shakkame dhibee sammuu akka qabu kan shakke yoo ta'e, himata otoo hin baniin qorannoon sammuu akka gaggeeffamu taasisuu akka danda'u tumaa sdfy kwt.38(c) irraa kan hubatamu ta'ee otoo jiruu dhimmoota shakkamtoota dhibee sammuu qaban hunda gara mana murtii geessuun gidduutti namoonni dhibee sammuu qaban kunneen furmaata akka hin arganne taasisaa jira. Shakkamaan dhibee sammuu akka qabu yoo mirkanaa'e ammoo tarkaanfiiwwan adda addaa barbaachisaa ta'an (diversionary measures) akka fudhatamu gochuuf kan aangeffame[147] ta'us

[147]Labsii Lakk 214/2011, Mana Hojii Abbaa Alangaa Oromiyaa hundeessuu fi aangoo isaa murteessuuf bahe kwt.7(21), Imaammata yakkaa Itoophiyaa bara 2003 bahe, lakk. 3.11(j) fi 3.12.

yeroo ammaa aangoo fi dirqama kana bahaa akka hin jirree hubatamee jira. Abbaan Alangaa aangoo mana sirreessaa to'achuu qabu fayyadamee dhibamtoota sammuu sababa yeroo beellamaatiin mana sirreessaa keessatti irraanfataman yookaan yeroo dheeraa dabarsan fala akka argatan gochuu irratti hanqinni ni mul'ata.

c) Adeemsa Falmiifii Murtii Kennuu Keessatti

Shakkamaan dhibee sammuu qabu yookaan qabaachuu malu guyyaa jalqaba mana murtiitti yommuu dhiyaatu qorannoo sammuu akka gaggeeffamu ajajni kennamaa hin jiru. Sababa kanaaf namoonni dhibee sammuu qaban fayyummaa sammuu otoo hin qabaatiin qorannoon yakkaa akka irratti gaggeeffamu yookaan dhimmi isaanii lafa irra harkifatee ariitiin haqa akka hin argannee godhaa jira. As irratti rakkoon iftoomina dhabuu seeraa ni mul'ata.

Namoonni yakka raawwatan dhibee sammuu akka ittisaatti kaasuu irratti hubannoon hawaasa bira akka jiru yookaan deeggarsi gorsaa fooyya'aan akka jiru daataan argame ni agarsiisa. Inumaayyuu, namoonni baayyeen gaafatamummaa yakkaa irraa miliquuf dhibee sammuu fakkeessanii dhiyeessuun akka jiru hubatamee jira. Himatamtoonni dhugaatii fi qoricha sammuu nama hadoochu fayyadamuun yakkoota raawwataniif miira machii keessan ture jechuun akka ittisaatti kaasuunis ni jira. Manneen murtii irra caalmaan ittisa kana hin galmeessani. Murtii fi ajaja kennan keessattis ilaalcha keessa hin galchani.

Manneen murtii namoota yakkaan himatamanii fi mallattoo dhibee sammuu agarsiisan haalli sammuu isaanii akka qoratamu ajaja kennuu irraatti hanqinoonni akka jiran ni hubatama. Keessumattuu, himatamtoota abukaatoo ittisaatiin hin deeggaramne haala sammuu isaanii akka qoratamu ajajuun yommuu bira darbamu kan jiru ta'uu dhimmoota manneen murtiitti ilaalaman irraa hubachuun danda'amee jira. Tarkaanfiiwwan filannoo dhukkubsattoota

sammuu irratti fudhatamaniin wal-qabatees akka seera keessatti teechifameen raawwatamaa hin jiru. Kanaaf sababa guddaa kan ta'e dhaabbileen seeraa keessatti dhimmicha raawwachisuu danda'an akkaataa barbaadamuun hundaa'uu dhabuu dha. Gama biraatiin immoo manneen murtii haalotuma murtaa'aa keessatti adeemsota barbaachisan hunda deemuu dhabuu. Fknf, dhukkubsataan Hospitaalatti akka yaalamu erga ajajanii booda raawwatamuu hordofuu dhabuun ni mul'ata. Dabalataanis, maatiin dhukkubsattoota deeggarsa barbaachisa gochuuf hayyamamaa ta'uu dhabuun isaanii danqaa uumee jira.

d) Qorannoo Fayyummaa Sammuu Gaggeessuu

Iddoowwan yaala sammuu jiran murtawaa ta'uu irraa kan ka'e dhukkubsattoonni sammuu manneen sirreessaa keessa jiran yeroodhaan yaala barbaachisaa argacha hin jiran. Dhukkubsattoota mana sirreessa keessa mana yaalaatii deddeebiin yaalamaa jiraniin wal-qabatees beellamni isaanii dagatamuun yaalli isaanii addaan citaa akka jiru hubatamee jira. Qorannoo sammuutiin wal-qabatees beellammaan yeroo hedduu mana yaalatti waan deddeebifamaniif dhimmi isaanii fala osoo hin argatiin waggoottan hedduu manneen sirreessaa keessatti dabarsaa jirachuu qorannoo kanaan adda bahee jira.

e) Yeroo turtii qaamolee haqaa keessatti

Dhukkubsattootni sammuu warraa fayyaa qaban irraa akka adda bahanii tursiifamu qaban seeraan tumamus qabatamaan manneen sirreessaa naannoo Oromiyaa keessatti dhukkubsattootni warraa fayyaa qaban waliin tursiifamaa jiru. Kun immoo warra fayyaa qaban irratti sodaa guddaa uumee jira. Qabatamaanis, sirreeffamtoota fayyaa qaban irrattis miidhaa geessa jiraachuun isaa adda bahee jira. Dabalataanis, dhukkubsattoota sammuu irratti fayyaan isaanii sadarkaa barbaadamuun akka hin fooyyoofne gumaachee jira.

II. Eegumsa Mirgaa fi Qabiinsa Namoota Dhibee Dhaga'uu/Dubbachuu Hin Dandeenyee

Namootni dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenye yakka raawwachuun yommuu himataman qaamoleen haqaa namoota kanneen waliin waliigaluuf ogeessota afilattoo fayyadamuuf yaaluun ni jira. Haa ta'u malee, sadarkaa qorannoo yaakkaa fi itti murtaa'ee mana sirreessaa yoo galan ogeessonni namoota kanneen deeggarani fi qaamolee haqaa waliin wal hubachiisan hin jiran. Qaamoleen haqaa firoottan nama dhaga'uu-dubbaachuu hin dandeenyetti bakki itti fayyadaman jira. Bakka firri haala kanaan gargaaru dhabametti namoonni kunneen haqa otoo hin argatiin fala tokko malee to'annoo jala haalli itti turan akka jiru hubatameera.

Namoonni dhaga'uu-dubbachuu hin dandeenye hedduun sababa carraa barachuu hin arganneef afaan mallattoo (afilattoo) waalta'aa hin beekani. Kun ammoo namoonni dhaga'uu dubbaachuu hin dandeenye haqa akka hin arganne godhaa jira. Namootni kunneen yakka yommuu raawwatan haalli sammuu isaanii fayyaa qabaachuu, adeemsa dhaga'a keessatti hirmaachuuf dandeettii kan qaban ta'uu fi murtii keessatti tarkaanfiiwwan fudhatamuu qaban adda baasuuf qorannoon sammuu silaa barbaachisaa ta'e akka gaggeefamu manneen murtii ajaja kennuu irratti hanqina guddaatu jira. Dhaabbileen fayyaa haala sammuu namoota kanneenii qoratanii ragaa qaamolee haqaaf dhiyeessanis dhaqqabamoo miti. Adeemsa falmii keessatti himata irratti dhiyaate sirnaan beeksisuu fi ragaa isaanii akka dhiyeeffatan haala mijeessuu irratti hojimaatni gama mana murtiin jiru laafaa dha. Kun ammoo mirga haqa argachuu; akkasumas, fooyya'anii jireenya idilee isaanii jiraachuu irratti dhiibbaa uumee jira.

III. Qindoomina Qaamolee Hirtaa

Dhukkubsattoota sammuu ilaalchisee qindoominni qaamolee hirtaa jidduu jiru laafaa akka ta'e qorannoo kanaan adda bahee jira. Rakkoo kanaafis akka sababaatti dhimmicha irratti waltajji waliin uumuun itti fufiinsaan hojjachuu dhabuu akka ta'e dha.

4.2 Yaadot Furmaataa

Qorannoo Yakkaa Keessatti

i. Ogeessota Gahoomsuufi Ogeessa Gahaa Ramaduu

Adeemsa qorannoo shakkamtootni dhibee sammuu qaban yakka raawwachuun keessatti hirmaatan eegumsa mirga dhibamtoota sammuu kabachiisuu fi darbees hojii qorannoo haqa qabeessaa taasisuuf hojiin ogeessa gahoomsuu fi kanneen ogummaa barbaachisu qaban ramaduu irratti xiyyeeffannoon hojjetamuu qaba. Gama kanaan, Komishiniin Poolisii Oromiyaa ogeessotni hawaasummaa leenjii gahaa qaban waajjiraalee poolisiitti ramadamanii hojii qorannoo namoota dhibee sammuu qabanii akka gargaaran gochuutu irraa eegama. Haga furmaatni kun raawwatutti qorattootni poolisii akkaataa qabiinsa namoota dhibee sammuu qabanii irratti leenjii hubannoo uumuu akka argatan gochuun barbaachisaa dha.

Rakkoolee qulqullina ragaalee barbaachisoo ta'an dhaabbilee fayyaatiif dhiyeessuun wal-qabatee mul'atan furuuf yaada waliigalaa waa'ee qorannoo dhimma dhukkubsattoota sammuu irratti ogeessota qaamolee haqaatiif leenjiin akka kennamu taasisuun adeemsa qorannoo sammuu keessatti dhaabbilee fayyaaf deeggarsa taasisuu akka danda'an hubannoo isaanii cimsuun barbaachisaa dha. Baajata qorannoo sammuuf barbaachisuun wal-qabatee Komishiniin Poolisii Oromiyaa ragaalee akka namoota dhibee

sammuu qabanii fi yakkatti hirmaatanii adda baasuun mootummaan baajata gahaa akka ramaduuf hojiilee barbaachisaa ta'an hojjachuu qaba.

ii. Giddugala Namoonni Dhibee Sammuu Qaban Turaniifii Itti Yaalaman Hundeessuu

Mootummaan giddu gala namoonni dhibee sammuu qaban itti tursiifaman, qoratamanii fi itti yaalaman hundeessuun baayyee barbaachisaa dha. Hundeeffamnii fi hojiin giddu gala kanaa rakkoowwan yeroo ammaa namoota dhibee sammuu qabaachuun shakkamanii fi yakka keessatti hirmaatan to'achuun, tursiisuun, qorachuu fi yaaluun wal qabatanii mul'atan kan hiiku ta'a. Hanga jiddu galli kun ijaaramutti manneen sirreessaa keessatti iddoo addaa dhukkubsattootni sammuu itti tursiifaman qopheessuun barbaachisa dha. Kunuunsaa fi eegumsa dhukkubsattoota sammuutiin wal-qabatee akkuma namoota biroo koree waliigalaatiin hordofuu osoo hin taane sirreeffamaa keessaa; akkasumas, miseensa poolisii mana sirreessaa keessaa koree addaa waa'ee dhukkubsattoota sammuu hordofu addatti hundeessuun barbaachisaa dha. Haala qabiinsa dhukkubsattoota sammuu irratti koree hundeeffamuuf ogeessotan leenjiin akka kennamuuf taasisuu.

iii. Adeemsa Qorannoo Sammuu Keessatti Rakkoolee Jiran Furuuf Tarkaanfilee Fudhatamuu Qaban

- Rakkoo dhaqqabamummaa dhaabbile fayyaa sammuu yeroo ammaa jiru kana furuuf dhaabbilee ykn qorannoo sammuu sadarkaa isaanii eeggatan akka Naannootti hundeessuun barbaachisaadha. Hospitaalonni kunis dhukkubsattoota sammuu iddoo itti ciibsanii qoratan gahaa akka qabaatan taasisuun rakkoo deddeebii yeroo ammaan tana mul'atu hiriisuun irra jiraata.
- Giddugalli ykn Hospitaalli of danda'e hanga ijaaramutti Hospitaaloota sadarkaa Naannoo Oromiyaatti jiran keessatti giddugala yaala sammuu

humna nama baratee, iddoo yaalaa akkasumas meeshaalee yaalaaf tajaajilan gahaa akka qabaatan taasisuuf Biiroon Eegumsa Fayyaa xiyyeefannoon hojjachuu qaba.

- Rakkoo humna nama baratee jiru akka fooyya'u taasisuuf ogeessoota yaala sammuu baay'inaan akka leenji'an taasisuun barbaachisaa dha. Gama kanaan, Biiroon Eegumsa Fayyaa Naannoo Oromiyaa irratti hojjatuu qaba
- Kuufama yeroo ammaa qaamolee haqaa biratti jiru hiriisuuf Hospitaala ispeeshalayzdii yaala sammuu Amaanu'eel waliin ta'uun yeroo gahaa fudhachuun hojii duulaatiin qorannoon akka gaggeeffamu taasisuun barbaachisaa dha.

iv. Tarkaanfii Abbaa Alangaatiin Fudhataman Keessatti

Manni hojii Abbaa Alangaa bu'uura seeronni yakkaa fi imaammanni yakkaa kaa'uun namoonni dhibee sammuu qaban yakka keessatti yommuu hirmaatan qorannoo yakkaa qajeelchuu, qorachiisuu fi tarkaanfilee biroo himannaan ala jiranii fi fayyaa gartuu kanaa fi hawaasaaf fayyadan hunda akka fudhatamu gochuun gahee isaa bahuu qaba. Darbees namoonni dhibee sammuu qaban haqa yookaan yaala otoo hin argatiin haala mirgi isaanii sarbamuun to'annoo jala yeroo dheeraaf akka hin turre yookaan turan sakatta'uun qaama dhimmi ilaalu waliin ta'uun fala akka argatan gahee isaa bahuu qaba.

v. Adeemsa Falmiifi Murtii Kennuu Akkasumas Raawwachiisuu Keessatti

Manneen murtii adeemsa dhaga'aa dhimma keessatti jecha fayyummaan sammuu shakkamaa yookaan himatamaa kan mamsiisu ta'uu isaa xiyyeeffannoo ilaalanii qorannoon sammuu akka godhamu yookaan yaadni ogeessaa murtii haqa qabeessaa kennuuf oolu akka dhiyaatuuf ajaja kennuu

qabu. Keessumattuu, himatamtoota abukaattoo ittisaa hin qabneef xiyyeeffannoon gochuu qabu. Seerota deemsa falmii dhimma kanaan wal qabatan iftoomina akka qabaatanmaanuwaalii ykn hojimaata walfakkatu diriirsuun barbaachisaa dha .

Manneen murtii yaada yakki miira machii sababa dhugaatii alkoolii yookaan qoricha sammuu nama hadoochu keessatti raawwatame jechuun himatamtootaan yookaan abukaatoo isaaniin dhiyaatu hunda kufaa gochuu osoo hin taane haala himatamaan alkoolii yookaan qoricha sammuu nama hadoochu san itti fudhate; akkasumas, sadarkaa machii isaa (chronic) ta'uu adda baasuun ogeessi yaada akka irratti kennu gochuun murtii fi tarkaanfii haala himatamaa madaalu kennuu qabu. Gama kanaan, hojimaata amma jiru jijjiruu feesisa.

Manni murtii fayyummaa sammuu shakkamtoota mallattoo dhibee sammuu qaban qorachiisuuf ajaja yommuu dabarsu hojimaata galmee cufuun mana galmeetti deebisuu amma jiru fooyyessuun irraa eegama.

Dabalataan ajajoota mirga namoota kanneenii kabachiisuu danda'an hunda sirnaan raawwatamu mirkaneessuun irraa eegama. Keessumattuu, bu'aan qorannoo sammuu hanqina qaamolee ragaa dhiyeessaniitiin akka lafarra hin harkifanne, akkaataan qabiinsa shakkamtoota kanneenii iddoo turmaata isaanii waliin ajaja kennuu fi raawwatiinsa isaa sakatta'uutu irraa eegama.

Manni murtii falmii keessatti mirgi dhaga'amuu namoota dhibee sammuu akka eegamu tarkaanfii qaamoleen haqaa akka poolisii fi Abbaan alangaa fudhatan (shakkamaan waan ittiin shakkame otoo hin beekiin jecha akka kennu gochuu) sirreessuu qaba.

Adeemsa falmii keessattis shakkamaan mirga himannaa itti dhiyaate sirritti hubachuu fi ofirraa ittisuu isaa kabachiisuun irraa eegama. Gama kanaan,

ogeessota afilaattoo beekan yookaan namoota dhibamtoota sammuu kana hubatan dhiyeessisee shakkamaan himata irratti dhiyaate sirnaan akka hubatu fi ragaa ittisaa akka dhiyaatuuf gargaaruu qabu.

Manneen murtii dhibamtoota sammuu gariin gaafatamoo yookaan gaafatamoo hin taane ilaalchisee yommuu murtii kennan haala turtii yookaan qabiinsa akkasumas fayyaa isaanii ilaalchisee qajeelfama kaa'uun irraa eegama. Qajeelfamni kenname kunis raawwatamuu isaa yeroo, yeroon madaaluutu irraa eegama.

vi. Adeemsa Haaromsaa Keessatti Tarkaanfii Fudhatamuu Qabu

Adeemsa haaromsaa keessatti dhukkubsattoota dhibee sammuutiin qabaman akka yaalaman taasisuun akkuma eegametti ta'ee akkaata seeraa yakkaa keessatti teechifameen yeroo adabbii irratti raawwachiisuun rakkisaa ta'etti manni sirreessaa ragaa waa'ee fayyaa dhukkubsataa agarsiisu qindeessuun mana murtii adabbii kenneef dhiyeessuun raawwiin adabbii akka addaan citu taasisuun barbaachisaa dha.

Dhiifama dhukkubsattoota sammuuf kennamu ilaalchisee adeemsa ragaan waa'ee fayyaa sammuu ittiin dhiyaatu akka salphatu taasisuun barbaachisaa dha. Kanaafis ogeessota fayyaa gargaaramuun akkuma jirutti ta'ee hordoffii fi deeggarsa ogeessoota xiinsammuu mana sirreessaatiin taasifameen bu'aa argame bu'uura godhatanii haalli dhiifama itti argatan mijeessuun barbaachisa dha.

vii. ***Eegumsa Mirgaa fi Qabiinsa Namoota Dhaga'uu/Dubbachuu Hin Dandeenyee***

Mootummaan namoota dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenye hawaasa keessa jiran lakkaa'ee galmeessee carraa barnoota (afilattoo) fi yoo danda'ame kan yaalaa akka argatan gochuu irratti hojjechuu qaba. Gama kanaan, Biiroon

Dhimma Hojjetaa fi Hawaasummaa fi Biiroon Barnoota Oromiyaa akkasumas Biiroon Eegumsa Fayyaa Oromiyaa qindoomanii gahee olaanaa taphachuutu irraa eegama.

Qaamoleen haqaa namootni dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenye yakka raawwachuun shakkamanii yommuu to'ataman, qorataman, himatamanii fi falmii irratti dhiyaatu beekanii akka ofirraa ittisan akkasumsa ragaa isaan gargaaru dhiyeeffachuu akka danda'an gargaarsa gochuu qabu.Gama kanaan, rakkoo waliigaltee qaamolee haqaa fi namoota dhaga'uu/dubbachuu hin dandeenye (kanneen afilattoo hin beekne) yeroo ammaa jiru hir'isuuf maatii yookaan namoota nama kana waliin waliigalanii beekan barbaaduun dirqama haqa baasuu keessatti gargaarsa akka kennan gochuu irratti qaamoleen haqaa raawwii isaanii fooyyessuu qabu.Gara fuulduraatti qaamoleen haqaa ogeessota afilaattoo sadarkaa bulchiinsa haqa hundarratti namoota dhaga'uu-dubbachuu hin dandeenye gargaaran ramadatanii dhimma itti bahuu qabu.

viii. Rakkoolee Qindoominaa Qaamolee Hirtaa Jidduu Jiru Furuuf

Rakkoolee qindoominaa qaamoolee hirtaa biratti mul'atu furuuf koreen fooyya'iinsa sirna haqaa itti gaafatamummaa fudhachuun koree dhimma dhukkubsattoota sammuu hordofu hundeessuun yeroo, yeroon dhimmicha irratti xiyyeeffannoo barbaachisaan raawwatamuu isaa to'achuun barbaachisaa dha. Dabalataanis, koreen sirna haqaa dhimma dhukkubsattoota sammuu ilaalchisee hubannoo wal-fakkaataan qaamolee hirtaa biratti akka uumamu hojjachuu qaba.

Qorannoowwan ILQSO'dhaan bara 2001-2012 Gaggeeffaman

Lak.	Mata-Duree Qorannoo	Bara hojj-etame
1	The Impacts of False Testimony on Rendering Justice in Oromia	2001
2	Falmii Lafa Baadiyaa Hiikuu Keessatti Rakkoowwan Qabatamoo Yeroo Ammaa Mul'atan :Seeraa fi Baratama	2001
3	Walitti Dhufeenya Qaamolee Haqaa Oromiyaa	2001
4	Qajeeltoowwaan Bu'uuraa Manneen Murtii Ittiin qa-jeelfaman	2001
5	Bilisummaa Abbaa Seerummaa, Itti Gaafatamummaa fi Iftooma	2001
6	Deemsa Falmii Yakkaa:Sirna Walitti Fufiinsa Dhagaya Dhimmaa Yakkaa	2001
7	Ittigafatamummaa Naamusa Abbootii Seeraa Oromiyaa	2002
8	Rakkoo Raawwanaa Toofitaa Saffisa Adeemsa Falmii Yakkaa (RTD)	2002
9	Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Seeraa Oromiyaa Barbaachisummaa fi Sirna Rawwii Isaa	2002
10	Qo'annoo Madaallii Bu'aa Sagantaa Leenjii Hojiin Du-raa:Marsaa Duraa	2002
11	Imaammata Qo'annoo fi Qorannoo Inistiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qo'annoo Seeraa Oromi-yaa:Babaachisummaa fi Wixinee isaa	2003
12	Sababoota Heddummina Dhimmoota Manneen Murtii Oromiyaa	2003
13	Amantaa Uummatni Sirna Haqa Yakkaa Naannoo Oro-miyaa Irratti Qabu	2003
14	Aangoo fi Gahee Hojii Ofisaroota Seeraa Manneen Murtii Naannoo Oromiyaa	2004
15	Qorannoo Imaammata Leenjii Instiitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromi-yaa:Barbaachisummaa fi Haala Raawwii isaa	2004
16	Madaallii Raawwii Hojii Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaa:Barbaachisummaa fi Sirna Raawwii Isaa	2004

17	Bu'aawwan Sagantaalee Fooyyaa'insaa Manneen Murtii Oromiyaa:Kallatti Si'oomina,Dhaqqabamummaa, fi Bilisummaa fi Itti Gaafatamummaa yoo Madaalamu	2004
18	Kunuunsa Sirni Haqa Yakkaa Miidhamtoota Yakkaaf Godhuu fi Rakkoowwan Wal-qabatanii Mu'atan	2005
19	Murtii Dhimmaa Maatii Keessatti Eegumsa Dantaa Daa'immanii Isa Olaanaaf Taasifamuu Qabu:Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa	2005
20	Bu'aa fi Miidhaa "Seeraa" Raabaa-Gadaa:Kaallattii Seerotaa fi Heera Mootummaa RDFitiin	2005
21	Juvenile Justice System in Oromia Region	2005
22	Qorannoo Sakatta'a Bu'aa Leenjii Hojiin Duraa fi Leenjii Hojiirraa Yeroo Dheeraa ILOQHQSO(1999-2003)	2005
23	Madaallii Qulqullina Murtii Manneen Murtii Oromiyaa	2005
24	Walitti Dhufeenya Dhaabbilee Sab-Qunnamtii fi Manneen Murtii Federaalaa fi Oromiyaa	2005
25	Bu'aa Qabeessummaa Sirna Qorannoo Yakkaa Abbaan Alangaa fi Poolisiin Waliin Gaggeessan	2005
26	Gahee Mana Murtii fi Maanguddoon Araaraa Rakkoo Baay'achuu Diiggaa Gaa'ilaa Hir'isu Keessatti Qaban	2005
27	Sakaatta'a Garagahiinsa Maammiltootni Tajaajila Leenjii fi Qorannoo Iniistitiyuutii Leenjii Ogeessota Qaamolee Haqaa fi Qorannoo Seeraa Oromiyaa Kennamu Irratti Qaban	2006
28	Gahumsa Hojii Haaromsa Sirreeffamoota Manneen Amala Sirreessaa Oromiya	2006
29	Faayidaa Dhimmaa Yakkaa Mala Aadaan Xumuruu fi Daangaa Raawwii Isaa	2006
30	Rakkoolee Hojiirraa Oolmaa fi Sadarkaa Bu'aawwan Qorannoo ILOQHQSOn Gaaggeeffaman	2006
31	Balaa Tiraafika Hir'isuun Walqabatee Rakkoolee Qaamolee Haqaa Biratti Mul'atan	2006
32	Yakka Dirqisiisanii Gudeeduu:Rakkoowwan Qorannoo Irratti Hanga Murtii Kennisiisutti Mul'atan	2006
33	Rakkoowwan Qabiyyee Lafa Baadiyyaa Faayidaa Uummataatiif Gad-Lakkisiisuun Wal-qabatanii jiran	2007

34	Hariiroo Hojii fi Sirna Hiikkaa Waldhabbii Falmii Hojii Keessatti Rakkoolee Mul'atan	2007
35	Rakkoowwaan Adeemsa Seera Wixineessuu Keesatti Mul'atan	2007
36	Tajaajila Poolisii Hawaasaa:Maalummaa, Faayidaa fi Hojiirraa Oolmaa Keessatti Rakkoowwan Mul'atan	2007
37	Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa Keessatti Mirgaa fi Dantaa Ummataa, Mootummaa fi Namoota Dhuunfaa Kabachiisuu Aangoo Biiroo Haqaa Oromiyaa fi Raawwii	2007
38	Sadarkaa Eegumsi Mirgaa Shamattoota Irra Jiru	2008
39	Sakatta'iinsa Dhiibbaa Naannoo Gaggeessuu:Seeraa fi Hoj-maata	2008
40	Qorannoo Sakkatta'a Bu'aa Leenjii fi Qorannoo ILOQH-QSO	2008
41	Daldala Seeraan Alaa To'achuu:Rakkoowwan Seeraa fi Hoj-maata Qaamolee Haqaa Keessatti Mul'atan	2008
42	Naamusa Ogeessota Qaamolee Haqaa:Sakatta'a Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa	2008
43	Kenninsaa fi Barreessa Murtii Manneen Murtii Oromiyaa:Xiinxala Rakkoolee Seeraa fi Hojimaataa	2009
44	Koree Sagantaa Fooyya'insa Sirna Haqaa Oromiyaa:-Seeraa fi Hojimaataa	2009
45	Sakatta'a Bu'a qabeessummaa Hojiiwwan Komishinii Naamusa fi Farra Malaammaltummaa Oromiyaa	2009
46	Rakkoolee Bu'aa Qabeessummaa Manneen Murtii Bulchiinsa fi Aangoo Keessaa Deebii Manneen Murtii Idilee-Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa	2009
47	Adabbii Dhimmoota Yakkaa:Rakkoolee Gurguddoo Hojiirraa Oolma Qajeelfama Adabbii fi Adabbiiwwan Hidhaan Alaa	2009
48	Bu'a-qabeessummaa Tajaajila Abukatoo Ittisa	2010
49	Gahee Abbaan Alangaa Mirga Sakkamaa fi Himatamaa Yakkaa Kabachiisuu Keessatti Qabu:Seeraa fi Raawwii	2010
50	Sanadoota Mirkaneessuu fi Galmeessuu Keessatti Rokkoowwaan Seeraa fi Hojjmaataa Naannoo Oromiyaatti Mul'atan	2010

51	Kenniinsa Korooraa fi Dhiifamaa Sirreeffamtoota Seeraa Naannoo Oromiyaa: Seeraa fi Hojmaata	2010
52	Rakkoolee To'annoo Dambiilee fi Qajeelfamtoota Aangoo Bakka Bu'iinsaan Bahaanii:Haala Qabatamaa Oromiyaa	2010
53	Sakkatta'a Bu'aa Sagantaalee Leenjii fi Qorannoo ILO-QHQSO(2005-2009)	2010
54	Challenges of Taxation Power in Oromia National Regional State:Analysis of Constitution,Law and Practice	2011
55	Dhugummaa Ragaa Kenninsa Tajaajila Haqaa Mirkaneessuu:Seeraa fi Qabatama	2011
56	Bu'a-qabeessummaa Mana Murtii Hawaasummaa Gandaa Mootummaa Naannoo Oromiyaa	2011
57	Hundeeffama Mana Murtii Aadaa Naannoo Oromiyaa	2012
58	Bulchiinsa Haqaa Yakkaa Keessatti Qabiinsa Dhibamtoota Sammuu fi Namoota Dhagahuu fi Dubbachuu Hin Dandeenye	2012
59	Federeeshinii Itoophiyaa Keessatti Qoodinsa Aangoo Bulchiinsa Qabeenya Uumamaa	2012
60	COVID 19 fi kenninsa Tajaagila Haqaa: Haala Qabatamaa Naannoo Oromiyaa	2012

Website: www.ilqso.gov.et
Facebook page: Oromia Justice Sector Professionals Training and Legal Research Institute
Tel: +251 22 110 05 15
Fax: +251 22 111 90 02